# Karoora Hojii DhBBBO Waggaa Kudhanii(2013-2022)

Adooleessa,2012

# Baafata


1. Seensa ........ 1
2. Haala Waligalaa Dhaabbatichaa ........ 1
3. Xiinxalaa raawwii hojii Ijoo (KGT II) ........ 4
4. Investimentii Buzinasii babal`isuu ........ 15
5. Xiinxala haala keessaa fi alaa (Environmental scan) ........ 25
6. Kaayyoo Karoorichaa ........ 38
7. Galma ........ 38
8. Mul`ata Ergamaa fi Duudhaalee ........ 38
9. Toora xiyyeeffannoo (thematic areas) ........ 39
10. Dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan /*Strategice issues*/ ........ 40
11. Kaayyoolee tarsimoo'aa, safartuulee fi hiika safartuulee. ........ 43
12. Mannii fi Tarsiimoo Raawwii ........ 52
13. Karoora hojiilee gurguddoo (2013-2022). ........ 80
14. Karoora Investimentii piroojektii(2013-2022)--------86
15. Karoora Bittaa Gurguddoo(2013-2022)--------87
15. Karoora Kaffaltii Investimentii Sheerii(2013-2022)--------88
16. Karoora Bu'aa Qulqulluu(2013-2022)--------89
17. Karoora Bajataa(2013-2022)--------90

1. Seensa

Oromiyaan haala qilleensa, biyyee fi teessuma lafaa adda addaa (*agro-ecology*) mijataa qabdi. Kana waan ta'eef, akka biyyaatti yammu ilaalamtu qabeenya Bosonaa fi Bineensa Bosonaatiin sadrkaa foyya'aa irratti argamti. Qabeenya kana qabaachuun ishee jijjiirama guddina haawwaas-dinagdee amansiisaa ta'e akka biyyaatti fiduuf carraa gaarii dha.

Haata'u malee, qabeenyi Bosonaa fi Bineensi Bosonaa Naannichaa sababa babalachuu lafa qonnaatiin, fedhiin itti fayyadama bu'aa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa dabalaa deemuutiin qabeenyi kun yeroodhaa gara yerootti xiqqaachaa dhufee jira. Mancaatii Bosonaa irraa kan ka'e, jijjiiramni qilleensaa yeroo ammaa sodaa fi yaaddoo guddaa ta'e jira.

Kanaafuu, Mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoowwan kana hubachuun akka naannootiis ta'e akka biyyaatti adda durummaan xiyyeeffannoo itti kennee dambii lakkoofsa 122/2001 baaseen "Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa" hundeesseera. Dhaabbatichis imaammataa fi tarsiimoowwaan jijjiirama motummaan baaseetti fayyadamuun hojii Bosonaa fi Bineensa Bosonaa naannichaa eeguu, misoomsuu fi haala itti fufiinsa qabuun faayidaa irra olchuu aangoo kennameefiin hojjechaa turreera.

Haata`u malee Dhaabbatichi waggoottan shanan darban keessatti galma kaawwate hanga barbaadame akka hin milkoofne gamaaggamni raawwii karoora Guddinaaf Traansfoormeeshin Lammaaffaa irraa hubatameera.

Haaluma kanaan hojii misooma, eegumsaa fi itti fayyadama Bosonaa fi Bineensa Bosonaa, omishaa fi omishtummaa induustri Bosonaa dabaluun bu'aa Dhaabbatichaa guddisuuf xiyyeeffanoo olaanadhaan hojachuuf Karoorri misooma wagga kudhani (2013-2022) karoorfamee jira.

2. Haala Waligalaa Dhaabbatichaa

**Aangoo fi Gahee Hojii Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa**

Akaataa Dambii lakkoofsa 122/2001 Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa hundeessuuf baheen keewwata 7, keewwata xiqqaa 1 hanga 17 irratti haala ibsameen aangoo fi hojiin Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa akka armaan gaditti tarreeffameera.

1) Akkaataa seerota jiraniin qabeenya Bosonaa fi Bineensa Bosonaa lafa kennameef keessa jiru eeguu fi misoomsuu
2) Fedhii bu'aa Bosonaa guddachaa adeemu guutuuf dhiyeessa bu'aa Bosonaa kan akka gudeelchaa, utubaa, tajaajila adda addaatiif oolu, muka ijaarsaa, qoraanii fi k.k.f haala amansiisaa ta'een mirkaneessuu.
3) Industrii Bosonaa baball'isuudhaan bu'aa Bosonaa irraa omisha gatii dabalataa qaban kan akka xaawulaa, meeshalee manaa fi waajjiraa, meeshalee ijaarsaa, muka affeeelamaa, Veenirii, Paartikil Boordii, Chippudii, Paalpii fi waraqaa, Komporsaatoo, Birikeetii fi ommishaalee bu'aa mukaa kan biroo omishuun gabaa biyya keessaa fi alaatti dhiyeessuu

4) Tajaajilaa fi omisha bu'aa Bosonaa kan muka hin taane kan akka hawwata tuurizimii, buna Bosonaa, Damma, urgooftuu, bishaan saamsuu fi kkf omishuuf qindeessuudhaan gabaa biyya keessaa fi alaaf dhiyeessuu
5) Karoora bulchiinsa Bosonaa fi bakka eegumsa Bineensa Bosonaa sirrii ta'e ni qopheessa, karoora bulchiinsa Bosonaa qophaa'e keessattis Bosona eegamaa fi omisha sirnaan akka qoodamu ni taasisa, yoo mirkana'es hojii irra ni oolcha.
6) Qotee bultoonni naannoo Bosonaa jiraatan Bosona mataa isaanii akka misoomsan deeggarsa tekinikaa ni kenna
7) Bosonni uummataa haala ammayyaa'atiin akka misoomu fi haala itti fufiinsa qabuun faayida irra akka oolu akasumaas uummatni ommisha bu'aa Bosonaatiif odeeffannoo gabaa akka argatu deeggarsa barbaachisaa ni kenna.
8) Qabeenya Bineensa Bosonaa lafa kennameef keessa jiran haala itti fuffiinsa qabuun ni kunuunsa, galii qabeenya Bineensa Bosonaa irraa argatu akka guddatu ni taasisa
9) Qajeelfama boordiin Dhaabbatichaa baasu irratti hundaa'udhaan haayyama adamoo lammii biyya keessatiif ni kenna, ni too'ata.
10) Qooda galii gurgurtaa omishaa bu'aa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa irraa argamu guddinna hawaasummaa fi diinagdee jiraattota naannoo Bosonaa fi bakka eegumsa bineensota Bosonaatiif akka oolu ni taasisa.
11) Akaataa Dambii hundeeffama Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa(Dambii lakk. 122/2001) keewwata 21 jalatti ibsameen Fandii Bosonaa ni bulcha; kaayyowwan adda addaatiifis ni oolcha.
12) Kaayyoo isaa galmaan gahuuf qajeelfama adda addaa ni baasa, hojii irra ni oolcha
13) Gurgurtaa bu'aa Bosonaa bu'a qabeessa taasisuuf qorannoo gabaa biyya keessaa fi alaa giddu galeessummaan ni gaggeessa
14) Bulchiinsa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa hammayyeessuuf kan gargaaran qorannoo adda addaa ni gaggeessa, tekinoloojiiwwan haaraa galchudhaan ni madaksa
15) Sagantaalee onnachiiftuu bu'aa irratti hundaa'e akaataa hoji-gaggeessitootaa fi hojjattootaaf ittiin kennamu ni qorata yoo mirkanaa'u hojii irra ni oolcha
16) Qabeenya ni horata, maqaa isaatiin waligaltee ni raawwata, ni himataa ni himatama
17) Kaayyoo isaa galmaan gahuuf hojiwwan barbaachisaa ta'an hunda ni hojjata.

Kaayyoon hundeeffama Dhaabbatichaa qabeenya Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Naannichatti argamu ummata hirmaachisuun badii irraa baraaruu, misoomsuu, kunuunsuu fi haala itti fufiinsa qabuu fi hammayya'een fayyadamee galii argamuun guddinna Hawaas-diinagde Naannoo fi Biyyaa keessatti shoora isaa akka bahu taasisu dha.

Dhaabbatni Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa qabeenya Bosona namaan misoome kappitaala qarshii 1,495,422,000 tti tilmamamu bara 2001 kan hundeeffame yoo ta'u, Bosona waggoottan darban misoomee fi dabalata guddina Bosonaa (Plantation Forest net increament) tiin argameen hanga dhuma bara 2010 gara Qr. 5,163,791,267 tti guddateera. Akka waliigalatti

Dhaabbatichi hanga bara 2010tti Kaappitaala odiiteera alaan mirkanaaye Qr. 5,486,319,760 akka qabu agarsiisa

Dhaabbatni Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa, Dameelee sagal (Damee Induustirii Bosonaa Shagar, Damelee Bosonaa fi Bineensa Bosona Arsii, Finfinnee, ,Jimmaa,Wallaggaa, I/A/Booraa, Booranaa Gujii, Harargee, Baalee), Paarkoota biyyooleessaa sadii (Dhaatii Walal, Gaarrewwan Arsii fi Booranaa) fi giddu galessa Sanyii Mukaa tokko qaba.  Dameelee lafa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa qaban saddeet jalatti (Damee Shaggariin ala) walii gala Distiriiktota 38 of jalatti qabatee hojii isaa gaggeessaa jira

Dhaabbatichi yeroo hundaa'u Bosona uumamaa hektaara 1,209,955.8, Bosona namaan misoome hektaara 74,215.52  fi kan biroo hektaara 468,318 waliigala hektaaraa 1,752,489.32 akka bulchu kan itti kenname yoo ta'u, hojii daangeessuu Bosonaa hundeeffama isaatiin as gaggeeffameen lafti Bosonaa fi Bineensa Bosonaa dabalee lafti Dhaabbatichi yeroo ammaa bulchu Bosona Uummamaa heektaara 2,539,978, Bosona namaan misoome heektaara 65,558 lafa Bineensa Bosonaa heektaara 1,007,354 walii gala heektaara 3,612,890 tti guddateera.

Qabeenya Bineensa Bosonaa lafa konseeshinii keessatti argamus ta'e kan lafa konseshiinii alatti argamanis Dhaabbatichi akka misoomsu, kunuunsu fi bifa itti fufiinsa qabuun fayidaa irra akka oolchu, akasumaas akka bulchu itti kennameera.

Omisha Xaawulaa qopheessuuf warshaalee muka baqaqsu 32, warshaalee meshaalee manaa fi biiroo omishan 5, Warshaa Komporsaatoo 1, fi Warshaa Zayitii Baargamoo omishu 1 qaba. Haata`u malee warshaalee Dhaabbatichi qabu kana keessa haala garrin kan hojii hojjechuu danda`an warshaalee 24 yoo ta`uu warshaaleen lama ammo fooyyessuudha omishitummaa isaan dabaluun ni danda`ama.

Qabeenya humna namaa ilaalchisee:- hojjetoota dhaabbii  3,746(dhiira 3,303 fi dhalaa 443) fi hojjetoota kontiraataa 470 (dhiira 460 fi dhalaa 10) walumaagalatti humna namaa 4,216 (dhiira 3,763 fi dhalaa 453) qaba. Hojjattotni kun waajjira ol'aanaa irraa kaasee caasaalee Dhaabbaticha jalatti argaman keessatti ramadamanii hojjechaa jiru. Dabalataanis Dhaabbattichi hojii hojjatu keessatti hojjattoota yeroo 47,301 wagga waggaan giddu galeessaan qaxaree hojii irratti hirmaachisaa jira.

3. Xiinxalaa raawwii hojii Ijoo (KGT II)

Tooraa xiyyeeffannoo hojiif filataman milkeessuuf kaayyolee tarsiimo'aa qabaachuun baayy`ee murteessaa dha. Sababni isaa kaayyoo tarsima`aan utubaa tarsiimoon hojii irratti ijaaramuu fi hojiiwwan bara karoorichaatti hojjetamaniif ka'umsa waan ta`eefidha.

Haaluma kanaan DHBBBO milka`ina toora xiyyeeffannoo afur yeroo qophii BSC filatamaniif kan gargaaran kaayyolee tarsima`aa 23 qopheeffatee bara (2008-2012)tti hojii isaa raawwacha turee bu'aan raawwii isaa haala armaan gaditiin xiinxaalameera.

3.1.**Bu'aa Guddisuu**

Dhaabbanni bara KGT 2[ffaa] kanatti bu'aa qulqulluu **Qr. 433,404,198** buufachuuf karoorfatee **Qr. 60,896,436 (14%)** raawwate jira. Raawwiin kun sadarkaa kanaan gadi bu'uu kan danda'eef Dhaabbanni hojii idilee isaa humna guutuun hojjeechuuf jeequmsa akka Naannoo fi biyyaatti tureen fi keessumattu bara 2009 Warshaalee fi qabeenya Dhaabbatichaa irratti miidhaa ga'een Qr.miliiyoona **293** ol ta'u waan manca'eef.

Karoora waggaa shanii keessatti Dhaabbanni bu'aa qulqullu caalma kan argate raawwii bara 2008 **(Qr. 44,882,398)** irratti yoo ta'u kisaraa (negative) guddaa keessaa kan gale immoo raawwii hojii bara 2009 **(Qr. -64,087,289)** dha.

Dhiibbaa mancaatiin qabeenya bara 2009 irra qaqabeen bu'aan qulqulluu dhabbataa bara 2010 illee akka gadii bu'u **(Qr. 4,904,937.75)** taasise jira. Bu'aan qulqulluun bara 2011 odiitara alaatiin kan hin mirkanofne ta'u isaa ti. Akkaataa tilmamaa bu'aa qulqulluu bara 2012 taasifameen bu'aa qulqulluun bara kanaa Qr. **40,613,652.60** timaamameera.

3.2.**Galii Guddisuu**

Dhaabbatichi kaayyoo tarsiimo'aa galii guddisuun **Qr. 2,941,367,020.00** argachuuf karoorfatee keessaa akka Karoora KGTtti fi **Qr. 2,192,156,519.00 (%75)** raawwatame jira.Akka karoora ida'ama waggaa waggaatiin ammo **Qr. 2,880,266,291** karoorfatee **%76** raawwachuu danda'eera. Bu'aan kaayyoo tarsiimo'aa kanaan galmaa'ee ulfaatina keennameen bifa karooraa lamaanuun sadarkaa madaallii raawwii **(%60)** giddu galeessaatiin raawwatamuu danda'eera.

**Gabatee 1:** Madda galiin irraa argame

| Lak. | Mata duree Galii | Karoora | Raawwii | % |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Omisha Muka bosonaa | 1,230,690,879 | 1,020,398,760 | 83 |
| 2 | Omisha bu'uu bosona muka hin taanee | 78,822,039 | 77,749,355.00 | 99 |
| 3 | Industirii Bosonaa | 1,297,477,385 | 883,080,162.00 | 68 |
| 4 | Bineensa bosonaa | 91,708,893 | 79,291,445.00 | 83 |
| 5 | Kiraa | 35,858,915 | 26,217,887.00 | 73 |
| 6 | Divideendii | 73,260,427 | 54,192,471.00 | 74 |
| 7 | Adda adda | 78,448,335 | 54,226,439.00 | 69 |

3.3.**Bulchiinsa baajataa fi qabiinsa herreegaa fooyyessuu**

Kaayyoon tarsimaa'aa kun safartuulee baajata hojii irra oole (ija qusannaatiin),baasii madalawwaan Xaawulaa omishuu, biqiltuu dhaabuu, kununsa bosonaa fi baasii bulchiinsa fi deeggarsaa xiqqeessun madaalamee akka KGT 2$^{ffaa}$ tti sadarkaa raawwii gad'aanaa (%62) galmeessisuun kaayyoo raawwatame dha.Raawwiin kun tokkoon tokkoo safartuulen yoo ilaalamu

- Bara dhuma KGT 2$^{ffaa}$ Xaawulaa $m^3$ tokko **Qr.2,295'n** omishuuf karoorfamee **Qr.4,494.00 (%196**) baasii karooraa olitiin rawwatameera. Raawwiin kun karoora waggaa waggaan karoorfamaa ture irraa yoo ilaalamu **%102** raawwatameera. Kuniis baasii omisha xaawulaa madaalawaa gochuuf karoorfamuus sababoota haala keessaa fi alaan haala karooraan raawwachuun akka hin danda'amne ragaan kun waan mul'isuuf gara fuula duraatti rakkoon isaa qoratame ciminaan irratti hojjeechuu kan gaafatu dha.
- Baasii Bulchiinsaa fi Deeggarsaa **%35** gadi xiqqeessuuf karoorfamee **%42 (%120)** karooraa ol baasuun raawwatameera.
- Biqiltuu heektaara tokko **Qr.5,087'n** dhaabuuf karoorfamee **Qr. 5,361 (%105)** tiin raawwatameera. Raawwiin kun karoora waggaa waggaan Qr.5,361 (%92) raawwachuuf karoorfame ture irraa yoo ilaalamu **%92'n** raawwatameera.
- Kunuunsa bosonaa heektaara tokko **Qr. 964'n** rawwachuuf karoorfamee **Qr. 757 (%76)** baasuun qusannaa raawwatameera.Raawwiin kun karoora waggaa waggaan karoorfamaa ture irraa yoo ilaalamu **%78** raawwatameera.

### 3.4. Itti Fayyadama Qabeenyaa Fooyyeessuu

Kaayyoo Tarsiimo’aa itti fayyadama qabeenyaa foyyessuun safartuuwwan yeroo hojii warshaa fi maashiinarootaa dabaluu, qisaasama qabeeyaa fooyyessuu fi to’annoo fi hordoffii cimsuutiin fiixaan baasuuf karoorfamee hojjetamaa tureera. Safartuulee kaayyoo kana safaruuf kaawwame kun itti fayyadama warshaalee fi mashinaroota Dhaabbatichaa humna guutuun hojjeechuu danda’u fi dhabuu isaanii ragaa qulqullina qabu argachuu waan hin dandeenyeef ragaa dhiyaateen madaaluuf dirqamne jira.

Dabalataanis Inventarii qabeenyaa gaggeessuu, Supha meeshaalee, Konkolaataa fi Maashinarootaa gageessuu, meeshaalee faayidaan ala ta’an maqsuu fi qabeenya qisaasame deebsiisuun hojiilee safartuu kaaayyoo tarsimaa’aa kana jalatti hojjetamaa turaniidha. Madaallii gaggeeffameen karoora waggaa waggaa irraa raawwiin qabxiin madaallii sadarkaa gadi aanaa (%64) irratti kan argamu yoo ta’u, KGT 2$^{ffaa}$ irras haaluma wal-fakkaatuun sadarkaa gadi aanaa (%57) irratti kan argamu ta’u isaa hubatameera.

Raawwii Kaayyoo Tarsiima’aa kanaaf safartuuleen gumaacha taasisan keessaa;

- Yeroo hojii tokkoon tokkoo warshaalee muka baqaqsanii giddu galeessaan sa’aatii **1,600** tti guddisuuf karoorfamee sa’atii **866 (%54)** akksumas karoora waggaa waggaa irraa **(%58)** raawwatameera.
- Tajaajila konkolaataa fe’umsaa fi Tiraaktaraa akka KGT ti **M$^3$ 553,948** fe’uuf karoorfamee **M$^3$ 251,629 (%45)** qofa raawwachuun hubatameera.Karoora waggaa waggaa irraa amoo **(%58)** raawwachuun danda’ameera.

**Hojii odiitii keessan hojjataman**

Maaallaqa calla bara 2008 irraa eegalee hanga ammaatti qarshii **1,030,648 (%75)** bakka adda addatii hir`inaan argameera akka deebi`uu ta`ee jira..

**Bu’aa Odiitii argame**

- Maallaqa xiinxala odiitii keessaatiin argame deebii ta’aa jiraachuu isaa
- Qabeenya hir’inaan argame gara maallaqaatti jijjiramee deebi’aa jiraachuu isaa
- Maallaqa Dameelee tokko tokko irratti deebisuu irratti rakkoo jiruuf tarkaanfiin akka fudhatamu hodofamaa jiraachuu isaa

**Qabeenyaa Qisaasama debisiisuu ilaalichise**

- Qabeenya qisaasame qarshii kaazinaa Mootummaatti deebi'ee qarshiin **2,051,005 (%95)** galii ta'eera.
- Hojjettoota hanqina naamusaa cimaa qabanii fi qabeenya Dhaabbatichaa mancaasisan namoota 141 (dhibba tokkoo fi afurtami tokko) irratti tarkaanfiin naamusaa fudhatameera.

3.5.**Amantaa uummataa Dhaabbata irratti qabu guddisuu**

Amantaa uummanni Dhaabbaticha irratti qabu bara ka'uumsaa KGT 2ffaa 2007 %74 irra ture bara 2012 tti % 90 irran gahuudhaaf kaaroorfame %84 irraan ga'uun raawwii sadarkaa madaallii olaanaan raawwatamee jira.

3.6.**Itti quufinsa maamilaa Dabaluu**

Itti quufinsa maamilaa bara baajataa 2008 %85 ture irraa gara % 95 tti guddisuuf karoorfamee kan hojjatamaa ture yommuu ta'u, xiinxalaa bu'aa madaallii waggaa shanii fi GKT 2ffaa irra % 89 irra gahe jira. Qabxii madaallii waggaa shanii fi KGT 2ffaa irra daran ol'aanaa (100%) irra kan jiru ta'u isaa gamaaggama gaggeeffame irra hubachuun danda'amera.

3.7.**Maamila dabaluu**

Maamila haaraa horachuu karoora waggaa shanii keessatti maamila haaraa horachuu namoonni 197 karoorfatamani namoonni 209 (106%) haaraan horatamani jiru.

Maamila jiran tursisuu karoora waggaa shanii keessatti namoonni 309 karoorfamani namoonni 308 (134%) kan turan yoo ta'u karoora KGT 2ffaa irraa immoo % 70 raawwatame jira.

Akka walii galattii qabxii madaallii hojii kana yeroo ilaalu waggaa shaii sadarkaa giduu galeessa (70%) irratti kan argamuu yoo ta'u karoora KGT 2ffaa irra immoo baayyee gad aanaa (40%) irratti argamu.

3.8.**Gahee gabaa Omishaa Bu`aa bosonaa Dabaluu**

Kaayyoon Tarsiimo'aan Gahee Omishni bu'aa bosona gabaa biyyattii keessatti qabu safartuulee; Gahee gurgurtaa Omisha Industirii bosonaa fi Gurgurtaa Omisha bu'aa Bosonaa (unprocessed) dabaleen safarame %93 sadarkaa madaalli daraan ol'aanaan raawwatameera.

Tokkoon tokkoon safartuleen yeroo ilaalamu omisha xaawulaa toonii **75,714** dhiheessuf karoorfame toonii **65,615.930 (%87)** raawwachuun kan danda'ame yommu ta'u omisha

bosonaa haftee xaawulaa dabalatee **$M^3$ 1,487,446** karoorfamee **$M^3$ 1,352,872.762 (%91)** raawwatameera.

### 3.9.**Misooma Bosonaa Fooyyesuu**

Kaayyoon tarsiimo'aan kun  safartuulee Dhaabbii biqiltuu Daangaa Dhaabbatichaa fi alaatti dhaabbatuu fi Qorannoo misooma bosonaa hammayyeessuuf taasifamuun kan safaramuu yoo ta'u,  Karoora KGT 2[ffaa] tti daangaa Dhaabbata keessaa biqiltuun heektaara **12,808.63**  dhaabuuf karoorfame heektaarri **9,554.61 (%75)** kan raawwatame yammu ta'u Daangaa Dhaabbataan  ala immoo biqiltuun heektaarri **10,508** dhaabuuf karoorfame heektaarri  **11,713.32(%111**) raawwatame jira.

Akka karoora waggaa waggaatti daangaa konseshinii dhaabbata keessa biqiltuu dhaabuun heektaara **11,508** karoorfame heektaarri **9,554.61 (%83)** kan raawwatame yoo ta'u, daangaa dhaabbataan alatti immoo heektaara **11,822** karoorfame heek. **11,713.32 (%99)** raawwatame jira.

Qorannoo misooma bosonaa hammayyeessuuf akka KGT tti dokumeentii 4(afur) akka karoora waggaa waggatti immoo dokumeentii 3 (sadii) qorachuuf karoorfamee walduraa duubaan %25 fi %33 qofti raawwatameera.

- **Sanyii qopheessu**

Sanyii mukaa gosa adda addaa biqiltuu ittiin qopheessuuf sagantaa idilee, gurgurtaaf akkasumas hojii misooma sululaa naannoo bosonaa fi lafa jireenya bineensa bosona deeggaruuf karoorfamee jiru raawwatamaa tureera.
Haaluma kanaan sanyii mukaa gosa adda addaa waggootan shanaan darban raawwachuuf karoorfate keessaa

  - Sagantaa idileef kg **12,301(%96)**
  - Sagantaa deeggarsa misooma sululaatiif immoo kg **26,843(%85)** fi gurgurtaa kg **99,682(%109)** waliigala kg **138,825.83 (%102)** dhiyeessudhaan akka hojiirra oolu taasifameera.

- **Biqiltuu qopheessuu**

  Biqiltuu mukaa gosa adda addaa Dhabbatichaa keessatti bifa adda addaatiin dhaabuu fi daangaadhaan ala immoo lafa qonnaan bula adda duree (forest out growers) fi kan biro irra

dhaabbatu akka waliigalaatti KGT 2ffaa keessa karoorfate lakkofsaan **87,924,908** keessaa lakkofsaan **80,977,647 (%92**) qopha`eera jira.

**Aramuu fi shoogaruu**

Hojii misooma bosona bara baran gaggeeffaman haala sayinsawaatiin kunuunfamuu waan qabaniif hojii aramuu fi shoogaruu bara KGT 2ffaa keessaa heektaara **14,523 (%83)** irratti gaggeeffameera.

**Carabuu**

Misoomni bosonaa qulqullina akka godhatu hojii hojjatamu qaban keessa inni tokko hojii carabuu yoo ta`u KGT 2ffatti karoorrii hek **21,047** qabamee hektaarrii **17,640 (%84)** raawwatame jira

Waliigalatti KGT 2ffaatti biqiltuun heektaarri **23,317** dhaabuuf karoorfame heektaarri **21,267.93 (%91)** raawwatameera.Kaayyoon tarsiimo'aan kun safartuule sadanuun yeroo ilaalamu KGT 2ffaa irra sadarkaa gad aanaa **(%63)** irratti kan argamuu yoo ta'u , karoora waggaa waggaa tiin immoo sadarkaa gidduu galeessaa **(%78)** irratti argama.

Chaartii: Adeemsa Dhaabbii biqiltuu bara 2008-2012 hektaaraan




Daangaa dhaabbataa keessa biqiltuu dhaabuun bara 2008-2011ti waggaa waggaan akka gidduu galeessatti waggatti **%20** hirrachaa dhufuu isaa chaartii armaan olii kan irraa hubachuun danda'amera. Kuniis kan ta`uu danda`eef sababa lafa dhaabbii haaraa danga keessatti argachuu

dhabuu fi lafa irraa omishuuf karoorrifamees sababa jeequmsa Naannootiin irraa omishuu waan hin dandeenyeef . Daangaa Dhaabbataan ala biqiltuu dhaabuun immoo bara 2008-2009tti **%37** kan dabalee yoo ta'u, bara 2010 irra eegalee hanga 2012tti garu akka gidduu galeessatti **%10** waggatti hir'acha dhufee jira.

### 3.10. **Eegumsa Bosonaa Fooyyeessuu**

Kaayyoo tarsimaa'aa kana milkeessuu keessatti safartuuleen Bosona daangessuu, Keessoo bosonaa daangessuu, namoota seeraan ala bosona keessa galan baasuu, sartafikkettii abbummaa kenisiisuu, Bosona karoora bulchiinsa bosonaatiin ogganuu, Bosona hirmaannaa ummataatiin bulchuu fi lafa bosonaa sagantaa REDD+ jala galchuun kan madaalamu yoo ta'u, raawwiin safartuulee kanaas;

- Karoora KGT tiin heektaara **234,812** hojjechuuf karoorfame heektaarii **174,122 (%74** ) kan raawwatame yoo ta'u karoora waggaa waggaatiin heektaara **170,262** daangeessuuf karoorfame heektarri **174,122 (%102)** raawwatame jira.
- Lafa bosonaa karoora bulchiinsa bosonaattin hogganuuf karoora KGT 2^ffaa^ tiin heektaarri **1,717,300.05** karoorfame heektaarri **441,981 (%26**) kan raawwatame yoo ta'u karoora waggaa waggaatiin heektaarri **649,882** karoorfame heektaarri **441,981 (%68)** raawwatameera.
- Qabiyyee lafa qotee bulaa daangaa bosnaa keessa jiraachuu qaban daangeessuuf karoora waggaa waggaan heektaarri **85,320** daangeessuuf karoorfame heektaarri **16,873 (%21**) kan raawwatame yoo ta'u, karoora KGT 2^ffaa^ irra immoo heektaarri **222,912** karoorfame **%7.6** raawwatame jira.
- Hirmaannaa ummatattin bosonaa bulchuun karoora waggaa waggaan heektaarri **572,866** karoorfame heektaarri **654,315 (%114)** kan raawwatame yoo ta'u, karoora KGT 2^ffaa^'n immoo heektaarri **853,730.89** karoorfame **%77** raawwatame jira.
- Karoora waggaa waggaa irra lafa bosonaa sagantaa REDD+ jala galchuuf heektaara **837,896** karoorfame keessa heektaarri **191,666 (23%)** kan raawwatame yoo ta'u , karoora KGT 2^ffaa^ irratti immo heektaarri **1,200,000.00** karoorfame **%16** raawwatame jira.
- Namoota seera ala bosona keessa galan baasuu KGT 2^ffaa^ keessatti **15,893 (%63)** akka bahaan ta`e jira

- Sartafikeeta abbummaa Lafa bosonaa argachuuf KGT 2ffaatti heektaarri **3,310,973** karoofame osoo hin rawwatamin hafe jira.Hojiin kun kan raawwatamuun hafeef bosonni Dhaabbatichi qabu guutumaan guutuutti ulaagaawwan barbaachisu xumuree qaama ilaalatuuf waan hin dabarreef, (Fkn. Boordii gorsitootaatiin mirkanaa'uu…)

Akka walii galaatti kaayyoo tarsiima'aan kun karoora KGT 2ffaa fi waggaa waggaan ulfaatiina kaayyichaaf kennameen madaallame walduraa dubaan **%31 fi %41'n** sadarkaa baayyee gadi aanaa irratti kan argamuu ta'u isaa hubatameera.

3.11. **Qulqullina Dabaluu**

Kaayyoon tarsiima'aan kun safartuulee Omisha Istanderdii isaa eeggatte omishame fi Misooma Bosonaa Istanderdii eege gaggeesuun kan safaramuu yoo ta'u, raawwii safartuulee kanaatiin yeroo ilaalau KGT 2ffaa ti omisha istandaardii isaa eeggate %86 fi Misooma Bosonaa istaandaardii eege % 76 dha.

Raawwiin hojii kunuunsa bosonaa waggaa waggaan yeroo ilaalu latii haphisuu bara 2008 irra eegalee akka gidduu galeessatti waggatti **%37** hir'acha kan adeeme yoo ta'u, hojiin damee qoruu fi haphisuun garuu bara 2009 xiqqate bara 2010 irra eegale dabala deeme jira.

3.12. **Oomishaa fi Oomishtummaa Industrii Dabaluu**

Kaayyoon tarsiimo'aa kun kan madaalame safartulee xaawulaa fi mooraalee omishuu, omishitummaa waarshaalee mukaa baqaqsuu dabalee, omisha meeshaalee worki-shooppii, omishaa industrii biro, omishaa kompensatoo fi qorannoo babal'ina industrii bosonaa dabaleen yoo ta'u,

- Karoora waggaa waggaan xaawulaa fi mooraalee omishuun **$M^3$ 186,034** karoorfame $M^3$'n **112,150 (%60)** kan raawwatame yoo ta'u, karoora KGT 2ffaa tiin **M3 215,789** karoorfame **% 52** raawwatame jira.
- Karoora waggaa waggaan giddu galeessaan omishitummaa waarshaalee mukaa baqaqsu dabaluun **0.75** m3/hr karoorfame **0.64** $m^3$/hr **(%85**) kan raawwatame yoo ta'u, karoora KGT 2ffaa keessatti bara 2011 kaasee omishtummaa warshaalee kanaa gara $m^3$ tokko sa'attii tokkotti(1$m^3$/hr) raawwachuuf karoorfame **0.64** $m^3$/hr **(%64**) raawwatame jira.
- Karoora KGT 2ffaa tiin Omisha Woork shooppii meeshaalee manaa fi biro irraa Qr.**236,598,931** karoorfame, Qr. **123,387,677 (%52**) kan raawwatame yoo ta'u, karoora waggaa waggaan irraa ammo **(%68)** raawwatame jira.

- Karoora KGT 2ffaa keessatti omishaa komponsatoo lakkofsaan **343,049** raawwachuuf karoorfame,**77,455 %22** raawwatame jira. Karoora waggaa waggaa irraa ammo **130,000** raawachuuf karoorfame **(%60**) raawwatameera.

Bu'aan kaayyoo tarsiimo'aa hojii kana ulfaatiina kennameefiin yeroo ilaalu karoora KGT 2ffaa fi waggaa waggaa irraa walduraa duubaan (%46) fi (%57) raawwatamuun sadarkaa baay'ee gadi aanaa fi gad-aanaa irratti kan argamu ta'a.

Raawwiin omishaa xaawulaa fi Mooraalee waggaa waggaa yeroo ilaalu bara 2008 irra eegale hanga bara 2011tti akka gidduu galeessatti **% 12** hir'acha kan ture ta'u isaa chaartii armaan gadii kana irra hubachuun ni danda'ama. Bara 2012 keessa garu halawwaan mijaawaa barren darban irraa fooyyee qaban yaada keessa galchuun dabaluu akka danda'u tilamamame jira.

**Raawwii omishaa xaawulaa fi Mooraalee bara baran ($m^3$)**




3.13. Qindoomina Sekterootaa Fooyyeessu

Hojii misooma fi eeggumsa bosonaa fi bineensa bosonaa keessatti qindoominni sektaraalee adda addaa barbaachisaadha. Kaayyoon tarsiimo'aan kun safartuuwwan baay'ina manneen hojii waliin hojjetamuu fi raawwii giddugaleessa hojii qindoominaatiin kan safaramu yoo ta'u

- Manneen hojii 16 waliin hojjechuuf karoorfamee manneen hojii 16 waliin hojjateera
- Raawwiin hojii qindoominaa kana giddu galeessaan yoo ilaalamu %90 ga'uuf karroorfamee %56 ga'uun danda'ameera.
- Sochii Dhaabbatichaa akka walii galaatti beeksisuu (odeefannoo kennuu,sagantaa adda addaa qopheessu fi kkf) lakkofsan **939(%93)** raawwatamee jira.

### 3.14. **Hirmaannaa fi Fayyadamummaa Hawwaasa Dabaluu**

Hojii misooma, eeggumsaa fi ittifayyadama bosonaa fi bineensa bosonaa keessatti hirmaannaa fi fayyadamummaa hawaasa naannoo guddisuun murteessaadha. Kanaaf kaayyoon tarsiimo'aan kun akka utubaa toora xiyyeeffannoo tokkotti qabamee hojjatamaa ture.

Kaayyoon kun safartuulee adda addaa kanneen akka baayyina hawaasa faaydaalee adda addaa argatanii, baayyina namoota carraa hojii argatanii, akkasumas bu'aa mallaqaa fi bu'aawwan adda addaa hawaasni naanoo hojiiwwan misoomaa fi eeggumsa bosonaa fi bineensa bosonaa irraatti hirmaachuun fayyadamaniin kan madaalamuudha.

Haaluma kanaan, namoota **289,902** fayyadamaa gochuuf karoorfamee, namoota **538,803 (%186)** fayyadamaa godhuun danda'amee jira. Kana keessaa akka KGT 2[ffaa] tti fayyadamummaa dargootaa **%50** ga'uuf karoorfamee **%53** yoo raawwatamuu, akkasumas fayyadamummaan dubartootaa **%50** ga'uuf karoorfamee **%31** ga'uun danda'ameera.

Dhaabbatichi waggoottan KGT2[ffaa] tti gidugaleessaan namoota **40,543.00** carraa hojii kennaa tureera.

Akka walii galaatti Dhaabbatichi faayidaa hawaasin naannoo bosonaa fi lafa eeggumsa bineensa bosonaa jiraatuf deeggarsa adda addaa taasisuuf Qr. **482,368,296** karoorfamee, Qr. **394,323,867 (%92)** fayadamaa taasisuun danda'ameera.

- **Dargaggoo fi HIV/AIDS**

Dhimma dargaggoo fi HIV ilaalchisee Bara baajeta 2008 irraa eeggalee dargagoota **247,578** karaa adda adda fayyadamaa taasisuuf karoorri qabamee keessaa dargaggonnii **246,468(%100)** karaa adda addaa fayyadamoo ta'u danda'anii jiru.Kunis qarshiin yero shallagamu **200,677,324(%86)** kan ta'u dha.Gama biraa tiin immoo namoota vaayiresiin HIV /AIDS dhiiga isaanii keessa jiru tajaajila deeggarsa fi kunnuunsa namni **284** qarshii **891,195(% 71)** fi daa`iman haadha / abbaa ykn lachuu sababa adda addaatiin irraa du`an fi saaxilamoo ta`anii **522f** qarshii **1,488,905** akka argatan ta`ee jira.

- **Dhimma koorniyaa**

Koorniyaa idileessuuf jechaa Dhaabbatichi Karoora guddina fi tiraansformeeshinii lammaaffa kan keessatti baajataa %2 qarshii **2,088,882 (%69)** ramadee hojiirra olchaa jira.

Kaayyoon tarsiimo'aan kun akkawalii galaatti sadarkaa madaallii raawwii %70n ga'uun danda'ameera.

## 3.15. **Oomisha Bu'aa Bosonaa Dabaluu**

Karoora Guddinaa fi Tiransfoormeeshiinii 2ffaa tti Omisha bu'aa Bosonaa kanneen akka gudeelcha, Utubaa, Muka ijaarsa, qoranii walii gala **$m^3$ 1,708,983.4** warshaa dhaabbtaatiif fi gurgurtaadhaaf dhiyeessuuf karoorfamee **$m^3$ 1,386,752.81 (%79)** raawwateera.
kan inni of –keessattin qabate jiru:

- Gudelchii $m^3$ **1,191,827** karoora qabame keessaa **782,488.33 (%66)**
- Utubaa **$m^3$ 160,126** karoorra qabame keessaa **104,658(% 65)**
- Muka ijaarsaa omishuu **$m^3$ 245,934** karoorfame keessa **217,097 (%88)** raawwatamee jira.
- Qoraan omishuu **m3 250,043(%73)** raawwachuun danda'amee jira.

Akkasumas omisha bu'aa bosonaa muka hin taanee; Buna, Damma, Ixaana, Leemmana Toonii **6,172.3** oomishuuf karoorfamee, Toonii **2,452 (%40)** raawwachuun danda'ameera. Raawwiin kun karoora waggaa waggaa irraa yoo ilaalamu Omishni bu'aa Bosonaa **70%** yoo ta'uu, omisha bu'aa bosonaa muka hin taanee **%49** raawwatamee jira.

Akka walii galaatti kaayyoo tarsima'aa kun bu'aa raawwii gad-aanaa **(%58)** raawwatameera.kaayyoon kun sadarkaa raawwii gadi aanaa keessatti akka kufu hojiiwwaan taasisaan kessaa Mi'eessituu toonii afur (4) omishuuf karoorfamee osoo hin omishamin waan hafeef, akkasumas raawwii hojii Dammaa fi Ixaanaa baay'ee gad aanaa waan ta'eef.

## 3.16. **Kenna Tajaajilaa Fooyyessuu**

Kaayyoon kun Sakataiinsa kenna tajaajilaa paakeejii meeshaalee riifoormii adda addaa dhaabbatni hojii iirra ollcheen madaalame galma ka'ameen wal bira yeroo qabamu qabxii bu'aa raawwii **(%80**) raawwatameera.

## 3.17. **Dhiyeessa Fooyyesuu**

Kaayyoon tarsiimo'aan kun galma ga'iinsa safartuulee Dhiyeessii warshaalee , konkolaataa fe'uumsaa fi maashinarootaa, tajaajilaa fi meeshaalee biiroo dabaluun kan safaramu yoo ta'uu akka karoora KGT tti **%42n** kan raawwatame yoo ta'u, akka raawwii waggaa waggaatti ammo **%72** raawwachuun danda'ameera.

Raawwii tokkon tokkoo safartuuleen yoo ilaalamuu

- Warshaalee muka baqaqsan **(6)** jaha dhiyeessuuf karoorfamee shan **%100** dhiyeessuun danda'ameera

- Konkolaataa fe'uumsaa, mootarsaayikilootaa fi maashinarootaa lakkoofsaan **71** dhiyeessuuf karoorfannee **46 (%64)** dhiyeessuun danda'ameera kun qar **92,678,655.37** bittamuu danda`ameera. Walumaa galaatti konkolaata **12** tiraaktara **4** fi mootarsaayikilootaa **30** waggoottan shanaan kana keessatti bittamee jira.

4. Investimentii Buzinasii babal`isuu

Kaayyoon tarsiimo'aan kun safartuulee investimeentii biizinasii dabalee fi bu'uu sheeriwwaan dura bitamanii irraa argamuun qabeenya Dhaabbatichaa babaldhisuuf hojii hojjetamaa tureedha.

Kayyoon kun safartuulee investimeentii bittaa biizinasii babaldhisuu fi Bu'aa invastimaantii Biizinasii irraa argame dabaleen kan safaramuu yoo ta'uu raawwiin isaas

Bu'aa invastimaantii Biizinasii irraa argamu akka KGT 2$^{ffaa}$ tti Qr. **105,706,971.80** argachuuf karoorfamee Qr. **60,926,746** argachuun danda'ameera.

- Investimeentii Dhaabbatichaa guddisuuf Qr.**870,871,999.00** karoorfamee Qr.**216,506,163** KGT irraa **(25%),** raawwii karoora waggaa waggaa irraa ammoo **%14** babaldhisuun danda'ameera.

- Bu'aa bitta sheerii duraa irraa akka karoora waggaa waggaatti **Qr. 73,260,427** argachuuf karoorfatee, **Qr. 60,926,746 (58%)** argachuu danda'eera.

### 3.18.1. Raawwii Piroojektoota (Dhaabbataa fi ummataa) gudguddoo kan waggaa shanii

### I. Raawwii Piroojektoota Dhaabbataa

**Ijaarsa Piroojektii Gamoo Tajaajila Makaa G+4 Waajjira Damee Jimma**:- Qorannoo Dizaayniin piroojektichaa karaa DhDTBOtiin qophaa'ee, ijaarsi isaa tilmaama baasii waligalaa 40,000,000.00tiin xumuramee tajaajila irra ole jira.

.

**Ijaarsa Piroojektii Gamoo Tajaajila Makaa G+4 Shaashamannee**:- Qorannoo Dizaayniin piroojektichaa karaa DhDTBOtiin qophaa'ee, ijaarsi isaa baasii waligala Qr18,745,512.00 tiin xumuramee tajaajila irra ole jira.

. **Ijaarsa Piroojektii Gamoo Tajaajila Makaa G+4 Finfinnee**:- Qorannoo Dizaayniin piroojektichaa karaa "GERETA consulting" jedhamun qophaa'ee, ijaarsi isaa baasii waligalaa Qr 24,889,329.00 xumuramee tajaajila irra ole jira.

. **Ijaarsa Piroojektii Gamoo Tajaajila Makaa 3B+G+9 Lidetaa/ Finfinnee/**:- Qorannoo Dizaayniin piroojektichaa karaa gorsaa DhDTBOtiin qophaa'ee, waligalteen ijaarsaa Piroojektii kanaa Interpiraayizii hojii ijaarsa Oromiyaa wajjin kan mallata'ee fi hojiin to'annoo dirree ammo DhDTHBO wajjin mallata'ee sababii "procedure" bulchinsa magaalaa Finfinnee irraa gaafatamee yeroon waan hinxumuramneef ijaarsi isaa osoo hinjalqabamiin hanga amma kan ture yoo ta'es yeroo amma gama keenyaan dhimmi kun xumuramee kaffaltii marsaa duraa yoo raawwanees hayyama hojii kontiraaktaraa fi goorsaa piroojekitichaa bara 2012tiif waan hin haareesineef hojii jalqabsiif hindandeenye.
**Ijaarsa Piroojektii Gamoo Tajaajila Makaa G+4 Mattu**:- Qorannoo Dizaayniin piroojektichaa karaa DhDTHBO tiin qopha'ee sadarkaa caalbaasii irra jira.

**3.18.2. Qorannoo Dizaaynii Gamoo shanii magaalaa Finfinnee fi kan biro**

**Qorannoo Dizaayinii Gamoo Bolee 3B+G+M+17:-** Piroojektiin kun kan ijaaramuu magaalaa Finfinnee kutaa magaalaa Boleetti dirree bali'ina lafaa m2 2514 qabu keessatti ta'e, qorannoo dizaayniin isaa karaa DhDTHBO nuuf qophaa'ee, mana qopheesaa magaalaa Finfinneetiin mirkana'ee hayyama ijaarsaa yoo fudhannnees, dizaaynii ulfaataa adda ta'e, investimantii guddaa akkasii lafa irratti dhugoomsuun dura ogeessa ol'aanaa biyya alaatiin ykn biyya keesaatiin dizaayniin irra deebiin akka xiinxxalamuu ( Design Review) gochuun rakko ijaarsa irratti nuu quunnamu danda'uu fuuruuf ga'een isaa ol'aanaa ta'u isaatiin, "Structural Design Review" akka taasiffamuu yuunivarsitii Finfinnee wajjin waligaltee mallateesinee yeroo amma kana xiinxxlli isaa sadarkaa xumuraa irra ga'ee jira.
**Qorannoo Dizaaynii Gamoo dirree Araadaa 3B+G+11:-** Dirree Araadaa lafa duraan kaartaadhaan dameen Shaggar qabu bali'inni isaa $m^2$ 6777 haala maastar pilaanii harawwaa bulchinsa magaalichaatiin walakkaan isaa Green areaf akka olu kan jedhu fi $m^2$ 318 ammo karaa

dubaatiin daandiin harawwaa kan irra bahu waan tureef , dirreen kun akkuma jirun lafa balinni isaa $m^2$ 6777  nuu irraa fudhatamee Green Areaf fi daandii harawwaatiif akka olu kan jedhu ta'u isaa fi tajaajillii lafichaas tajaajila Ummataa kan aka mana kitaabaaf akka olu kan jedhu ta'u isaatiin,gaaffiin misoomaa Dhaabbatnni keenya qabu bulchinsa magaalichaatiif dhiyeesinee fudhatama waan argateef, lafa bali'inni isaa $m^2$ 1900 ta'u sababii daandii fi Green area akka olu ta'e seeraa fi hojimaata jirun lafa bali'inni isaa 4822.27 abbaan qabeenyummaa nuuf nuuf mirkana'ee qorannoon dizaaynii gamoo tajaajila makaa 3B+G+11 sadarkaa xumuraa irra jira.

**Qorannoo Dizaayniin Gamoo Sameen (B+G+4)**:- Dirree Sameen lafa duraan kaartaadhaan dameen Shaggar qabu bali'inni isaa $m^2$ 2384 haala maastar pilaanii bulchinsa magaalichaatiin ijaarsa kondominiyamiif  akka olu kan jedhu waan tureef , karooka fi gaaffii misoomaa Dhaabbatnni keenya qabu bulchinsa magaalichaatiif dhiyeesinee karaa bulchinsa magaalichaatiin fudhatama waan argateef, lafa bali'inni isaa $m^2$ 2384 tajaajila gamoo Dhaabbtnni keenya ijaaruuf akka olu abbaa qabeenyumaa lafaa nuuf mirkana'ee dizaayniin gamoo tajaajila makaa 2B+G+4 sadarkaa xumuraa irra jira.

**Qorannoo Dizaayniin dirree Abinet (2B+G+8)** :- Dirree Abinet  lafa duraan kaartaadhaan dameen Shaggar qabu bali'inni isaa m2 2013 haala maastar pilaanii bulchinsa magaalichaatiin dhimma magarisaaf akka olu kan jedhu waan tureef , karooka fi gaaffii misoomaa Dhaabbatnni keenya qabu bulchinsa magaalichaatiif dhiyeesinee karaa bulchinsa magaalichaatiin fudhatama waan argateef, lafa bali'inni isaa m2 1900 tajaajila gamoo Dhaabbtnni keenya ijaaruuf akka olu abbaa qabeenyumaa lafaa nuuf mirkana'ee dizaayniin gamoo tajaajila makaa 2B+G+8 sadarkaa xumuraa irra jira.

Haala waligalaatiin Misooma heddu DhBBBO gaggeesuu wajjin walqabatee haanqiina faaynaansii qabnu hojii gaggeessaa bordii DhBBBOf dhiyeesinee haala laftii kun deggarsa qaama alaatiin hojii irra olu danda'u karaa Aksiyoona ijaarsa Welaabuutiin akka taasifamu kallatii boordiin nuuf kennameen waldaa Aksiyoona Ijaarsa Walaabuu wajjin ta'un sochiin guddaa jalqabamee jira.

### 3.18.3. Piroojektii ce'umsa Industrii

hojii ittifayyadama bosonaa sadarkaa fi qulqqulina barbaadamuun raawwachuuf akka danda'amu hojii hojjetamuu qabu keessaa inni tokko omisha gudeelcha bargamoo umuriin isaa omishaaf

ga’e deedhii isaatiin gabaaf dhiyeesuun hojiimaata duubatti haafaa fi, yeroo amma guddinaa fi sadarkaa adugnaa irra ga’e jiru wajjin faallaa ta’u isaatiin, hojii mukaa bu’aa dabalataatti jijjiruudhaan omishnee gabaa biyya keessaa fi biyya alatti yoo dhiyeesee gaaffii misoomaa ummanni keenya sadarkaa adda addaatti kaasuu deebisuu irra darbee ce’eumsa industrii akka biyyaatti karooraan qabamee itti deemamaa jiru dhugoomsuudhaan umna namaa barumsa isaa xumuree hojii gaafachaa jiru fi sadarkaa barumsaa adda addaa qabu fi kan barumsa hinqabnee heddu isaanii gara hojiitti galchuudhaan carraa hojii ummudhaan ga’ee motummaan Dhaabbata keenya irra eguu bahudhaan guddina arifachisaa naannoo keenyaa dhugoomsuun barbaachisaa dha.

Bu’ura kanaan, Dhaabbatnni keenya karoora hojii bara 2010 tti qorannoo hundeefama warshaa MDF Warshaa “Ply wood” fi Warshaa Farnicharaa qorachisuudhaan karoora hojii baras 2012 gara hojii qabatamaatti galuuf sochiin guddaan taasifamaa jira.

### 3.18.4. Proojektoota Hawaasaa

Qabeenya ummamaa guddaa naannoon oromiyaa qabu akka hinmancaanee gochuudhaan Qabeenya kana misoomsuu, kunuunsuu fi eggudhaan dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaa ta’a.

Kana irraa kan ka'een ogeessonni ogummaa gahaa horatanii hojii eegumsa, kunuunsaa fi misooma biyyee, bishaan, bosonaa fi bineensota bosonaa irratti bobba'an akka naannoo Oromiyaattis ta'ee akka biyyaatti baay'inaan hinjiran. Haalli kun immoo qabeenyii kun akka biyyaattis ta'ee akka naannoo Oromiyaatti akka manca'an taasiseera.

**Dhaabbanni Bosonaa fi Bineensota Bosonaa Oromiyaa** Godinaalee Ormiyaa afur keessatti Dhaabbilee Leenjii Teknikaa fi Ogummaa afur kanneen ogummaalee **" Water & Soil Conservation, Water Harvesting, Forestry**, **Non- Timber Forest Product Usage**"n irratti xiyeeffatan baajata Qr Mil **38,556,048.07** ramaduudhaan ijaarsisee xumursisee meeshaa keessaa waliin walharkaa fudhinsa raawwachuun danda’ameera.

Haaluma kanaan:

- Godina Harargee Lixaa Aanaa Gammachiis keessatti Koleejii BLTO Qunni,
- Godina Harargee Bahaa Aanaa Meettaa keessatti koleejii BLTO Callanqoo

- Godina Gujii Aanaa Uraagaa keessatti kan ijaaramee Koleejii BLTO Uraagaa
- Godina Iluu Abbaa Bor Aanaa Aallee keessatti kan ijaaramee koleejii BLTO Goree dha**.**

❖ Godina Haarargee Lixaa Aanaa Gammachis Koleejii BLTO Misooma Suluulaa Jallo Muktaar jehamee dhagaan bu'uraa kan taa'ee guyyaa 12/09/2002 yeroo Koleejii BLTO Qabeenya Ummamaa Qunni qorannoo dizaaynii isaa yaada kahumsaa garee ogeesoota DhBBBO fi Biiroo BLTO wajjin ta'udhaan dirree ijaarsaaf filatamee irratti argamuudhaan ragaa qindaa'ee irratti hundahudhaan qorannoo dizaaynii fi dokumantiin caalbaasii karaa DhDTHBOtiin erga qophaa'een booda, DhBBBOns kontraaktara Dhaabbata keenyaa Waldaa aksiyoona ECAFCO wajjin bara 2006tti waligaltee mallateesinee ijaarsichi bara 2009tti kan xumuramee yoo ta'es, gaaffii dabalataa ummata naanichaa biraa kahen walharkaa fudhinsa isaa irratti nuu harkatti waan didaniif, gaaffii ummataa kana deebisuuf karoora hojii bara 2010tti baajata barbaachisuu ramaduudhaan gaaffii ummataa kan turan ijaarsa dallaa fi farnichara keessaa gutuudhaan walharkaa fudhinsa piroojektichaa haala milkaheen xumuruudhaan hojiif haala mijahaa ummu dandeenyeera.

❖ Godina Haarargee Bahaa Aanaa Mettaatti Koleejii BLTO Qabeenya Ummamaa Callanqoo jedhamee dhagaan bu'uraa kan taa'ee guyyaa 09/09/2002 Qorannoo Dizaayniin isaa karaa DhDTHBOtiin taasiffamee ijaarsi isaas ammo kontraaktara Dhaabbata keenyaa Waldaa aksiyoona ECAFCO wajjin bara 2006tti waligaltee mallateesinee ijaarsichi bara 2009tti kan xumuramee yoo ta'es, gaaffii dabalataa ummata naanichaa biraa kahen walharkaa fudhinsa isaa irratti nuu harkatti waan didaniif, gaaffii ummataa kana deebisuuf karoora hojii bara 2010tti baajata barbaachisuu ramaduudhaan gaaffii ummataa kan turan ijaarsa dallaa fi farnichara keessaa gutuudhaan walharkaa fudhinsa piroojektichaa haala milkaheen xumuruudhaan hojiif haala mijahaa ummu dandeenyeera.

❖ Godina Gujii Aanaa Uraagaa Koleejii BLTO Qabeenya Ummamaa Haaroo Waaccuu dhagaan bu'uraa kan taa'ee guyyaa 14/07/2002 Qorannoo Dizaayniin isaa karaa DhDTHBOtiin taasiffamee kontraaktara Dhaabbata keenyaa Waldaa aksiyoona ECAFCO wajjin bara 2006tti waligaltee mallateesinee ijaarsichi bara 2009tti kan xumuramee yoo ta'es, gaaffii dabalataa ummata naanichaa biraa kahen walharkaa fudhinsa isaa irratti nuu

harkatti waan didaniif, gaaffii ummataa kana deebisuuf karoora hojii bara 2010tti baajata barbaachisuu ramaduudhaan gaaffii ummataa kan turan ijaarsa dallaa fi farnichara keessaa gutuudhaan walharkaa fudhinsa piroojektichaa haala milkaheen xumuruudhaan hojiif haala mijahaa ummu dandeenyeera.

- Godina I/A/Booraa Aanaa Allee Koleejii BLTO Qabeenya Ummamaa Goree magaalaa Goree keessatti yookiin naannoo ishiitti ijaaruuf kan murtaa'e ta'us bakki ijaarsaa addaan bahee dhagaan bu'uuraa kaa'ame hin jiru. Haa ta'u malee, Gareen Godinichaa sadarkaa bulchiinsa adda addaa irraa walitti dhufe (Godina, Bulchiinsa magaalaa Goree fi Aanaa) Garee Nannoo irraa qorannoo piroojektichaatiif ergamee wajjin bakka mijaa'aa filtanii jiru. Godina I/A/Booraa Aanaa Allee keessatti kan ijaaramee piroojektii Koleejii BLTO Qabeenya Ummamaa Goree Qorannoo Dizaayniin isaa karaa DhDTHBOtiin taasiffamee kontraaktara Dhaabbata keenyaa Waldaa aksiyoona ECAFCO wajjin bara 2006tti waligaltee mallateesinee ijaarsichi bara 2009tti kan xumuramee yoo ta'es, gaaffii dabalataa ummata naanichaa irraa dallaan akka ijaaramuu fi meeshaan keessaa akka nuuf guutamuu jechuun walharkaa fudhinsa isaa irratti rakko nuu qunnameen, gaaffii ummataa kan turan ijaarsa dallaa fi farnichara keessaa gutuudhaan walharkaa fudhinsa piroojektichaa haala milkaheen xumuruudhaan hojiif haala mijahaa ummu dandeenyeera.

**Piroojektoota Dhaabbataa**

| **Lakk** | **Maqaa Piroojektoota Dhaabbataa** | **Bara Jalqabame** | **Raawwii Fizik (%)** | **Baasii (Qr)** |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Gamoo Tajaajila Makaa G+4 Finfinnee | 1998 E.C | 100 | 24,889,329.00 |
| 2 | Gamoo Tajaajila Makaa G+4 Shaashamannee | 2000E.C | 100 | 18,745,512.00 |
| 3 | Gamoo Tajaajila Makaa G+4 Jimmaa | 2006 E.C | 100 | 40,000,000.00 |
| 4 | Gamoo Tajaajila Makaa 3B+G+9 Lidetaa | 2000 E.C | 100 | 186,000,000.00 |

**Raawwii Qorannoo Dizaaynii gamoo Shanii magaalaa Finfinnee fi kan biroo.**

| Lakk | Maqaa Qorannoo Dizaaynii P/Dhaabbataa | Bara Jalqabame | Raawwii Fizikaalaa (%) | Baasii (Qr) |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Gamoo Lidetaa G+9 | 2006 | 100 | 1,327,877.65 |
| 2 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Gamoo Bolee 3B+ G+M+18 | 2006 | 100 | 2,511,951.89 |
| 3 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Gamoo Abinet 2B+G+8 | 2009 | 90 | 1,721,258.76 |
| 4 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Gamoo Semen B+G+4 | 2008 | 90 | 1,407,937.71 |
| 5 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Gamoo Araadaa 3B+ G+11 | 2010 | 75 | 2,177,646.89 |
| 6 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Gamoo Mattu G+4 | 2009 | 100 | 553,034.00 |
| 7 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Gamoo Gimbi G+4 | 2009 | 100 | 535,784.00 |
| 8 | Qorannoo Dizaayinii piroojektii Waajjira distriktii | 2009 | 100 | - |
| | Waliigala | | | 10,235,490.91 |

**Ijaarsaa Piroojektoota Ummataa**

| Lak | Maqaa Piroojektoota Dhaabbataa | Bara Jalqabame | Bara xumuramee/uu | Gatii ijaarsaa(Qr) |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Gore TVET College | 2006 E.C | 2010 E.C | 8,258,887.74 |
| 2 | Kuni TVET College | 2005 E.C | 2010 E.C | 7,617,598.04 |
| 3 | Chelenko TVET College | 2011 E.C | 2010 E.C | 8,611,451.66 |
| 4 | Uraga TVET College | 2000 E.C | 2010 E.C | 9,287,354.91 |
| **5** | Jema Serdo Elementery School | 2001 E.C | 2008 E.C | 800,000.00 |
| 6 | Choba Elementery School | 2001 E.C | 2008 E.C | 800,000.00 |
| 7 | Aba Jema High School | 2005E.C | 2009 E.C | |
| 8 | Korchasa Elementery school | 2009 E.C | 2010 E.C | 800,000.00 |
| 9 | Tullu Gudane Elementery School | 2010 E.C | 2010 E.C | 600,000.00 |
| 10 | Gondee Qarsoo/Arsi/ Elementery School | 2010 E.C | 2011 E.C | 750,000.00 |
| 11 | Gadal Kultaa/Anaa Sokorruu/ Elementery School | 2009 E.C | 2011 E.C | 750,000.00 |

4.1.**Misooma fi Eegumsaa BB fooyyessuu**

Misooma fi Eegumsa Bineensa Bosonaa fooyyeessuf KGT 2ffaatti bakkeewwan eegumsa Bineensa Bosonaa lakkoofsaan 11, dabaluuf karoorfamee bakkeewwan eeggumsa Bineensa Bosonaa 7 (%64) dabaluun danda'amee jira. Kanumaan walqabatee uwwisa lafa eeggumsa Bineensa Bosonaa balli'ina lafa KM2 1,574.70 dabaluuf karoorfamee, KM2 1,533 (%97) dabalamee jira.

Gama biraatiin hojii misoomaa fi eeggumsa bakkeewwan jireenya bineensa bosonaa keessatti hojjatamuun lakkoofsa bineensota bosonaa ijoo dabaluu gara 103,893 guddisuuf karoorfamee, lakkoofsa 83,213 (%80) irraan gahuun danda'amee jira. Akkasumas, rakkoo lafa eeggumsa bineensa bosonaa %15 hir'isuuf karoorafamee kan ture yoo ta'u, ragaaan haaldureen bu'aan hojii kanaa ittiin safaramu waan hin qindoofneef safaruun hin danda'amne.

Karoora bulchiinsa (management plan) Paarkotaa 2 (Paarkii Dhaatii-Walal fi Booranaa) qopheessuudhaan hojii irra oolchuuf karoorfamee osoo hin raawwatamni hafeera. Lafa eeggumsa bineensa bosonaa hirmaannaa hawaasaatiin bulu (PWM) dabaluu ilaalchisee KM$^2$ 1,589 dabaluuf karoorfamee KM$^2$ **1,390 (%87)** hojjatamee jira. Ijaarsa bu'uuraalee misoomaa bakkeewwan eeggumsa bineensa bosonaa fi Iko-tuurizimii keessatti dabaluuf hojjatamu ilaalchisee karoorri Qr. **27,761,907** karoorfamee, **Qr. 2,218,533** karoora irraa %8 hojirra oolee jira.

4.2.**I/fayyadama BB fi galii eco- turizimii guddisuu**

Kaayyoon tarsiimo'aan ittifayyadama bineensa bosonaa fi galii iko-tuurizimii guddisuu safartuulee; galii bineensa bosona fi Iko-tuurizimii irraa argame, baayyina bineensa bosonaa adamfamuu fi baayyina daawwattootaa dabaleen kan madaalamuudha. Haaluma kanaan, KGT 2ffaa tti galii Qr. 78,368,831 galchuuf karoorfamee, Qr. 83,095,949 (%106) raawwatamee jira.

Baayyina bineensa bosonaa adamfamuu 928 karoorfamee raawwii 999 (%108), akkasumas baayyina daawwattootaa 53,040 ol-guddisuuf karoorfamee, daawwattoota 39,822 (%75) hawwachuun danda'ameera.Raawwiin bineensa bosonaa adamfamuu karooraa ol ta'uu kan dada'eef weenniin lubuun gurgurame kaaroora keessa waan hin turreef.

Walumaa galatti kaayyon ittifayyadama bineensa bosonaa fi galii Iko-tuurizimii guddisuu sadarkaa raawwii madaallii olanaa (%92) sadarkaa raawwii daran olaanaatiin raawwachuun danda'ameera.

### 4.3.Humnaa fi gahuumsaa hoggantoota fi hojjatoota guddisuu

Kayyoon Tarsiimo'aan kun kaayyolee kallattii ijaarsa Dandeettii milkeessuuf filataman keessaa tokko yoo ta'uu safartuulee, Gahumsa raawwatootaa fi gaggeessitootaa leenjiiwwan adda addatiin dabaluu, Humna namaa Guddina sadarkaa, Jijjiraa fi qaxaran Guutuu fi Hordoffii, deeggarsa fi duubdeebii taasifamuun adeemsa hojii keessaa saffisiisuuf bifa dandeessisuun kan karoorfame yoo ta'uu;

Akka kGT fi karoora wagga waggaatti Safartnuun Humna raawwachiisummaa gaggessitootaa fi hojjettoota 89% ga'uuf karoorfamee (84%) ga'uun danda'ameera, Leenjii yeroo gabaabaa marsaa adda addaatiin hojjettootaa fi hoggantoota lakkoofsaan 4901 ta'aniif kennuuf karoorfamee 4339 (89%) ta'niif kennuun danda'ameera.

Gama biraatiin Humna namaa guuttachuun, (jijjiraa alaa fi qaxara haaraan) lakkoofsaan 1278 ta'an dabalchuuf karoorfamee 1230 (96%) akka karoora waggaa waggatti ammo %141'n sadarkaa yaadameen oliin guttachuuf danda'ameera. Rawwiin kun sadarkaa kanaan ol'kaa'uuf sababa kan ta'ee bara 2008 carraa hojii dargaggootaaf uumuuf kallattii mootummaan kenneen qaxrriin dorgaggoota 422 ta'anii karooraan ala waan gaggeffameef.

Akka walii galatti kaayyoon kun ulfaatina kennameen yeroo ilaalamu %81 sadarkaa madaallii raawwii ol'anaatiin raawwatameera.

### 4.4.Ittifayyadama Teekinolojii Guddisuu

Milkaa'ina Tarsiimoo mana hojii si'aayinaa fi qulqullina yaadamee fi eegamuun fiixaan baasuu keessatti ga'ee teeknolojii ol'aanaa ta'uun dhimma ifatti beekamuudha.Kanaaf Kaayyoon kun kaayyoo galma kallatti Ijaarsa dandeettii milkeessuun raawwii kallattii Adeemsa keessaaf gumaacha ol'aanaa qabu ta'uun isaa itti amanamee qoratameedha.

Kaayyoon kun safartuulee,Hojjatoota teekinoolojiitti fayyadamuu dabaluu, fi Baay'ina gosa/akaakuu teeknooloojii haaraa dabale (loder-skider,software herreegga, R.S,chain pirunning saw,lowbed,attendance s.w ,vidoconf) qabatee kan karoorfame yoo ta'uu kanneen keessaa hojjettoota teeknolojiitti fayyadamuu danda'an teeknolojiiwwaan akka GPS, GIS, 'Chani saw'

‘internate’, ‘soft ware’ kompiitara fi kkf %90 irraan gahuuf karoorfamee %79 raawwachuun danda’ameera.Baay’ina akaakuu teeknolojii haaraa lakkoofsaan 8 ta’an dabaluuf karoorfatee 2 (%25) qofa dabaluun danda’ameera.

Walumaa galatti Dhaabbatichi kaayyoo tarsiimo’aa kana ulfaatina kennameen yoo ilaalamu sadarkaa raawwii gad-aanaa (%50) rawwateera.

4.5.**Aadaa fi naannoo Hojii Fooyyesuu**

Kaayyoon tarsiimo’aan kun kaayyoo bu’uuraaf murteessaa milkaa’ina kallattii Ijaarsa danddeettii fi darbee galma ga’iinsa kallattii Adeemsa keessaaf gumacha adda duree taasisuu jedhamee itti amanamuun safartuulee;Ittiquufina hojjataa dabale, Faayidaa hojjataa yeroon guuttame fooyya`e, fi Haala naanno hojii miijaten safaruuf karoorfamee hojjetamaa kan ture yoo ta’uu; Itti quufinsa hojjettootaa %87 ga’uuf karoorfamee %77 ga’uun danda’ameera.Faayidaawwan hojjettoota yeroon guutuun %95 karoorfamee %82 ga’ameera akkasumas gadlakkisa hojjettootaa xiqeessuun %1.3 xiqqeessuuf karoorfamee %1.5 (%118) raawwatameera.Gad-lakkisni hojjettootaa sadarkaa xiqqachuu qabuu olittii %18 ol guddatee argameera.

Akka walii galaatti kaayoon tarsiima’aan kun ulfaatin kennameefiin yeroo madaalamu raawwii giddugaleessa %73’n raawwachuun danda’ameera.

5. Xiinxala haala keessaa fi alaa (Environmental scan)

5.1.**Xiinxala Cimina, Dadhabina, Carraa Gaarii fi Sodaa (SWOT analysis)**

Karoora misooma waggaa kudhanii (2013-2022) qopheessuun dura ciminaa fi hanqina ('strength and weakness') KGT 2[ffaa] keessatti turan, akkasummas carraa fi sodaa ('opportunities' and 'Threats') mudachuu dandaa'an adda baasuudhan xiinxaaluun adda ba'e gabateewwan armaan gadii keessatti ibsameera.

| Kallattiiwwan Madaallii | Tarreewwan Madaallii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Cimina | Dadhabiina | Carraa Gaarii | Sodaa |
| Ka=Kallattii Faayinaansii2.Maamilaa | • Herreega waggaa waggaan Oodiitara alaatiin qorachiisuu.<br>• Baasii hojii fizikaalaa raawwatamuuf noormii qabaachuu.<br>• Safartuulee raawwii ittifayyadama qabeenyaa (warshaa, maashinaroota fi konkolaattotaa) qabaachuu. | • Yaada Ooditara alaatiin kennamu yeroo isaa eeganii sirreessuu dhabuu.<br>• Noormii kaa'ameen hojiin lafa irratti hojjatame waliin madaaluun kaffaltiin raawwatamu dhabuu.<br>• Faasilitiwwan fi loojistikii kan akka waajjiraa, meeshaalee waajiraa fi konkolaataa,Tiraaktera, Motorsaayiklii fi kkf gahaa ta'e dhabuu.<br>• Galiin Dhaabbatichaa irra caalaa Bosona dhaabbii fi omisha dheedhii irratti xiyeeffachuu.<br>• Oomisha qophaaye duguuganii yeroodhaan maallaqatti jijjiiruu dadhabuu.<br>• Poteenshaala Madda galii jiru hanga barbaaddame baball'isanii irratti hojjachuu dhabuu.<br>• Hojiin Faayinaansii hanga barbaadame | • Qabeenya Bosonaa oomishaaf gahe qabaachuu<br>• Qabeenya tuurizimii poteenshaala madda galii ta'uu danda'u qabachuu<br>• Galii ofiin buluu fi aangoo baajata ittiin murteeffatu qabaachuu<br>• Carraan ball'aa gabaa biyya keessaa fi alaa jiraachuu isaa<br>• Fandii dabalata deeggartoota (donors) irraa argachuu danda'uu.<br>• Labsii fi dambiin hojiiwwan galii burqisiisan gaggeessuuf mijataa | • Manca'insi qabeenya Bosonaa fi BB dabaluu.<br>• Jijjiiramni gatii meeshaa yeroo yerootti dabala deemuu.<br>• Hanqina Sharafa biyya alaa qunnamuu danda'uu.<br>• Gaaffii deeggarsaa karooraan hin deeggaramne raawwii hojii Dhaabbatichaa miidhuu danda'uu.<br>• Kufatii diinagdee (*economic crisis*) |

| Kallattiiwwan Madaallii | Tarreewwan Madaallii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Cimina | Dadhabiina | Carraa Gaarii | Sodaa |
| | | teknoolojiidhaan deeggaramuu dhabuu<br><br>• Kaffaltiin yeroo dhaan xumuruu dadhabuu (Fkn. hojjataa guyyaa fi dabala mindaa).<br><br>• Herregni yeroo dhaan cufamu fi odiitara alaatiin yeroon odiitii ta'u dhabuu.<br><br>• Bu'aan raawwii hojii 'business unit' dhaan beekkamuu dhabuu (fkn. warshaalee, ittifayyadama bosonaa, ittifayyadama BB).<br><br>• Hojiin Bittaa Dhaabbatichaa harkifataa ta'uu fi meeshaaleen bitaman tokko tokko qulqullina dhabuu.<br><br>• Qabiinsi, ittifayyadamnii fi bulchiinsi qabeenyaa hanqina qabaachuu.<br><br>• Suphaan gaggeeffamu yeroon raawwatamuu fi qulqullina dhabu.<br><br>• Hojiin maqsii meeshaalee quubsaa ta'uu dhabuu. | ta'an jiraachuu<br><br>• Investimeentiin biyyatti keessatti babbalachaa jiraachuu<br><br>• Humna namaa hojii keenya ittiin raawwannu gatii madaalawaan argachuu<br><br>• Investeronni biyya keessaa fi alaa nu waliin hojjachuuf fedhiin jiraachuu. | |
| 2. Maamilaa | • Sirni koomiin itti dhiyaatu jiraachuu.<br><br>• Sagantaan marii maamilaa jiraachuu. | • Oomisha gurgurame yeroo waligaltee keessatti kaasisuu dhabuu<br><br>• Maamiltoota istaandaardii ka'aameen keessumeessu dhabuu fi tajaajilli kennamulee itti qufiinsa maamilaa | • Fedhiin bu'aan Bosonaa fi Bineensa Bosonaa akka biyyaattiis ta'e akka addunyaatti dabalaa | • Balaan kiraa sassaabdummaa jiraachuu isaa<br><br>• Dhaabbileen biroo Dhaabbata keenya |

| Kallattiiwwan Madaallii | Tarreewwan Madaallii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Cimina | Dadhabiina | Carraa Gaarii | Sodaa |
| | • Qajeelfama gurgurtaa ifa ta'e qabaachuu. | sadarkaa barbaadamuun mirkaneessu dhabu.<br>• Omisha fedhii gabaa giddugaleessa godhate fi Istandardii isaa eeggate omishu dhabu<br>• Sirni to'annoo kiraa sassaabdummaa jiraatuus, kiraa sassabdummaan amallee ilaalchaa fi gochaan jiraachuu isaa.<br>• Xiinxaala fedhii fi rakkoolee maamilaa qorachuun adda baasuu irratti hanqinni jiraachuu<br>• Hojiin "Promotion" hojjatame laafaa ta'uu.<br>• Bakkeewwan dhaqabinsa turistiitti tajaajila gahaa kennuu dhabuu | dhufu.<br>• Argamnii (location) qabeenya Dhaabbatichaa gabaaf mijataa ta'u. | wajjiin waldorgoman baayyachaa deemuu<br>• Bu'aan Bosonaa oomisha biraan kan bakka bu'uu ta'uun isaa fkn pooliin konkiriitii dhaan xaawulaan sibilaan fi pilaastiikaan bakka bu'uu isaa<br>• Omishni warshaalee moofaan omishaman dorgomaa taasisuu dhabuu<br>• Omisha bu'aa bosonaa biyyaa alaa irraa ball'inaan galuu.<br>• Qaala'iinsa jireenyaa |
| 3.Adeemsa Hojii Keessaa | • Dhaabbatichi caasaa mootummaa wajjiin walitti dhiyeenyaan hojjatuu irratti carraaqqiin jiraachuu.<br>• Karoora tarsiimoo misooma sektara Bosonaa fi Bineensa Bosonaa waggaa | • Horodoffii fi deeggarsi hoggansa sadarkaa adda addaatii kennamu quubsaa ta'uu dhabuu.<br>• Sababa eeggatumaatiin Hoggansi murtee yeroon kennuu dhabuu.<br>• Imaammataa fi tarsiimolee misooma Bosonaa fi Bineensa Bosonaa jiran sadarkaa barbaadamuun hawaasa qabsiisuun hojii irra oolchuu irratti hanqinni jiraachuu. | • Imaammata fi seerota misooma ittifufiinsa qabuu jiraachuu.<br>• Gamaa mootummaatiin Misoomaa Bosonaa fi Bineensa Bosonaattif kutannoon jiraachuu | • Qabiyyeen Seeran alaa lafa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa keessatti babalchuu<br>• Hanni qabeenyaa Dhaabbatichaa irratti raawwatamu babal'achuu danda'uu<br>• Daldala bu'aa bosonaa |

| Kallattiiwwan Madaallii | Tarreewwan Madaallii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Cimina | Dadhabiina | Carraa Gaarii | Sodaa |
| | shanii fi karoorri waggaa waggaa jiraachuu<br>• Hojmaatni adeemsa hojii bu'uura godhatee diriiree jiraachuu.<br>• Sirni hordoffii fi gamaaggamaa sadarkaa adda addaatti jirachuu<br>• Hirmaannaa hawaasaa cimsuuf galii Dhaabbatichaa irra qooda hawaasaa kaffalamaa jiraachuu.<br>• Bosona daangessuun ballinni bosonaa Dhaabbatichi bulchu akka dabaluu taasisuu fi saamicha lafa Bosonaa xiqeessuu.<br>• Deeggarsa Dhaabbatichaatiin Hawaasini bosona misoomsee uwwisni bosonaa akka dabalu taasisuu.<br>• Omisha bu’aa | • Muuxannoowwan gaggaarii jiran addaan baasuu fi babal’isuu dhabuu.<br>• Ragaan gahumsa qabuu fi amansiisaa ta'e sadarkaa hundatti qindaa'ee yeroon argamuu dhabuu.<br>• Sirna oddeeffannoo waljijjiiruu cimaa ta'ee jiraachuu dhabuu.<br>• Qo’annoo fi qorannoo irratti hundaa’uudhaan si’aayinaa fi saffina kenna tajaajilaa foyyeessuu fi guddina Dhaabbatichaa safisiisuuf tattafiin godhamu hanga barbaaddameen hojjatamuu dhabuu.<br>• Hojii industrii Bosonaa teekinooloojii ammayyaa’aa ta’e fayyadamuun babballisuu keessatti hojiin hojjeetame gahaa ta’uu dhabuu<br>• Dhaabbatichi qorannoo gabaa oomishaa irratti hanqina qabaachuu (*no product marketing research*).<br>• Oomishni Bosonaa baay’inaa, qulqullina fi Istandardii isaa eeggatae omishamuu dhabuu.<br>• Istaandaardii oomisha baargamoo Damee hundarratti bifa walfakkaatuun akka qophaayu taasisuu dhabuu.<br>• Bu’uuraalee misooma Bosonaa fi Bineensaa Bosonaa gahaa ta’e diriirsuu dhabuu.<br>• Paarkota hundaayan seeraan (Dambiin) mirkaneessisuuf qophiin | • Jijjirama qilleensaa qolachuuf akka addunyaatti xiyyeeffannoon kennamaa jiraachuu<br>• Babal’ina bu’uura misoomaa fooyya’uu | fi bineensa bosonaa seeraan alaa<br>• Rakkoo tasgabbii fi nageenyaa yeroo adda addaa uumamu.<br>• Balaan Ibiidaa Bosona lafa konseeshiin irratti gahu danda’uu<br>• Qilleensii jijjiramaa dhuufuun isaa oomishaa fi oomishtummaa irratti dhiibbaa qabachuu<br>• Hanqina Humna Ibsaa<br>• Imaammanni Itti fayyadama lafaa hojii irra ooluu dhabuu |

| Kallattiiwwan Madaallii | Tarreewwan Madaallii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Cimina | Dadhabiina | Carraa Gaarii | Sodaa |
| | bosonaa dhiyeessuun dhiibbaan mancaatii bosona uumamaa irra qaqabuu danda'u akka xiqaatu taasisuu.<br>• Hirmaannaa hawaasaatiin bosona fi bineensi bosonaa akka eeggamu waldaalee bulchiinsa bosonaa fi bineensa bosonaa hundeessuu.<br>• Oomisha dheedhii gurguruu irra hamma ta'e sona dabaluun '*value add'* yaaliin godhamaa jiraachuu.<br>• Lafti eeggumsa bineensa bosonaa, ittifayyadama bineensa bosonaa fi bakkeewwan hawwata Tuurizimii dabalee jiraachuu.<br>• Carraan hojii bal'aan uumamee jiraachuu. | jiraachuu dhabuu.<br>• Hojiileen Bineensa Bosonaatiin wal qabatan tokko tokko EWCA waliin kan raawwataman wan ta'eef akkataa fedhii dhaabbataatti raawwachuu dhabuu.<br>• karoora bulchiinsaa Paarkotaa (*park management plan*) qopheessuu dhabuu.<br>• To'annoo fi eegumsi lafa Bosonaa fi jireenya Bineensa Bosonaa irratti gaggeeffamu gahaa ta'u dhabuu.<br>• 'Risk managament strategy' dhabuu<br>• Lafa Bosonaa fi bineensa Bosonaa daanga'ee jiru seera qabeessa gochuu dhabuu.<br>• Carraa Turizimii jiru irratti gahumsaan hojjatamuu fi irraa fayyadamuu dhabuu<br>• Misooma fi kunuunsa Bosonaa hanga barabaaddame gaggeessuu dhabuu.<br>• Sagantaalee jijjirama fiduu isaanii madaalamuu dhabuu (*evaluate*) ta'uu dhabuu.<br>• Qophiin oomisha bu'aa bosonaa teknolojii hammayyaatiin deeggaramuu dhabuu.<br>• Warshaalee Dhaabbatichaa bu'a-qabeessa hintaane irratti tarkaanfiin sirreeffamaa barbaachisaa ta'e fudhachuu dhabuu. | | |

| Kallattiiwwan Madaallii | Tarreewwan Madaallii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Cimina | Dadhabiina | Carraa Gaarii | Sodaa |
| | | • Poteenshaala NTFP (bu'aa bosonaa muka hintaane) hamma barbaachisu fayyadamuu dadhabuu.<br>• Ragaa qabiinsa bosonaa (misooma, ittifayyadama, fi kunuunsa) hammayyeessuu dhabuu.<br>• Karoora bulchiinsa bosonaa (*Forest management plan*) haala qabatama bosona nam-tolchee irratti hundaayee qabaachuu dhabuu.<br>• Hojiin '*extension'* Dhaabbatichaa quubsaa ta'uu dhabuu. | | |
| 4. Ijaarsa dandeetti | • Caaseffamni hojjechiisuu Dhaabbata irraa hanga distiriktiiti jiraachuu fi yeroo yeroon rikaalibireeshiiniin foyya'aa deemu.<br>• Meeshaalee riifoormii jiran qindaa'ee hojii irraa oolchuuf jalqabbiin gaarii jiraachuu.<br>• Meeshaalee wal quunamtii kan akka | • Meeshaalee rifoormii idileessuu ilaalchisee jalqabbiin haa jiraatu malee, qixa barbaadamuun hojiitti hiikuu dhabuu.<br>• Ergama, mul'ata, kaayyoo fi galma Dhaabbatichaa qaamnii hogganuu fi raawwatu sirriitti beekee hojii irraa olchuu irratti hir'inni jiraachuu.<br>• Hoggansi sadrkaa adda addaa irra jiru beekumsa irratti hundaa'ee hogganuu irratti hanqinni jiraachuu.<br>• Raawwataa aangeessuu irratii hanqinni jiraachuu.<br>• Humna namaa oggummaa fi beekumsa qabu qixa barbaadameen guutamuu | • Humni nama barate misoomaaf deggersa kennuu danda'u baay'inaan yunivarsiitootaa fi Kolleejjoota irraa eebbifaman jiraachuu<br>• Teknooloojiwwaan ammayyaa fi bu'a-qabeessa ta'an jiraachuu | • Hojjatootni muuxannoo fi dandeetti qaban gara kanfaltiin fooyya'aan jirutti deemuu danda'uu.<br>• Kaffaltii qaamni biraa kaffalu fooyya'aa yoota'e hojjatoota muuxannoo qaban argachuu irratti dhiibbaa qabaachuu. |

| Kallattiiwwan Madaallii | Tarreewwan Madaallii | | | |
|---|---|---|---|---|
| | Cimina | Dadhabiina | Carraa Gaarii | Sodaa |
| | bilbilaa, faaksii, interneetii, 'Web site' kkf sadarkaa Dhaabbataa fi Dameetti fooyya'aa ta'uu<br>• Humna namaa ogummaa qabu sadarkaa hundattii guuttachuuf jalqabbiin jiraachuu<br>• Beekumsaa fi dandeettii gaggeessitootaa fi raawwattootaa cimsuuf leenjiin ogguummaa kennamaa jirachuu | dhabuu fi kan jirus tursuu dadhabuu.<br>• Meeshaaleen jijiiramaa (JBAH, SFSS) TQO/ICT tiin hanga barbaadame deeggaramuu dhabuu.<br>• Aadaan hojii fi ilaalchi tajaajiltummaa maamilaa hoogansaa fi rawwaattoota biratti sadarkaa barbaadamutti jiraachuu dhabuu<br>• Faaydaa hojjataa yeroo waligaltee gamtaa hojjeetaa fi hojjachiisaa keessa taa'een raawwatamuu dhabu.<br>• Leenjii giddu galeessaa fi yeroo dheeraa kallattii ogummatiin kenamu xiqqaa ta'uu.<br>• Oggantoota fi ogeessota bakka bu'uu danda'an (*successors*) tarsiimoon ittihoracha deeman kan hinjirre ta'u.<br>• Quuqamni hojjataan baayyeen Dhaabbatichaaf qabu laafaa dhufuu. | | |

5.2.**Dhimmoota ijoo qophii tarsimootiif ka'uumsa ta'an (Pains and Enablers)**

**5.2.1. Dhimmoota ijoo dadhabbinaa fi Sodaa irraa maddan fi Tarkaanfii fudhatamuu qaban (Pains)**

| Dhimmonni Gufuu ta'an (*Pains*) | Tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban |
|---|---|
| 1. Yaada Ooditara alaatiin kennamu yeroo isaa eeganii sirreessuu dhabuu. | .Hojimaata Faayinaansii hammayyeessuu |
| | |
| 2. Noormii kaa'ameen hojiin lafa irratti hojjatame waliin madaaluun kaffaltiin raawwatamu dhabuu. | .Sirna itti gaafatamummaa dirirsuu |
| | .Osoo kaffaltiin hin raawwatiin dursee hojiin hojjeetame lafa irratti oggeessa dhimmi ilaaluun akka mirkanaa'u taasisuu |
| 3. Faasilitiwwan fi loojistikii kan akka waajjiraa, meeshaalee waajiraa fi konkolaataa, Tiraaktera, Motorsaayiklii fi kkf gahaa ta'e dhabuu. | .Xiyyeeffannoo kennuun sadarkaa caasaa mana hojii isaa hundatti faasiliitiwwaan hojiif barbaachiisan wal-dura duubaan karoorfachuun guutuu irratti hojjechuu |
| 4. Galiin Dhaabbatichaa irra caalaan Bosona dhaabbii fi omisha dheedhii irratti xiyeeffachuu. | .Warshaalee jiran keessaa kan foyyee qaban filachuun humna isaanii cimsudhaan gahumsaan itti fayyadamu fi Warshaalee ammayya'aa humna omishtummaa guddaa qaban galchuun hojii omishaa ammayessanii hojjechuu |
| | .Galii omisha NTFP irratti xiyyeeffachuun hojjechuu |
| 5. Oomisha qophaaye duguuganii yeroodhaan maallaqatti jijjiiruu dadhabuu. | .Tooftaa gurgurtaa adda addaa fayyadamuun Oomisha qophaaye duguuganii yeroodhaan maallaqatti jijjiiruu irratti hojjechuu. |
| 6. Poteenshaala Madda galii jiru hanga barbaaddame baball'isanii irratti hojjachuu dhabuu. | .Poteenshaala Madda galii jiru qorannoon adda baasuun madda galii burqsiisuu irratti hojjeechuu. |
| 7. Hojiin Faayinaansii (Kaffaltii,Herrega fi Gabaasa)hanga barbaadame teknoolojiidhaan deeggaramuu dhabuu | .Teeknoolojii amala hojii Faayinaansii mana hojii dhaabbata kana waliin deemu danda'u adda baasuun sadarkaa hunda irratti hojii irra olchuu. |
| | .Gahumsa humna namaa dabaluu |
| 8. Bu'aan raawwii hojii 'business unit' dhaan beekkamuu dhabuu (fkn. warshaalee, ittifayyadama bosonaa, ittifayyadama BB). | .Bu'aan qabeessummaa (cost benefit analysis) waggaa waaggan 'Business unit' adeemsa hojii ijoof hojjetame bu'aa qabeessumaa isaanii madaalamuu. |

| Dhimmonni Gufuu ta'an (*Pains*) | Tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban |
|---|---|
| 9. Hojiin Bittaa Dhaabbatichaa harkifataa ta'uu fi meeshaaleen bitaman tokko tokko qulqullina dhabuu. | Biittaa yeroo karoorfame keessatti raawwachuu. |
| | .Qulqullina meeshaalee dhiyaaatanii fooyyeessuuf Ispeesiifikeeshnii bu'uureeffachuun bittaa gaggeessuu fi qaama bittaa gaafateen mirkaneessuu |
| 10. Qabiinsi, ittifayyadamnii fi bulchiinsi qabeenyaa hanqina qabaachuu. | .Qabiinsa fi bulchiinsa qabeenyaa amayyeessuu |
| 11. Suphaan gaggeeffamu yeroon raawwatamuu fi qulqullina dhabu. | .Sirna hojii suphaa yeroon itti gaggeeffamu fi qulqullini isaa itti mirkanaa'u dirirsuu |
| 12. Hojiin maqsii meeshaalee quubsaa ta'uu dhabuu. | .Hojii maqsa meeshaalee karooraan deeggaramuun yeroon raawwachuu |
| 13. Omisha gurgurame yeroo waligaltee keessatti kaasisuu dhabuu | .Waligaltee bittaa, gurgurtaa omishaa akka raawwatamu gochuu |
| 14. Maamiltoota istaandaardii ka'aameen keessumeessu dhabuu fi tajaajilli kennamulee itti qufiinsa maamilaa sadarkaa barbaadamuun mirkaneessu dhabu. | .Istaandaardii kenna tajaajilaa jiru kabajuun hojii irra olchuu fi hojiiwwan istaandaardii kenna tajaajilaa hin qabne qoratame hojii irra akka olu gochuu. |
| 15. Omisha fedhii gabaa giddugaleessa godhate fi Istandardii isaa eeggate omishu dhabu | ·Qorannoo gabaa gaggeessuun bu'uura sanaan omisha gabaan barbaadu omishuu. (market lead production) |
| | ·Sirna qulqul'iinni omishaa ittiin too'atamu diriirsuu fi hojii oolmaa isaa hordoofuu fi too'achuu. |
| 16. Sirni to'annoo kiraa sassaabdummaa jiraatuus, kiraa sassabdummaan amallee ilaalchaa fi gochaan jiraachuu isaa. | .Omisha bu'aa bosonaa dhaabbii (FKN. Gaatiraa Faranjii,Paayinasii fi kkf) caalbaasiin gurguramu inveentorii isaa qulqullinaan hojjeechuun gurgurtaa isaa waligalaan gaggeessuu(lafati safaranii kennu dhissuu) |
| | .Sirna to'annoo cimsuu |
| | .Haala wal irraa hin cinneen hubannoo kennu fi qaama kiraa sassaabdummaa irratti boba'e ragaan deeggaruun tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu |

| Dhimmonni Gufuu ta'an (*Pains*) | Tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban |
|---|---|
| 17.Fedhii maamilaa qorachuun adda baasuu irratti hanqinni jiraachuu | . Fedhii maamilaa Qorannoon adda baasuun haala fedhii maamilaatiin omisha dhiheessuu fi keessimeessuu. |
| 18. Hojiin”Promotion” hojjatame laafaa ta’uu. | .Tooftaa adda addaa fayyadamuun hojii promooshiinii omisha Dhaabbatichaa beeksisu irratti xiyyeeffachuun hojjeechuu. |
| 19. Bakkeewwan dhaqabinsa turistiitti tajaajila gahaa kennuu dhabuu | .Faasilitiwwan tajaajila turiistiwwaaniif barbaachiisan sadarkaa sadarkaan guutuun galii irraa eeggamu akka gumaachu gochuu. |
| 20. Horodoffii fi deeggarsi hoggansa sadarkaa adda addaatii kennamu quubsaa ta’uu dhabuu. | • Karooraan hogganamuu fi Sirna hordoffii fi gamaaggamaa cimsuu |
| | . Hojiiwwan hordoffii fi gamaaggamaa walitti fufiinsaan geggeessuu, deggarsa kennuu fi rakkoo mul'atu yeroon furmaata kennuu |
| 21. Imaammataa fi tarsiimolee misooma Bosonaa fi Bineensa Bosonaa jiran sadarkaa barbaadamuun hawaasa qabsiisuun hojii irra oolchuu irratti hanqinni jiraachuu. | · Haawaasaa fi qooda fudhattoota hirmaachiisuun karoora qopheessuu fi qindoominaan raawwachuu |
| | · Imaammataa fi tarsiimolee misooma Bosonaa fi Bineensa Bosonaa irratti hubannoo haawaasaa cimsuu. |
| 22. Muuxannoowwan gaggaarii jiran addaan baasuu fi babal’isuu dhabuu. | • Sirna muuxannoon gaariin ittiin qindaa’u fi tamsa’u qabaachuu; muuxannoowwan gaggaarii jiran adda baasuun babbaliisuu |
| | • Qindoomina qaamolee hojii muuxannoo gaarii babal’isuu irratti hirmaatan waliin hojjechuu fi dandeetti raawwachistummaa cimsuu. |
| 23. Ragaan gahumsa qabuu fi amansiisaa ta'e sadarkaa hundatti qindaa'ee yeroon argamuu dhabuu. | . Sirna qabiinsa ragaa hammayeessuu. |
| 24. Hojii industrii Bosonaa teekinooloojii ammayyaa’aa ta’e fayyadamuun babballisuu keessatti hojiin hojjeetame gahaa ta’uu dhabuu | .Industrii bosonaa hammayaa'aa ta'e baballisuu. |
| 25. Istaandaardii oomisha baargamoo Damee hundarratti bifa walfakkaatuun akka qophaayu taasisuu dhabuu. | .Istaandaardii oomisha baargamoo qopheessuun bifa walfakkaatuun Damee hundarratti akka hojirra oolu taasisuu. |

| **Dhimmonni Gufuu ta'an (*Pains*)** | **Tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban** |
|---|---|
| 26. Bu’uuraalee misooma Bosonaa fi Bineensaa Bosonaa gahaa ta’e diriirsuu dhabuu. | · Bu’uuraalee misooma Bosonaa fi Bineensaa Bosonaa gahaa barbaachisan diriirsuu. |
| 27. Paarkota hundaayan seeraan (Dambiin) mirkaneessisuuf qophiin jiraachuu dhabuu. | . Paarkota Dambii hundeeffamaa qopheessuun mirkaneessisuu. |
| 28. karoora bulchiinsaa Paarkotaa (*park management plan*) qopheessuu dhabuu. | . Karoora bulchiinsa paarkii qopheessuu fi hojii irra olchuu |
| 29. To’annoo fi eegumsi lafa Bosonaa fi jireenya Bineensa Bosonaa irratti gaggeeffamu gahaa ta’u dhabuu. | .Sirna eeggumsaa bosonaa fi bineensa bosonaa fooyyessuun hojirra oolchuu. |
| 30. ’Risk managament strategy’ dhabuu | . Risk management strategy qopheessuu. |
| 31. Lafa Bosonaa fi bineensa Bosonaa daanga’ee jiru seera qabeessa gochuu dhabuu. | Lafa Bosonaa fi bineensa Bosonaa daanga’ee jiru seera qabeessa taasisuu. |
| 32. Carraa Turizimii jiru irratti gahumsaan hojjatamuu fi irraa fayyadamuu dhabuu | . Bakkeewwan poteenshaal tuurizimii qaban misoomsuun galii iraa maddisiisuu. |
| 33. Qophiin oomisha bu’aa bosonaa teknolojii hammayyaatiin deeggaramuu dhabuu. | . Teeknolojii hammayyaa oomisha bosonaa fooyyessuu danda'an galchuun hojirra oolchuu. |
| 34. Warshaalee Dhaabbatichaa bu’a-qabeessa hintaane irratti tarkaanfiin sirreeffamaa barbaachisaa ta’e fudhachuu dhabuu. | .Warshaalee Dhaabbatichaa bu’a-qabeessa hintaane adda baasuun tarkaanfiin sirreeffamaa barbaachisaa ta’e fudhachuu. |
| 35. Ragaa qabiinsa bosonaa (misooma, ittifayyadama, fi kunuunsa) hammayyeessuu dhabuu. | • Sirna qabiinsa ragaa teeknooloojiidhaan deeggaruu<br>• Qabiinsa ragaa fi sirna gabaasaa irratti humna raawwachuu fi raawwachiisuu cimsuu |
| 36. Karoora bulchiinsa bosonaa (*Forest management plan*) haala qabatama bosona nam-tolchee irratti hundaayee qabaachuu dhabuu. | . Karoora bulchiinsa bosonaa (*Forest management plan*) haala qabatama bosona nam-tolchee irratti hundaayuun qopheessanii hojirra oolchuu. |
| 37. Faaydaa hojjataa yeroo waligaltee gamtaa hojjeetaa fi hojjachiisaa keessa taa’een raawwatamuu | . Faaydaa hojjataa yeroo waligaltee gamtaa hojjeetaa fi hojjachiisaa keessa taa’een akka raawwatamu taasisuu. |

| **Dhimmonni Gufuu ta'an (*Pains*)** | **Tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban** |
|---|---|
| dhabu. | |
| 38. Leenjii giddu galeessaa fi yeroo dheeraa kallattii ogummatiin kenamu xiqqaa ta’uu. | .Fedhii fi barbaachisummaa irratti hundaayuun leenjii giddu galeessaa fi yeroo dheeraa kallattii ogummatiin kennamu irratti xiyyeeffatanii hojjachuu. |
| 39. Oggantoota fi ogeessota bakka bu’uu danda’an (*successors*) tarsiimoon ittihoracha deeman kan hinjirre ta’u. | . Oggantoota fi ogeessota bakka bu’uu danda’an (*successors*) horachuuf tarsiimoon irratti hojjachuu. |
| 40. Quuqamni hojjataan baayyeen Dhaabbatichaaf qabu laafaa dhufuu. | . Ilaalcha hojjataan Dhaabbatichaaf qabu fooyyeesuuf irratti hojjachuun baay'ee barbaachisaadha. |
| 41. Hawaasa fi qooda fudhattoota ijaaree misoomaaf sochoosuu irratti hanqinni jiraachuu isaa | • Qaamolee misoomaa sadan jiran fi qooda fudhattoota waliin qindoominaan hojjachuu |
| | • Dandeettii raawaachuu fi raawwachiisummaa ogeessotaa fi gaggeessitoota sadarkaan jiran guddisuu |
| | • Karoora hirmaachisaa ta'e (qindoominaa) qopheessuu, hojii irra olchuu gamaaggamuu fi madaaluu; |
| | • Imaammataa fi tarsiimoo irrattii hubannoo hawaasaa cimsuu |
| 42. Oomishni bu’aa Bosonaa baay’inaa (volume) fi qulqullinaan omishamuu dhabuu | . Ammantaa omishaa bu’aa bosona haala karooraatiin qulqullina isaa eeganii omishuu |

### 5.2.2. Dhimmoota ijoo ciminaa fi Carraa gaarii irraa maddani fi tooftaa itti fayyadama isaanii (Enablers)

| Dhimmoonni ergama galmaan gahuu dandeesisan (Enablers) | Tooftaa itti fayyadama dandeesistootaa |
|---|---|
| 1. Qabeenya Bosonaa oomishaaf gahe qabaachuu | ▪ Karoora bulchiinsa Bosonaan hogganamuun Bosonaa omishaaf gahe faayidaa irra olchuu<br>▪ Warshaalee 'Processing' hammayya'aa omisha dhumaa (end product) omishan galchuu fi kan jiran humna omishtummaa isaanii fooyyessuu |
| 2. Fandii deeggartoota (donors) irraa argachuu danda'uu | ▪ Carraa fandii Bosonaa sababa $REDD^{+}$ n argame gahumsaan itti fayyadamu<br>▪ Piroojeektiwwan seektara Bosonaa fi Bineensa Bosonaa deeggaran dokumeentii qopheessuun fandii barbaaduu<br>▪ Fandii piroojeektoota hojii irra jiran duguganii fayyadamu. |
| 3. Sagantaan marii maamilaa jiraachuu | ▪ Karooraan qabame haala idilaa'een cimsani itti fufsiisuu; yaada ijaarsaa marii irraa maddan duguuganii hojiitti jijjiruu |
| 4. Fedhiin bu'aa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa akka biyyaattiis ta'e akka addunyaatti dabalaa dhufu | ▪ Carraa fedhii gabaa jiru fayyadamuuf qorannoon deggaramuun uwwisa gabaa dabaluu<br>▪ Omishni fi tajaajilli dhiyaatu dorgoomaa fi fedhii gabaa irratti hundaa'ee akka dhiyaatu gochuu<br>▪ Hojii 'Promotion' gaggeessuu<br>▪ Waltti hidhamiinsa gabaa 'Market link' uumuu |
| 5. Meeshaalee rifoormii jiraan qindaa'ee hojii irraa oolchuuf jalqabbiin gaarii jiraachuu | ▪ Meeshaalee rifoormii hojii irra jiran cimsanii itti fufsiisuu;<br>▪ Hojii irra olmaa isaanii mirkaneeffachuuf hordofuu fi gamagamu, akkasumas kutannoon oggansaa akka jiraatu gochuu |
| 6. Heeraa fi seera, Imaammata fi tarsiimoo hojii misooma Bosonaa fi Bineensa Bosonaa hojjechiisuu danda'u jiraachuu | ▪ Haalli mijataan kun bu'aa qabeessa ta'e akka itti fufu labsiin abbaa taayitaa to'ataa dhaabbilee misooma Oromiyaa fi Dambiin hundeeffama Dhaabbatichaa haala wal simuu danda'uun irra deebiin foyyeessuu.<br>▪ Carraa sektara Bosonaa fi Bineensa Bosonaan uumamee jiru duguuganii itti fayyadamuun hojii kunuunsa, misooma, eegumsa, itti fayyadamaa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa baballisuu |
| 7. Misooma qabeenya humna namaa irratti Xiiyyeeffatamee hojjetamaa jiraachuu | • Karoora leenjii humna namaa yeroo gabaabaa fi dheeraa qopheessuun hojii irra oolchuu<br>• Kolleejjotaa fi Yuniversiitoota waliin qindoominaan hojechuu<br>• Humna namaa kallattii ogummaatiin ramaduun hojii fi hojjetaa wal-quunnamsiisuun itti fayyadamuu<br>• Humna nama barateef haala mijeessuun beekumsan akka hojjetu taasisuu (Creating conducive environment for innovation) |

6. Kaayyoo Karoorichaa

6.1.**Kaayyoo gooroo**

Karoora Tarsiimo`aa Kaayyoo Dhaabbatichi hundeeffameef galmaan gahuu dandeessisu qopheessuudhan fayyadamummaa haawwasa mirkanneessuu.

6.2.**Kayyoo gooree**

- Eegumsa, Misooma fi kunuunsa Bosonaa fi bineensa Bosonaa daran cimsuun bulchiinsa Bosonaa fi Bakkeewwan eegumsa Bineensa Bosonaa itti fufinsa qabuu fi hammayyaa'aa ta'e mirkaneessuu
- Qabeenyi Bosonaa fi Bineensa Bosonaa guddina diinagdee Naannoo (GDP) keessatti gahee isaa akka gumaachu gochuu
- Gahee qabeenya Bosonaa fi Bineensa Bosonaa guddina haawaas-dinagdee fi eegumsa naannoo (ecology conservation) keessatti qabu guddisuuf

7. Galma

- Bu`aa qabeessuumaa Dhaabbaticha dabaluu
- Fayyadamummaa haawwasa guddisuu
- Ce`uumsa Industrii bosonaa galmeessuu
- Humna raawwachisumma dabaluu
- Mancaatii bosona fi Bineensa bosonaa xiqqeessuu

8. Mul`ata Ergamaa fi Duudhaalee

8.1. **Ergama**

Qabeenya Bosonaa fi Bineensa Bosonaa hirmaannaa uummataatiin haala ammayyaa`aa ta`een eeguu, misoomsuu, kunuunsuun bu`aa dabalata (value addition) fi ce`uumsa Industirii fidu danda`uun faayidaa irra oolchuudhan bu`aa qabeessumma itti fufinsa qabu mirkanneessun guddina dinagdee magariisa biyyaa keessatti gahee isaa dhugoomsuu.

8.2.**Mul'ata**

Bara 2022ti Dhaabbata Afrikaa bahaatti beekkama fi hawwatama ta`uu.

8.3. **Duudhaalee Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa**

Kaayyoo tarsiimoo haala walitti hidhamiinsa qabuu fi safaramuu danda'uun galmaan ga'uu keessatti Dhaabbatni Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa murannoo fi amantaa qabaachuu qaba. Haaluma kanaan, duudhaalee ijoon hojii Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa ibsuu danda'an kanatti aansee dhihataniiru.

Isaanis:

- Itti gaafatamummaa
- Iftoomina
- Qophaa’ina jijjiiramaa
- Amanamummaa
- Hirmaachisummaa
- Aadaa gareedhaan hojjachuu
- Aadaa Qusannaa
- Qabeenya uumamaaf quuqamuu

9. Toora xiyyeeffannoo (thematic areas)

9.1.**Misooma, eegumsa fi itti fayyadama Bosonaa**

Bu’aa 1:-

- Misooma Bosonaa (Uwwisa Bosonaa) dabale
- Omisha fi bu’aa qabeessummaa bosonaa dabale
- Galii haawasa naannoo bosonaa fooyya’e
- Mancaatii Bosonaa xiqqaate

9.2. **Misooma, eegumsa fi itti fayyadama Bineensa Bosonaa**

Bu’aa 2:-

- Galii Bineensa Bosonaa irraa dabale
- Galii hawaasaa naannoo bakkeewwan Bineensa Bosonaa dabale
- Uwwisa bakka Bineensa Bosonaa dabale
- Baayy’ina Bineensa Bosonaa ijoo dabale

9.3. **Industirii Bosonaa babal’isuu fi ce’umsa teeknolojii**

Bu'aa 3:-

- Omisha Industirii Bosonaa dabale
- Qulqullina Omisha Industirii dabale
- Gosa omisha Industirii dabale

9.4. **Babal’ina ‘Bussiness’ (bussines development)**

Bu'aa 4:-

- Galii business irraa dabale

10. Dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan /*Strategice issues*/

Karoora Misooma waggaa kudhanii dhugoomsuu keessattii rakkoolee gurguddoo hiikuu fi carraawwan argaman itti fayyadamuun gahee olaanaa waan qabuuf dhimmoota xiyyeefannoon itti kennamee hojjetamuu qaban akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

10.1. **Kunuunsa, eegumsa fi itti fayyadama Bosonaa fi Bineensa Bosonaa haala gaariin itti cimee akka itti fufu gochuu.**

- Imaammata itti fayyadama lafaa akka naannootti qoratamee jiru akka hojii irra oolu qaama dhimmi ilaaluu waliin hojjechuu fi deeggarsa ogummaa barbaachisu kennuu.
- Sirna bulchiinsa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa hammayyeesuu.
- Daangaan Bosonaa fi bakkeewwan eeegumsa Bineensa Bosonaa kabajamee lafti misooma Bosonaa fi Bineensa Bosonaaf oolu walitti bu'iinsa tokko malee misoomni Bosonaa fi Bineensa Bosonaa akka babbalatu gochuu fi lafa daangaa Bosonaa ala jiraatee misooma Bosonaaf ooluu danda'umu argachuun bifa danda'amu irratti qindominaan hojjechuu.
- Jijjiirama qilleensaa yeroo ammaa akka addunyaatti sodaachiisaa ta'ee jiru hirisuuf sagantaa REDD+ jalqabame jiru cimsanii itti fufsiisuu.
- Adeemsi hojii PFM yeroo ammaa gaggeeffamaa jiru irra deebiin qoratame haala bosonni itti kunuunfamu fi itti fayyadamuumaa ummataa itti fufiinsa qabu mirkanaa'u gochuun bu'aan hojii kana irra eegamu akka argamu taasisu. Waldaalee PFM hundaa'anii jiran karoora waggaa qopheeffachuun hojii eeggumsaa fi misooma bosonaa cimsaa akka deeman taasisuu fi Bosona irratti jijjirama fiduu isaanii gamaggamaan (*monitoring*) mirkanneessu.
- Namoota seeraan ala daangaa Bosonaa, Paarkotaa fi lafa eegumsa Bineensa Bosonaa keessa itti fayyadama lafaa adda addaatiin (differnt land use systemes) seenanii jiran hubannoo uumuu fi adeemsa seeraatti fayyadamuun gutummaamaa gututti akka bahan gochuu fi kaneen Bosona keessa jiraachuuf mirga qaban immoo qabiyyeen isaanii daangefamee waligaltee galuudhaan osoo Bosona hin mancaasiin akka jiraatan irratti hojjachuu.
- Lafa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa daanga'ee jiru sadarkaa sadarkaan mirkanaayee seera qabeessa akka ta'u hojjachuu.
- Konseeshinii Dhaabbatichaa keessatti bakkeewwan poteenshaala Iko-tuurizimii qaban adda bahanii misoomana tajaajila tuurizimmtiin galii maddisiisuu akka danda'an irratti hojjachuu.

10.2. Hojiiwwan misooma Bosonaa fi omishaa humna hojii guyyaatiin hojjatamuu danda'an qorannoon adda baasuun ogeessa alaatiif kennamanii (out source) akka hojjetaman gochuu.Fkn. Qophii biqiltuu, Qophii gudeelcha.

10.3. Qulqullina omishaa ilaalchiisee

- Omisha gabaa giddu-galeessa godhate omishuudhan gabaa biyya keessaa fi alaaf dhiheessuu irratti xiyyeeffannaan hojjechuu.
- Omishinni oomishamu baayyina fi qulqullina isaa eegate omishuun gabaa keessatti dorgomaa cimaa ta'u irratti xiyyeeffachuun akka hojjeetamu taasisuu.
- Omishni Dhaabbatichaan omishamu istaandaardii akka qabaatu taasisuu.
- Poteenshaala NTFP jiru dabalatee hojjiiwwan biizinasii adda addaa babal'isuu irratti xiyyeeffannoon hojjachaa deemuun barbaachisaadha.

10.4. Ce'umsa industrii Bosonaaf xiyeeffannoo kennuun hojjechuu.

- Warshaalee ammayyaa'aa omisha bu'aa Bosonaa gabaan barbaadu qulqullinaan fi istaandaardii barbaadamuun omishu danda'u qorannoon deggaramuun bituun hojiitti hiikuu fi warshaalee hojirra jiran humna guutuun haala ittiin hojjachuu danda'an irratti hojjachuu.
- Warshaaleen hojii keessa jiran bu'a-qabeessuummaan isaanii qophaa qophaatti akka hojjatamuuf taasisuu irratti xiyyeeffannoon hojjachuun barbaachisaadha. Kunis warshaalee bu'a qabeessa hintaane adda baasuu fi kallattii furmaataa kennuuf kan qarqaaruudha.
- Dhaabbilee keessaa fi alaa teeknoolojii hojii industrii Bosonaa babal'isuuf gargaaran irratti muxxannoo gahaa qaban waliin "Joint venture" iin hojjechuu.
- Meshaalee Misoomaafi Industirii L.C banuudhaan biyya alaa irraa kallattiin bitachuu.

10.5. **Hojiin projeektoota ijaarsa gamoowwanii, Biiroolee Dameewwanii fi Distiriiktootaa xiyyeeffannoo gahaa kennuun kan jalqabaman akka xummuraman fi kaan immoo karooraan qabachuun akka irratti hojjatamu taasisuu.**

10.6. **Sirna kenna tajaajila bu`a qabeessa ta`e diriiree akka lafa qabatu gochuu**

- Sirni kenninsa tajaajilaa Dhaabbatichaa amma jiru keessa deebi'ame qoratame haala maamiltoota, dhimmamtootaa fi qooda fudhatoota waliin bifa bu'aa buusuu danda'uun akka diriiru gochuu.
- Hojimaata Dhaabbatichaa bakka kenna tajaajilaa irratti qaawwa qabu qoratame foyya'uudhaan hojii irra akka olu gochuu.
- Meeshaaleen riifoormii milkaa'ina galma gahiinsa hojii Dhaabbatichaaf meeshaa murteessaa waan ta'aniif caasaa Dhaabbatichaa sadarkaa hundatti xiyyeeffannoon itti kennamee idileessuun hojiitti akka hiikamu gochuu.

10.7. Hojii sektara Bosonaa fi Bineensa Bosonaa babal`isuun dargaggootaa fi dubartoota hojii-dhabeeyyii ta'aniif carra hojii bal`aa uumuu.

10.8. Sirna qabiinsa ragaa ammayyaa'aa ta'e diriirsuu

10.9. Dhiheessii Foyyeessuu

- Rakkoo loojistikii FKN konkoolaataa sadarkaa adda addaatti bal'inaan jiru hiikuu irratti xiyyeeffannoon hojjechuu.
- Konkoolaattoni sadarkaa hundatti argaman humna guutuun akka hojjetan taasiisuu
- Bakkeewwan hanqinni jirutti Konkolaattota bitanii dhiyeessuu.

10.10. Humni namaa beekumsa, ga'umsa hojii fi dandeettii, kaka'umsaa fi ilaalchaan sadarkaa barbaadamuun gahe akka jiraatu gochuu.

- Leenjii kennuu, carraa barumsaa babal'isuu fi muuxannoo wal-jijjiiruu
- Ittifayyadama teekinooloojii odeeffannoo sadarkaa hundatti cimsuu
- Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimoo (SMBKT/BSC) hojii irra oolchuun raawwii fakkeenyummaa qabu jajjabeessuu fi badhaasuu.
- Haala naannoo hojii mijaa'aa (conducive work environment) uumuu,
- Sirna ittigaafatamummaa diriirsuu fi hojirra oolchuu,

10.11. Hojii kominikeeshiinii cimsuuf

- Dhaabbatichi hojiiwwan misooma, eeggumsaa fi iitiffayadama bosonaa fi bineensa bosonaa, akkasumas hojiiwwan biro hojjatu ilaalchisee hawaasaa fi qaamolee adda addaa biratti hubannoo cimsuuf hojii '*communication'* irratti tarsiimoo qopheessuun xiyyeeffannoon hojjatamuu qaba.

10.12. Hojii Dhaabbatichaa Qorannoon deeggaru ilaalchiisee

- Dhaabatichi rakkoowwan adda addaa qunnamuu danda'an dandamachuuf kan gargaaru tarsiimoo dandamannaa rakkoo 'Risk management strategy' qopheeffatee qabaachuu qaba.
- Dhaabbatichi kaffaltii tajaajila eegumsa naannoo *"Payment for Ecosystem Services"* irraa argate hojii misoomaaf akka fayyadamu xiyyeeffannoon irratti hojjechuu.

10.13. Sirna hordoffii fi deeggarsaa cimaa ta`e diriirsuudhaan hojii irra olchuu.

11. Kaayyoolee tarsimoo’aa, safartuulee fi hiika safartuulee.

| Kallattii hojii | Kaayyoo Tarsimoo’aa | Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa | Safa | Hiika safartuu |
|---|---|---|---|---|
| Faayinaansii | 1.Bu'aa guddisuu | 1.1 Bu’aa qulqulluu dabale | qr | Bu'aa qulqulluu Odiitii alaan mirkanaa'e kan waggaa sanatti/bara karoora misoomaa kanaa argame dha. |
| | 2.Galii dabaluu | 2.1.Galii dabale | qr | Galii waliigalaa madda adda addaa irraa waggaa sanatti /bara karoora misoomaa kanaa walitti qabame/argame walii galadha. |
| | 3. Bulchiinsa baajataa fi qabiinsa herreegaa fooyyessuu | Bulchiinsa baajataa fi qabiinsa herreegaa dabale | % | |
| | | 3.1 Baasii Bulchiinsaa fi Deeggarsaa xiqqaate | % | Qooda (ratio) baasiin bulchiisaa fi deeggarsaa baasii walii galaa irraa qabu baasii invastimantii fi baasii oomishaa waliin yeroo ilaalamu bakka yeroo ka`umsa ture irraa hir`achaa deemee dhibbantaa dhaabbatni murteessetti gad bu`uu jechuu dha. |
| | | 3.2 Baasii madalawaa xaawulaa/$M^3$ | qr | Baasii walii galaa xaawulaa $m^3$ tokko omishuuf giddu galeessaan bahe ta’ee miindaa hojjetoota kallattiidhaan warshaa irratti hojjetan fi baasii dhimma warshaa wajjin walqabatee bahuu biroo (fkn. durgoo, supha mashinaa, boba’aa, dibata fi kkf) ni dabalata. |
| | | 3.3 Bu'a qabeessumaa Workishooppii meeshaalee manaa fi Biiroo dabale | % | Gatii gurgurtaa walii galaa omisha meeshaalee manaa fi biiroo bara sana kessatti omishamee hir'isuu baasii walii galaa omisha meeshaalee manaa fi biiroo omishuuf bara sana kessatti bahe (baasii omishaa dhedhii bara sana bitame bara itti aanutti darbe hin dabalatu) hiruu baasii omisha meeshaalee manaa fi biiroo omishuuf bara sana kessatti bahe*100) jechuu ta’ee, Mindaa hojjetoota kallattiidhaan workshooppicha irratti hojjetanii fi baasii adda addaa dhimma workshopichaaf bahe dabalata. |
| | | 3.4 Baasii madalawaa biqiltuu dhaabuu/Hek | qr | Baasii walii galaa biqiltuu heektaara tokko misoomsuuf giddu galeessaan bahu (Sanyii funaanuu hanga dhaabuutti) (miindaa hojjetoota distriiktotoa kallattiidhaan misooma irratti hojjetanii fi baasii dhimmaa dhaabbii biqiltuuf bahee kan biroo kan akka durgoo kkf dabalata) |

| Kallattii hojii | Kaayyoo Tarsimoo’aa | Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa | Safa | Hiika safartuu |
|---|---|---|---|---|
| | | 3.5 Baasii Madaalawaa kunuunsa Bosonaa/hek | qr | Baasii walii galaa Bosona heektara tokko kunuunsuuf giddu galeessaan bahu (Aramuu fi shoogaruu, Carabuu, Damee qoruu, haphisuu, latii haphisuu fi kkf) ta’ee miindaa hojjetoota distriktii kallattiidhaan kunuunsa Bosana irratti hojjetanii fi baasii dhimmaa kunuunsa bosonaatiif bahee kan biroo kan akka durgoo fi kkf dabalata. |
| | | 3.6 Qaabiinsa herreegaa fooyya'e | % | Hojii qabinsa herregaa waliigala keessaa hojii QH baayinaa fi qulqullinaan yeroo eegame keessatti giddugalessaan dhibbantaan raawwate |
| | 4. Itti fayyadama qabeenyaa fooyyeessuu | Itti fayyadama qabeenyaa dabale | | |
| | | 4.1 Yeroo hojii Warshaa dabale | sa'aatii | Warshaan tokko giddu galeessaan waggaatti waliigalaa sa'aatii hojjachuu qabu ta’ee, Karoorri taa’u baayina warshaan baayi’atee taa’u qaba. |
| | | 4.2 Yeroo hojii Maashinarootaa dabale | sa'aatii | Maashinariin (doozera, gireedera fi loodera) tokko giddu galeessaan waggaatti sa'aatii hojjachuu qabu jechuu dha. |
| | | 4.3 Tajajila konkolaataa fe'uumsaa fi Tiraakteraa dabale | $M^3$/year | Konkolaataa/Tiraakterri tokko g/g waliigalaa waggaatti hanga $m^3$ hojjechuu qabu dha. |
| | | 4.4 Itti fayyadama gamoolee fi manneeni dabale | % | Gamoolee fi manneen dhimma adda addaaf ijaaramanii kiraaf karoorfamanii jiran waggaatti qarshii fiduu qaban keessa hanga galii argamsiisuu danda’an jechuudha. |
| | | 4.5 Reetii Qisaasa Qabeenyaa hir'ate | % | Qisaasama qabeenya gosa kam iyyuu sadarkaa (rate) itti manca’u ykn badu xiqqeessuu dha. (Sakata'iinsan mirkanaa'a), kunis yeroo hojii Warshaa, mashinarii, konkolaataa fe’umsaa fi traaktara, manneenii fi gamoolee hin dabalatu. |
| Maamiltoota/ lammii | 5. Amantaa Ummaatni dhaabbata irrati qabu Guddisuu | 5.1 Amantaa Ummataa dabale | % | Amantii Ummata naannoo bosonaa hojii waliigalaa dhabbatichi hojjechaa jiru irratti qabu ta’ee kunis sakata'iinsaa ji'a jahatti yeroo tokko gaggeeffamuun kan mirkanaa'u dha. |
| | 6. Itti quufiinsa maamilaa dabaluu | 6.1. Itti quufiinsa maamilaa dabale | % | Dhaabbatni lammiilee sadarkaa kam irratti argamuuf tajaajila kenneef irraa itti quufinsa argame jechuu dha. kunis Sakatta’insa maammila keessaa fi alaa irraa argamuun mirkanaa’a. |
| | 7. Maamila dabaluu | Maammila dabale | | |

| **Kallattii hojii** | **Kaayyoo Tarsimoo'aa** | **Safartuu kaayyoo tarsiimo'aa** | **Safa** | **Hiika safartuu** |
|---|---|---|---|---|
| | | 7.1 Maamila ture | % | Mamila ijoo fi sadarkaa tokkoffaa bara duraa turanii walii gala keessaa bara itti aanus akka turan ta'e dha. |
| | | 7.2. Maamila haaraa dabale | Lak | Lak mamila ijoo fi sadarkaa tokkoffaa wagga waggaan haaraa dabalame dha. |
| | 8.Gahee gabaa omisha bu'aa Bosonaa guddisuu | Gahee gabaa omisha bu'aa bosonaa dabale | % | |
| | | 8.1. Baayyina omishaa mukaa gabaaf dhiyaatee guddate | $M^3$ | Omisha xaawulaa fi oomishaa dheedhii bu'aa bosonaa dhaabbatni gabaaf dhiyessuuf karoorfate ta'ee raawwate. |
| | | 8.2. Gahee gabaa (*market share*) dabale | % | Omisha xaawulaa fi oomishaa dheedhii bu'aa bosonaa biyyittiin karoora misoomaa waggaa kudhanii kessatti dhiyeessuuf karoorfatte keessaa dhibbantaa dhaabbatni dhiyessuuf karoorfate ta'ee Ka'umsi dursee sakatta'insaan beekamuu qaba. |
| | | 8.3. Gurgurtaa Omisha meeshaalee manaa fi Biiroo dabale | qr | Omisha meeshalee manaa fi Biiroo dhaabbatni dhiyessuuf karoorfate qarshiidhaan raawwatame ta'a. |
| | | 8.4. Baayyina oomisha NTFP | ton | Omisha bu'aa bosonaa muka hintaane NTFP dhaabbatni dhiyessuuf karoorfate Tooniidhaan raawwatame ta'a. |
| Adeemsa Hojii Keessaa | 9. Misooma Bosonaa fooyyeessuu | 9.1.Misooma Bosonaa daangaa keessatti dabale | hek | Bosona daangaa Dhaabbataa keessatti lafa duwwaa fi lafa bosonaa irraa omishame irratti misoome dha. |
| | | 9.2. Misooma Bosonaa Hawaasa Naannoo Bosonaa dabale | hek | Bosona lafa Qonnaan bulaa ykn lafa waliinii irratti deeggarsa adda addaa Dhaabbatichi taasisuun hawwasni hirmaatee misoomu jechuu dha. |
| | 10. Eegumsa Bosonaa Fooyyeessuu (Forest Conservation Improvement) | 10.1. Ittisa ibidaa hojjatame. | km | Ittisa ibiddaa waliigala konseeshinii Dhaabbatichaa keessatti hojjatame. |
| | | 10.2 Qabiyyee lafa qonnaa Qoteebulaa lafa bosonaa keessa jiraachuu qabanii daangeffame. | hek | Lafa Bosonaa daangaa namoota seera qabeessa ta'anii bosona keessa turuu qabani murteeessuuf hojii daangessuu lafa bosonaa gaggeeffamu dha. |

| Kallattii hojii | Kaayyoo Tarsimoo’aa | Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa | Safa | Hiika safartuu |
|---|---|---|---|---|
| | | 10.3 Bosona hirmaannaa ummataatiin bulu dabale. | heek | Bal'ina bosonaa waldaa hawaasaa fi Dhaabbatichi waliin bulchuuf waliigalteen raawwatame. |
| | | 10.4 Namoota qubannaa seeraan alaa Bosona keessaa bahan. | lakk | Baayyina namoota qubannaa seeraan alaa Bosona keessaa bahan. |
| | | 10.5 lafa bosonaa Namoota Seeraa alaan qabamee ture hirate | heek | Bal'ina lafa bosonaa seeran ala qabamee ture bara karoora misoomaa kana kessatti akka gadi-dhiifamu taasifame ta’ee ragaan ka’umsaa dursee hektaaraan adda bahe beekamuu qaba. |
| | | 10.6 Lafa Bosonaa karoorri Bulchiinsa Bosonaa qopha’eefii hojiiirra oole. | heek | Bosona Dhaabbatichaan bulu keessaa waggaa keessatti bal'ina bosonaa namaan misoomee fi uumamaa karoorri bulchiinsa bosonaa qophaa'ef ta’ee, seenaa kompartimentii bosona namaan misoomee wagga waggaan galmeeffamaa deemudha. |
| | | 10.7 Lafa Bosonaa sartafikeeta abbummaa argate dabale | heek | Lafa Bosonaa danga’ee harka dhabbatichaa jiru keessaa Bara karoora misoomaa kana keessa Labsamee qaama dhimmi ilaaluun sartafikeettiin abbummaa dhabbatchaaf kenname jechuu dha. |
| | 11. Qulqullina dabaluu | Qulqullina dabale | | |
| | | 11.1 Omisha Istandardii isaa eeggatee oomishame dabale | % | Omisha walii galaa omishamu keessaa qooda omisha istandarii guutee omishame dha. Kun oomisha gudeelcha, xaawulaa, meshalee manaa fi Biiroo fi kkf kan dabalatu yoo ta'u tokkoo tokkoo omishalee isatandaardiin madaalamuuf maanuwaliin istandaardii qulqulina omishaa argisiisu dursee ni qophaa`a. |

| **Kallattii hojii** | **Kaayyoo Tarsimoo’aa** | **Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa** | **Safa** | **Hiika safartuu** |
|---|---|---|---|---|
| | | 11.2 Misooma Bosonaa Istanderdii eege dabale | % | Bal'ina bosona Dhaabbatichaa harkaan misoome walii galaa keessaa kunuunsi adda addaa taasifamuufii qabu keessaa kan kunuunsi istaandaardii eeggate taasifameef jechuu dha. Kun qulqullina sanyii, survival rate biqiltuu,Aramuu,Shoggaluu, damee qoruu, haphisuu, latii haphisuu, gaalee muruu, gufuu sirreessuu fi kkf kan dabalatu yoo kana madaaluuf maanuwaliin istandaardii qulqulina hojii argisiisu dursee ni qophaa`a. |
| 12. Omishaa fi Omishtummaa Industirii dabaluu | | Omishaaf omishtummaa industrii dabale | | |
| | | 12.1. Omishaa Xaawwulaa dabale | $m^3$ | Baayina Omisha xaawulaa daamenshinii adda addaa Bara karooraa misoomaa waggaa kudhanii keessatti omishame waliigala jechuu dha. |
| | | 12.2. Omisha meeshaalee Manaa fi biiroo dabale | Qr | Omisha meeshaalee manaa fi waajjiraa akaakuu adda addaa bara kaoorichaa keessatti omishame waliigala dha. |
| | | 12.3. Omishtummaa Warshaalee mukaa baqaqsuu dabale | $m^3$/hour | Warshaan muka baqaqsu tokko yeroo hojii irra jirutti g/galeessan sa'aa tokko keessatti baay'ina xaawulaa omishuu qabu jechuu dha. |
| | | 12.4 Omisha Komporsaatoo dabale | M3 | Baayina Omisha komporsaatoo bara kaoorichaa kessatti waliigala omishame dha. |
| | | 12.5 Omisha industrii biroo dabale | Qr. | Omishaalee industrii 12.1, hanga 12.4 jiranii ala dhabbatichi qabu fkn chipwood, particle board, veenirii, briikeetii, NTFP fi kkf bara karooraa kessatti omishame waliigala dha. |
| | | 12.5 Baayy’inaWarshaalee fiWorkishooppii dabale | lakk | Baayy’inaWarshaalee fiWorkishooppii dabale |
| | 13. Qindomina sektarootaa Fooyyeessuu | Qindoomina sekterootaa dabale | | |
| | | 13.1 Raawwii hojii qindoominaan hojjatamnii dabale | % | Raawwii g/galeessaa hojiilee qindoominaan hojjetaman kan akka bosona daangessuu, bosona daanga'e boordiin mirkaneessu, waldaa PFM hundeessuu, ragaa Namoota seeraa alaa bosona fi bakkeewwan eeggumsa bineensa bososnaa keessa jiranii fi bahuu qaban sakatta'uu, baasuu, kilabii EN hundeessuun sochii keessa galchuu, sanyii misooma sululaaf dhiyeessuu fi hojilee kkf ni dabalata. |

| Kallattii hojii | Kaayyoo Tarsimoo’aa | Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa | Safa | Hiika safartuu |
|---|---|---|---|---|
| | 14. Hirmaanna fi Fayyadamummaa hawwaasa dabaluu | 14.1. Baayy'ina namoota PFM, misooma bosonaa (konseeshiin ala), haawasa eeggumsa bososnaa nam-tolchee irratti hirmaatee, fi deeggaesa addaa addaa dabale. | lakk | Baay'ina namootaa waldaalee PFM keessatti hundeeffaman, Qonnaan bultoota ‘*out grower*’ fi bifa biraan deeggarsa Dhaabbatichaan lafa dhuunfaa ykn waliinii irratti misooma bosonaa gaggeessuu keessatti hirmaatan jechuu dha. |
| | | 14.2 Carraa hojii dabale | lakk | Baay'ina namootaa hojiilee Dhaabbatichi sanyii qopheessuu irraa kaasee hanga hojii warshaatti uumu keessatti hojjetan, miseensota IMX Dhaabbatichi walitti hidhamiinsa gabaa omisha bu'aa bosonaa irratti uumu irratti hirmaatan, hojii misooma fi eegumsa BB irratti hirmaatan fi carraa hojii dhaabbii Dhaabbatichi waggaa keessatti lamiileef uumu hunda fi hojiiwwan hafan biroo irratti kan hirmaatan ta’a. |
| | | 14.3. Faayidaa hawaasni PFM, oomishaa bosonaa fi bineensa bosonaa fi projektota hawaasaa irraa argate dabale. | qr | Faayidaa hawaasni bifa adda addaatiin: carraa hojiitiin, PFM, sanyii fi biqiltuu kennuun, omisha bosonaa adda addaa kennuun, deeggarsaa fi misooma bu'uuralee hawaasaa, qooda gurgurtaa bosonaa fi bineensa bosonaa fi kkf irraa aragate qarshiin yoo tilmaamamu dha. |
| | 15 . Omisha bu'aa bosona dabaluu | 15.1 Omisha bu'aa bosonaa Mukaa dabale. | $m^3$ | Bu'aalee mukaa adda addaa kan akka gudeelcha, utubaa, muka ijaarsaa, fi qoraan bosona Dhaabbatichi bulchu keessaa bara karoora misoomawaa waggaa kudhanii keessatti omishamu dha. |
| | | 15.2 Omisha bu'aa bosonaa Mukaa hin taanee dabale. | ton | Bu'aalee bosonaa muka hin taane adda addaa kan akka damma, leemmana, buna, ixaana, kuduraa, fi kkf bosona Dhaabbatichi bulchu keessaa bara karooraa misoomawaa waggaa kudhanii keessatti omishamu dha. |
| | 16. Kenna tajaajilaa fooyyessuu | 16.1. Kenna tajaajilaa fooya`e | % | Tajaajila Dhaabbatichi tajaajilamtoota ykn maamiltoota keessaa fi alaa adda addaatiif kennu foyya’aa deeme ta'ee kunis sakatta'insa taasifamuun kan beekamu ta’a. |
| | 17. Dhiyeessii Fooyyeessuu | Dhiyeessii dabale | | |
| | | 17.1. Dhiyeessii meeshaalee gurguddoo (warshaa, konkolaataa, motorcycle, generetor, traaktara, harvestor, maashinaroota) raawwatame | lakk | Baay'ina warshaalee (muka baqaqsaa, plywood, particle board, chipwood, fi kkf), konkolaattotaa fi maashinoota kan akka tiraakteraa, loodara, greedaraa, doozeraa fi kkf bara karoora kana keessatti dhiyaatani dha. |

| Kallattii hojii | Kaayyoo Tarsimoo’aa | Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa | Safa | Hiika safartuu |
|---|---|---|---|---|
| | | 17.2. Dhiyeessii meeshaalee fi tajaajilaa haala karoorfame yeroon raawwatame | Qar | Dhiyeessii meeshaalee lak 17.1 irratti ibsamaniin alatti bara baajataatti dhiyaachuuf karoorfaman keessaa kan dhiyaatan maallaqaan. |
| | 18. Invastimentii Bizinasii babal’isuu | Kappitaala investimentii (asset) dabale | qr | |
| | | 18.1. Investimentii biizinasii dabale | qr | Bu’aa dhabbatichaa guddisuuf Maallaqa pirojektoota adda addaa tiif akka oolu Bara karooraa kana kessa”invest” ta’uuf karoorfame dha. Kunis warshaalee haaraa muka baqaqsaa, plywood, particle board, chipwood, meeshaa manaa fi waajjiraa, ijaarsa gamoolee, bittaa sheerii, ijaarsa warshaa buna miiccuu, iko-tuurizimii fi kkf dabalata |
| | | 18.2 Bu'aa invastimaantii Biizinasii irraa argame dabale | qr | Investimentii bizinasii lakk 18.1 irratti taasifaman irraa bu'aa (dividend) waliigalaa bara karooraa sana keessa argame dha. |
| | 19. Misoomaa fi Eegumsaa Bineensa bosonaa fooyyeessuu | Misoomaa fi Eegumsa BB fooyya`e | | |
| | | 19.1 Uwwisa bakkeewwan eeggumsa BB dabale | $KM^2$ | Bal'ina lafa eegumsa BB haaraa $KM^2$ tiin konseeshinii keessaa fi alatti yeroo karooraa kana keessatti daanga'ee qaama dhimmi ilaallatuun mirkanaa'e. |
| | | 19.2 Bakka eeggumsa BB dabale | Lak | Baayina lafa eegumsa Bineensa Bosonaa haaraa Lakkoofsaan bara karoorichaa keessatti daanga'ee qaama dhimmi ilaallatuun mirkanaa'e. |
| | | 19.3 Lakk. BB ijoo lafa eeggumsaa keessatti dabale | Lak | Lakkoofsa bineensota ijoo adda ba’anii ibsaman bakkeewwan eegumsa BB keessatti sakatta'insa ogeessaatiin argame ta'ee akkaataa sakatta'insi itti gaggeeffamuu manuwaaliin hojii akka jiraatu ta'a. |
| | | 19.4 Lafa eeggumsa bineensa bosonaa seeraan ala qabame ture hir’ate | % | Lafa Eegumsa Bineensa Bosonaa karaa seeraan ala faayidaa biroof oolee jiru gara faayidaa kayyeffameef deebi'ee akka ooluu danda’uuf bara karoorichaa keessa lafa EBB Namoota seeraan ala irraa gadlakkisame jechuu dha, kunis kan beekamu sakatta'insa uwwisaa (vegetation cover) suuraa satalaayitiin mirkanaa'u ta'a. |

| Kallattii hojii | Kaayyoo Tarsimoo’aa | Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa | Safa | Hiika safartuu |
|---|---|---|---|---|
| | | 19.5. Karoora bulchiinsa paarkii qophaayee hojirra oole | Lak | Lakkoofsa Paarkotaa bara karooraa kana keessatti karoorri bulchiinsa (*management plan*) qophaa'eefii hojiirra oole. |
| | | 19.6. Bu’uuraalee misoomaa bakka eeggumsa BB dabale | Qr | Bu’uuraalee misoomaa hojii eeggumsaa Paarkota barbaachisan yeroo karoora kana keessatti guutaman qarshiidhaan kan tilmaamamuudha. |
| | 20. Itti fayyadama BB fi galii guddisuu | Itti/fayyadama BB dabale | | |
| | | 20.1. Kootaa bineensa bosonaa adamfamu dabale | lakk | Baayyina bineensa bosonaa waggaa waggaan gabayaa adamoo bineensa bosonaatiif kennamu dabale. |
| | | 20.2. Baayyina Bineensa Bosonaa adamsame dabale | Lak | Baayina Bineensa Bosonaa bara karooraa yaadame keessatti akka adamsamu kootaa kennamee adamoon raawwatame. |
| | | 20.3. Galii Adamoo bineensa bosonaa dabale | Qr. | Galii adamoo bineensa bosonaa irraa argamu dabale. |
| | 21. Ittifayyadama Iko-tuurizimii guddisuu | 21.1. Bakka Iko-Tuurizimii haraa dabale | Lak | Bakka gahumsa tuuristii haaraa qoratamee misoomee hojirra oole. |
| | | 21.2. Baayyina Daawwattootaa guddate | lak | Lakkoofsa daawwattoota/Namoota biyya keessaa fi alaa bara karooraa kana keessatti bakka hawwata tuurizimii Dhaabbatichi bulchu daawwatan dha. |
| | | 21.3. Galii Iko-Tuurizimii dabale | Qr | Galii iko-tuurizimii tajaajila adda addaa irraa argamu yeroo karooraa kana keessatti argamu dha. |
| Ijaarsa Dandeet tii | 22.Humnaa fi gahumsa gaggeessitoota fi | Humna raawwachiistummaa dabale | | |
| | | 22.1. Raawwii mana hojichaa dabale | % | Raawwii mana hojichaa madaallii Iskorkaardii bara karooraa kana keessatti qabxii g/galeessaa argame dha. |

| Kallattii hojii | Kaayyoo Tarsimoo’aa | Safartuu kaayyoo tarsiimo’aa | Safa | Hiika safartuu |
|---|---|---|---|---|
| | hojjatootaa guddisuu | 22.2. Baayyina humna namaa dabale | Lak | Baayina humna namaa haaraa dhaabbii bara karoora kan keessatti qaxaraan fi jijjiirraa alaatiin gara Dhaabbatichaatti dabalaman jechuu dha. |
| | 23. Aadaa fi naannoo hojii fooyyessuu | Aadaa fi naannoo hojii fooyya’e | % | |
| | | 23.1 Itti quufinsa hojjataa dabale | % | Tajaajila fi faayidaa barbaachisaa ta’e yeroo isaa eege gahumsaan dhaabbaticha irraa argachuun gammachuu hojjettootni itti fufinsaan argatan jechuu dha. Kunis sakatta'insa yeroo yeroon taasifamuun kan mirkanaa'u ta’a. |
| | | 23.2 Gadi lakkisa hojjataa xiqqaate | % | Gadi-lakkisa hojjetaa sadarkaa duraan jiru irraa waggaa waggaan akka xiqqaata deemu taasisuu jechuu dha. |

## 12. Mannii fi Tarsiimoo Raawwii

### 12.1. **Bu'aa guddisuu**

Dhaabbata bu'aaf hundeeffame kan akka DHBBO tiif gudunfaan hojiilee fi kallattiin madaallii sadarkaa tokkoffatti kaa'amu maamila caalaa Faayinaansii dha. Kan waan ta'eef, hojii hojjatamu hundaa kessatti guddinni bu'aa jiraachuun murteessaa dha. Bu'aa qulqulluun; bara baajataa tokko keessatti galiiwwan kan akka gurgurtaa omisha Bosonaa fi Bineeneensa Bosonaa, galii investimentii, Omisha industirii fi kan biroo sassabbaman irraa baasiiwwan bulchiinsaa, Omishaa, dullumaa qabeenya dhaabbii fi gibirri bu'aa hir'atee maallaqa argamudha.

Bu'aan Faayinaansii itti fufiinsa hojii Dhaabbatichaatiif hedduu barbaachisaa ta'uu isaa irraa kan ka'e Dhaabbatichi bu'aa Faayinaansii gahaa fi haala wal-irraa hin cinneen dabalaa deemuu baannaan digamuu fi kufuu illee ni danda'a.Kanaaf Dhaabbatichi tarsiimoo hojii ball'aa ta'e baasuun bu'aa isaa yeroodhaa yerootti haalli itti fooyyessuu danda'u irratti hojjechaa deemuun dirqama dha. Kun kan agarsiisu hojimmaata Dhaabbata tokkoo keessatti dhimmi bu'aa Faayinaansiitiin walqabatu hunda caala murteessaa ta'uu isaati. Bu'aan kun maallaqnii fi qabeenyii biroo Dhaabbatichaa hojiiwwan bu'aa Faayinaansii guddina itti fufiinsa qabuu fi amansiisaa ta'e fiduu dandaa'anii irratti 'invest' gochuutiin kan argamu ta'ee, dhibbantaan 95 Mootummaaf galii kan ta'uu fi dhibbantaan 5dhaabbata irratti hafee hojii addaaf kan ooluudha.

Haaluma walfakkaatuun Dhaabbatni bosonaa fi bineensa bosona Oromiyaa dhaabbata galii mataa isaattiin bulu waanta'eef madda galii isaa heddumeessudhan, hojiiwwan bu'aa dabalataa argamsiisan (value addition) irratti xiyyeeffachuudhaan, qisaasa Faayinaansii fi qabeenyaa xiqqeessuudhaan, fi kkf irratti hojjachuudhaan kaayyoon bu'aa guddisuu akka galma gahu ni taasifama.

Kanaafuu, bu'aa qulqulluu Odiitara alaatiin hin mirkannoofnne bara 2012 qr.11,908,893.00 ture maddawwan galii amma jiran gadifageenyaan xiinxaluudhaan sirna bu'a qabeessummaa isaanii dabaluuf dandeessisu diriirsuu fi hojiirra oolchuu, hojimmaata hojiilee maddawwan galii birootiin gaggeeffamanuu fooyyessuudhaan bu'a-qabeessummaa isaanii daraan dabalaa deemuu, fi baasiiwwan bu'aa hinargamsiisne haala inni hojimmaata dhaabbatichaa hinmiineen xiqqeessaa deemuunbara bara 2022tti qr. 295,760,387.00 tti guddisuuf bara 2013-2022tti bu'aa qulqulluu Qr. 1,699,577,655.00 galmeessuuf karoorfamera.

***Bu'aa: - Bu'aa dabale***

***Milkaa'ina: - Kaappitaala Dhaabbatichaa guddate,Guddinaa diinagdee keessattii shoora isaa dabale***

12.2. **Galii dabaluu**

Galii dabaluu jechuun, dhaabbatichi omishaalee fi tajaajila adda addaa qopheessuun gabaaf dhiyeessee gurguruudhaan maallaqa maddu yeroodha gara yeroottitti dabalaa deemuu jechuudha.

Hojiwwan eegumsa, kunuunsa fi misooma bosonaa fi bineensa bosonaan dabalatee hojiiwwan Dhaabbatichi karoorfatee hojjatu hundaaf baajata barbaachisaa ta'e maddisiisuu fi bu'aa qulqulluu argatee diinagdee biyyaa keessatti gumaachuuf galii guddisuun barbaachisaadha.

Milka'ina kanaatiif omishtummaa hojiiwwaan industrii bosonaa adda addaa cimsudhaaf warshaalee MDF (*particle board), chipwood, plywood*, warshaalee xaawulaa fi meeshalee mana fi wajiiralee oomishan, warshaa buna miiccu hammayya'aa ta'an akkasumas maashinii Damma qulqulleessu galchuudhaan; omisha MDF, chipwood, plywood (komparsaatoo), xaawulaa, buna miiccame, Damma qulqullaaye, zayitii baargamoo, fi kkf bu'a qabeessa ta'a haala ittifufiinsa qabuun argamsiisan xiyyeeffannoon kan hojjatamu ta'a.

Haaluma kanaan bara karooraa 2012 tti galii qr. 447,075,885.76 argame ture yeroo karoora kana keessatti , maddawwan galii omisha Industrii bosonaa, Omisha bu'aa bosonaa mukaa fi Omisha NTFP (buna miiccame, Damma qulqullaaye, zayitii baargamoo,shimala), galii dividandii bittaa aksiyooniiwwan adda addaa, tajaajila kiraa gamoowwan adda addaa, gurgurtaa bineensa bosonaa fi Iko-turiizimii fi maddawwan galii biro irra bara 2022tti galii qr.1,903,627,228.41 guddisuun bara karoora kanatti 2013-2022tti qr.12,835,072,264.00sassaabuufkaroorfamera.

**Bu'aa: Galii Dhaabbaticha dabale**

**Milkaa'ina: bu'aa dabale**

## 12.3. **Bulchiinsa baajataa fi Qabniisa herreegaa fooyyessuu**

Bulchiinsa baajataa fi Qabniisa herreegaa fooyyeessuun sirna hammayya'aa ittifayyadama baajataa si'achiisu, haala salphaa ta'een hojii irraa oolchuun danda'amu, baasii fi galiin hojii guyyaa guyyaa haala ifaa fi salphaa ta'een beekuu dandeessisu diriirsuun bu'a qabeessuummaan itti fayyadama baajataa kan itti mirkanaa'uudha.

Bulchiinsi baajataa fi qabiinsi herreega yoo fooyyaa'e hojiilee hunda keessatti fayyadamni baasii haala ifa ta'ee, qisaasa hir'isu fi bu'a qabeessa ta'een akka raawwatan ni taasisa. Fooyya'iinsi sirni bulchiinsa baajataa yoo jiraate hojiileen bittaa akka saffisan, oditiin salphaatti akka gaggeeffamu ni dandeessisa.

Kana dhugoomsuuf karoorri qophaa'u hojiiwwan ijoo ta'an wal duraa duubaan kaa'uun baajata murtaa'aa jirutti fayydamuun baasii madalawaa xaawulaa/$M^3$ bara 2012tti giddu galeessaa qr4494.00 dhimmoota hojii omishitummaa dabaluuf gargaaran fayyadamuun omishitummaa dabaluun dhuma bara karoora kanatti xaawulaa/$M^3$ giddu galeessaan qr. 4,047.88 omishuun bu'a qabeessumma warshaale giddu-galeessan %52tti guddisuun, bu'a qabeessumaa workishooppii meeshaalee manaa fi biiroo dabale %55 guddisuun,baasii hojii dhaabbii biqiltuuf bahu iddoo galamaa'u qabutti galmeessuun, baasii biqiltuu hawaasaaf bahuuf biqiltuu gurgurtaaf qophaa'uuf bahu baasii madaalawa biqiltuu dhaabbii dhaabbata keenyaa keessaatti akka hin qabamnne gochuun baasii madalawaa dhaabbii biqiltuu heektaara tokkoo bara 2012tti kaffaltii gabaa dabaluu danda'u tilmaama keessa galchuun qr 7,181.00 ture dhuma bara karoora kanatti qr. 8,937.77 hin caalleen hojjechuun, akkasumas baasii madaalawa kunuunsa bosonaa hektaara tokkoo qr.787.00 ture dhuma bara karoora kanatti qr.1,576.28 hin caalleen hojjechuun, baajataa fi qabiisa herreegaa "soft ware" galmeessaa fi qabiinsa herreggaa, hammayya'aa fi gahumsa qabu qorannoon adda baasuun hojiirra oolchuun,Araarsa herreega baankii ji'a ji'aan gaggeessuun, hordoffii fi gamaaggama raawwii hojii fi itti fayyadama baajataa irratti xiyyeeffannoo guddaa kennuun qaama hunda sadarkaa adda addaatti argamuuf hubannoo uumuun , herreega waggaa yeroon cufuun, herreega waggaa Oditara alaatiin qorachiisuun, yaada oodiitara alaan kennamee hir`isuun dhuma bara karoora kanaattiBulchiinsa baajataa fi qabiinsa herreegaa %98tti fooyyessuuf karoorfamera.

***Bu'aa: Bu'a qabeessummaa baajataa dabale***

***Milkaa'ina: Bu'a dabale***

## 12.4. Ittifayyadama qabeenyaa fooyyeessuu

Qabeenyi haala bu'a-qabeessa ta'een hojii irrayoo oole jiraachuu Dhaabbatichaa keessatti iddo ol'aanaa kan qaba. Kana waan ta'eef, hojii misoomaa, itti fayyadamaa, kunuunsaa, fi eegumsa bosonaa fi bineensa bosonaa, hojii industirii bosonaa, hojii babal'ina 'business' fi 'investment' gaggeessuuf haala seera qabeessa ta'ee fi karaa saayinsaawaa ta'een itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Waan ta'eef, warshaan tokko waggaatti saa'ttii 1600 akka hojjetu gochuun,yeroo hojii Maashinarootaa waggatti sa'atii 1296 akka hojjetu gochuun,konkolaata fe'umsaa fi Tiraaktaraa midhaman suphaa wali irraa hin cinne taasisuun, konkolaataa fi tiraaktari hojii malee dhaabbatu dameedha gara dameetti soch'ee akka hojjetu gochuun yeroo hojii malee dhaabbatan xiqqeessuun giddu-galeessan waggaatti m3-1920 akka geejibuu gochuun,gamoowwan dhaabbatichi tajaajila kiraa fi faayydama keessatiif ijaarsisu hunda % 100n tajaajila akka kennan gochuun,qabeenya faayidaan ala ta'an maqsuudhaan, to'annoo keessaa cimsuunkiraa sassabdummaa maqsuu fi hojmaata badaa sirreessuun,"soft ware" itti fayyadama qabeenyaa too'achuu dandeessisu hammayya'aa fi gahumsa qabu qorannoon adda baasuun hojiirra oolchuunhojjattotaaf hubannoo kennuu fi hordoffii itti fufiinsa qabu gaggeessuundhuma bara karoora kana 2022tti ittifayyadama qabeenyaa %95tti fooyyessuuf karoorfamera.

***Bu'aa: Ittifayyadama qabeenyaa fooyya'e***
***Milka'ina: Bu'a qabeessummaa qabeenyaa dabale***

## 12.5. Amantaa Uummatni Dhaabbata irratti qabu Guddisuu

Naannoo keenya keessatti sirna bulchiinsa qabeenya Bosonaa fi Bineensa Bosonaa eegee tursiisuu danda'u diriirsuun, Omisha fi tajaajila hawaasni barbaadu haala si'ataa, gatii madaalawwan, qulqullina qabuun, loogii irraa bilisa ta'ee haala iftoomina qabuun hojii Bosonaa fi bineensa Bosonaa irratti hirmaannaa ummataa mirkaneessuudhaan Dhaabbatichi Uummata biratti maqaa gaarii akka horatuf hojjachuun barbachiisaadha.

Qabeenyi Bosonaa fi Bineensa Bosonaa ball'aa fi ummata gidduutti faca'ee argamu waan ta'eef, misoomni, eegumsi fi itti fayyadamni isaa hirmaanna hawaasatiin ala mirkana'uu waan hin dandeenyeef Ummata fi qooda fudhatoota waliin qindoominaan hojjachuudhaan amantaan hawasni dhaabaticha irratti qabu dabaluun murteessaa ta'a.

Kanaaf, hojii misoomaa, eegumsa fi itti fayyadama Bosonaa fi Bineensa Bosona gaggeeffamu kamiyuu haala hirmaachisaa ta`ee fi iftoomina qabuun karoorfachuu, hirmaannaa uummataa raawwachuu, faayidaa hawaasini qajeelifaman argachuu qabu yeroon akka argatan fi bu`aa argame ilaalchisee yeroo yeroon gamaaggama gaggeessuun dhuma bara karoora kanatti amantaa Uummatni Dhaabbata irratti qabu %92 gahuuf karoorfamejira.

***Bu'aa: Hirmaannaa uummataa gama hundaan dabale***

***Milkaa'ina: Amantaa uummataa dabalee***

12.6. **Ittiquufinsa maamilootaa dabaluu**

Maamiltonni tajaajila isaaniif kennamu irratti gammachuu akka horataan taasisuun itti quufiinsa maammiltoota dabaluun barbaachisaadha.

Maamiltoonno Omisha fi taajaajila dhaabbaticha irraa argatanitti quufuu baannaan, bituuf fedhii waan dhabaniif omisha fi tajajilli gurguramuu qabu hanga barbaadame milkaa'uu waan hin dandenyeef galma Dhaabbatichaafiixaan baasuun rakkisaa ta'a.Kanaaf kenna tajajjila fi omishaa keenya irratti maamiltoonni akka itti quufan taasisuuf hojjachuun barbaachisaa ta'a.

Kana milkeessuuf hojmaatni Dhaabbatichaa, qulqullinni omishaa,Istandardii Omishaa, kenni tajaajilaa, gatiin omishaa fi kkf fedhii maamilaa giddu galeessa haala taasiseen qopheessuu fi dhiyyeesuun yoo danda'ame qofaadha. Kanaaf Dhaabbatichi fedhii maamilaa qorachuun adda baasuun tajaajilaa fooyya'aa fi qulquliina qabu akkasumas odeeffannoo yeroo isaa eeggate haala iftoomina qabuun dhiyeessuu irratti hojjachuun maamilaa waliin marii idilaa'a gagggeessun walitti dhufeenyaa maamlila waliin jiru fooyyeessuun dhuma bara karoora kanatti itti quufinsa maamilaa % 100 mirkanneessuuf karoorfamera.

***Bu'aa: Ittiquufiinsa maamilaa dabale***

***Milkaa'ina: Galii dabale***

12.7. **Maamilaa dabaluu**

Omishaa fi tajaajilli gabaaf dhiyaatu fedhii fi faayidaa maamilaa haala itti fufiinsa qabun guutee yoo argameemaamilli jiru itti gammaadudhaan dhaabbaticha waliin yeroo dheeraf itti fufuu danda'e fi maamilli haaraa haawwachuudhan yeroo yerotti dabalaa akka deemuu taasisuun dhaabbatni gabaa keessatti dorgomaa ta'uuf murteesadha.

Kana dhugo'oomsuuf Dhaabbatichi qorannoo gabaa (market survey) gaggeessuun qulqullinna omishaa fooyyessuu, si'ayina kenna tajaajilaa dabaluu, dhiyeessa omishaa fi tajaajilaa dabaluu, gatii omishaa fi tajaajilaa madaalamaa gochuu, odeeffannoo yeroo isaa eeggate maammiltootaa kennuu, walitti dhufeenya maammiltootaa fi Dhaabbatichaa fooyyessuu fi iftoomina hojii dabaluun maamiltoota bara 2012, 308 turan dhuma bara karoora kanaa bara 2022tti 501tti guddisuuf karoorfame jira.

***Bu'aa: Maamila turee fi haaraa dabale***

***Milka'ina: Baay'ina gurgurtaa dabale, Galii dabale,***

12.8. **Gahee gabaa omisha bu`aa Bosonaa dabaluu**

Gahee gabaa dabaluu jeechuun omishaa bosonaa bara karooraa kana keessatti biyyatiin dhiyeessuuf karoorfate keessaa qooda fudhaachuudhan oomisha bu`alee Bosonaa gabaa biyyaa fi biyya alaatti dhiyyeessuu dhaan ammantaa gurgurtaa ( sale volume) dhabbatichaa dabalaa deemuu jechuudhaa**.**

Kana dhugo'oomsuuf Dhaabbatichi dhiyeessii akka biyyaatti karoora misoomaa waggaa kudhanii keessatti karoorrifame beekuudhaan sana keessaa qooda dhiyeessu danda`uu murteessuun kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf qulqullinna omishaa fooyyessuu, si'ayina kenna tajaajilaa dabaluu, dhiyeessa omishaa dabaluu, gatii omishaa madaalamaa gochuu, odeeffannoo yeroo isaa eeggate maammiltootaaf kennuu, walitti dhufeenya maammiltootaa fi Dhaabbatichaa fooyyessuu, fi iftoomina hojii dabaluun kan hojjechuudha.

Gahee gabaa omisha bu'aa bosonaa dabaluuf omisha industrii bara 2012tti gabaaf dhiyaate M3 17,402.480 ture dhuma bara karoora bara 2022tti m3 113,708.190 gahuun bara 2013-2022tti m3 951,232.410 gabaafdhiyeessuuf karoorfame jira. Kunis omisha xaawulaa m3 488,474.83, Omisha MDF m3 313,968.38, fi omkisha ply wood m3 148,789.21 kan hammatuudha.

Gama biraattinOmisha bu'aa bosonaa bara 2012tti gabaaf dhiyaate M3 237,006.70 ture bara 2022tti 101,740.83 gadi buusuun bara karoora kanaa 2023-2022tti omisha Omisha bu'aa bosona mukaa gaatiraa faranjii m3-300,976.750, baargamoo m3 1,795,764.63 waliigala m3-2,096,741.38 gabaaf dhiyeessuuf karoorfame jira.

Gama biraattin Omisha bu'aa bosonaa muka hin taanee (NTFP) bara 2012tti gabaaf dhiyaate (Tone) 462.00 ture bara 2022tti toonii 58,873.89 tti guddisuun bara karoora kanaa 2023-2022tti omisha Omisha bu'aa bosona mukaa hin taanne omisha shimala tooni 344,792.00,omisha Dammaa,Bunaa fi Haphee/Ixaana toonii 5,427.47waliigala bu'aa bosonaa muka hin taanee toonii 350,219.47 gabaaf dhiyeessuuf karoorfame jira.

Kana gochuudhaanDhaabbatichi caalmati galii gudisuudhaan bu`a qabeessumma isaa haala amansiisa ta`een mirkanneessuu irratti dabalee hanqina omishaa sektara kanaa biyyitti keesatti mul`atuu furuudhaan omishaa sharaaffa biyya alaattii galu xiqqeessuuf i gumaachaa isaa bahuuf kan hojjetamudha.

**Bu'aa Gahee gabaa Omisha bu`aa Bosonaa dabale**

**Milka'ina: Ammantaa gurgurtaa dabale**

12.9. **Misooma bosonaa foyyeessuu**

Misooma bosonaa fooyyeessuu jechuun, sanyii mukaa filatamaa ta’an qopheessuudhaan daangaa dhaabbtichaa keessaa fi alatti hojii misoma bosonaa baball’isuu jechuudha.

Haala itti fufinsa qabuun misooma bosonaa babal`isaa deemuun DhBBBO tiif filannoo utuu hin taane dhimma jiraachuu fi dhiisuu ta`uun beekamaadha. Waan ta`eef bara hunda`e irraa eegalee dhaabbatichi misooma bosonaa akka toora xiyyeeffannoo guddaa tokkotti qabatee lafa bosonaa konseeshiiniidhaan qabatee bulchaa jiru keessatti lafa haaraa fi omishni bosonaa irraa omishame irratti, akkasumas uwwisa bosonaa naannichaa dabaluu fi hawwaasni bosona mataa isaa qabaatee akka irraa fayyadamuu fi fedhii bu`aa bosonaa qabu guutachuuf jecha bosona uumamaa irra dhiibbaa akka hin geessisne gochuuf jecha biqiltuu fi deegarsa oogummaa kennuun hawwaasni naannoo bosonaa lafa qabu irratti bosona akka misoomsu taasisaa turee jira.

Haaluma kanaan bara karoora 2013-2022 kana keessa haala fooyya`aa ta`ee fi fedhii mootummaan biyyattii uwwisa bosonaa guddisuuf hojjechaa jiru wajjin wal simuun hojii kana itti fufsiisuuf jecha biqiltuu bara 2012 lakkoofsaan 13,012,441qopha`ee dhaabbatee ture bara 2022 ti gara biqiltuu111,869,255 ti guddisuun waggoota 10 dhufan keessa waliigala biqiltuun 540,568,851qoheessuun daangaa dhaabbatichaa keessatti lafa hektaara13,618.45irratti ofii isaa Fi

daangaa isaa ala immoo lafa hektaara51,460.75irratti Hawwaasaa naannoo bosonaa jiraatuun waliigala lafa hektaara65,079.20irratti misoomni bosonaa akka gaggeeffamu karoorfamee jira.

Karoora olitti ibsame irraa akka hubachuun danda`amu sababa rakkoo lafa dhaabbii irra kan ka`e misoomni bosonaa waggootii 10 dhufan keessa daangaa dhaabbatichaa keessatti gaggeeffamuuf karoorfame yeroo kan hawwasni naannoo bosonaa jiraatu misoomsu wajjin wal bira qabamee ilaalamu 58 % tiin gad bu`ee mul`ata. Garaa garummaa kana dhiphisuuf Waggoota kurnan dhufan kana keessa Dhaabbatichi qaamolee mootummaa dhimmi ilaalu wajjin qindoominaan hojjechuun rakkoo lafa dhaabbii mudate hiikuun lafa argatee garaagarummaa mul`ate kana xiqqeessuudhaan daangaa isaa keessatti hojii kana xiyyeeffannoo addaa kennee karooraan kan qabame caalaa bal`inaan kan hojjetu ta`a.

Gama biraatiin qoophii biqiltuu ilaalchisee haala kanaan dura baratameen, jechuun sanyii  irraa qofa biqiltuu qopheessaa itti fufuu irraa maloota biroo fooya`aa ta`anitti jijjiruun Fkn “cloning, Tissue culture” fi kkf fayyadamuun biqiltuu kallattii maraan fooya`aa ta`e qopheessee misooma Bosonaa omisha istaanderdii isaa eeggate yeroo gabaabaa keessatti argachuuf dhaabbatichi inistitiyuutii qorannoo Bosonaa fi eegumsa Naannoo federalaa, ICRAF/PATSPO fi dhaabbilee biroo dhimma kana irratti hojjechaa jiraniif yaada qorannoo dhimma kana wajjin wal qabatu kennuu dabalatee qindoominaan hojjechuun, bu`aa qorannootiin  argamu bu`ureeffachuun bara karooraa kana keessa bara 2017 irraa eegalee biqiltuu daangaa dhaabbatichaa keessatti dhaabbachuuf wagga waggaatti qopha`u keessaa biqiltuu10-30 % tti tilmaamamu maloota fooya`oo ta`an kana fayyadamuun qopheessuuf xiyyeeffannoo addaan kan hojjetamu ta`a.

Dabalataanis hojii misooma bosonaa biyyattii walii galaaf kan oolu sanyii mukaa fooya`aa ta`e argachuuf hojiin Orchaardii sanyii mukaa hundeessuu dhaabbata qorannooICRAF/PATSPO jedhamu wajjin jalqabamee jiru fi damee Finfinneetti hanga ammaatti waliigala gosa mukootaa 7 distriiktota subbaa sabbataa irratt gosa 6 fi Baha shawwaatti gosa 1 hunda`ee,haala wal fakkaatuun Damee Arsii keessatti bara 2012 kana keessa orchaardii sanyii gosa mukootaa 5 hundeessuuf itti deemamaa jiru akkuma jirutti ta`ee bara karoora (2013-2022) kana keessa illee dameelee biroo keessatti dabalataan hundeessuun kan itti fufu ta`a.

Biqiltuu dhaabuu qofti misooma bosonaa babal`isuu waan hin dandeenyeef keessumaa misooma bosonaa hawwaasa naannoo bosonaa jiraatuun gaggeeffamuuf karoorfame ilaalchisee hojiilee

kunuunsaalalisa isaa (survival rate) dabaluu danda`an hojjechuun barbaachisaa fi dirqama guddaa ta`a. kana milkeessuuf biqiltuu hawwaasaaf waggoota kurnan dhufan keessa qoha`uuf karoorfame keessaa kan dhimma adda addaaf deegarsaan tola kennamu 15 % irraa kan hafe biqiltuun qophaa`u hundiyoo xiqqaate gatii qophiif itti bahe kaffalchiisuun(cost recovery system) hawwaasaaf kan kennamu ta`a. kun kan taasifamu dhaabbatichi faaydaa galii addaa akka argatu karoorfamee utuu hin taane namni kam iyyuu biqiltuu tola argate irra biqiltuu maalaqa xiqoo taatu illee baasee bitateef xiyyeeffannaa guddaa kennee kunuunsee lalisa isaa dabaluun guddisee kaayyoo misoomni bosonaa itti gaggeeffamaa jiruu milkeessuu waan danda`uufii dha.

Bu'aa: Misooma bosonaa dabale,

Milkaa'ina: Omisha bu'aa bosonaa dabale, Uuwwisa dabale

## 12.10. **Eegumsa Bosonaa Fooyyeessuu**

Kaayyoon hundeeffama dhaabbata bosonaa fi bineensa Bosona oromiyaa inni guddaan eegumsa bosonaa keessatti hirmaannaa hawwaasa naannoo bosonaa jiraatuu fi qooda fudhatootaa dhugoomsuun mancaatii bosonaa, badinsa lubbuu qabeeyyii bosona wajjin walitti hidhaminsaan jiraatanii xiqqeessuu fi hawwaasni hojii kana irratti hirmaatee hojjechuu isaatiin faayidaa bosona irra argamu qooduuu dhaan jiruu fi jireenya isaa akka fooya`u taasisuu dha.

Haa ta`u male dhaabbatichi gaafa hundaa`e irraa eegalee kana dhugoomsuuf tattaaffii guddaa taasisaa turu illee kan dura ture waliin yammuu ilaalamu sadarkaan isaa haa fooyya`ullee male mancaatiin bosonaa rakkoo guddaa itti fufee jiru ta`uu haaluun hin danda`amu. Kana waan ta`eef eegumsa bosonaa cimsuun mancaatii bosonaa xiqqeessaa deemuun barbaachisaa fi dirqama dhaabatichaa waan ta`eef furmaata rakkoolee mancaatii bosonaa xiqqeessuu danda`an irratti bara karoora kana (2013-2022) keessa xiyyeeffanoon irratti hojjechuuf karoorfamee jira.

### 12.10.1. Qabiyyee Lafa Qonnaan Bulaa Daangaa Bosona dhaabbatni bulchuu keessa jiraachuu qabanii Daangessuu fi Namoota seeraan ala lafa bosonaa qabatanii jiran baasuu

Qonnaan bultootni jalqaba utuu bosonni hin daanga`iin seenanii bosona dhaabbatichi bulchaa jiru keessaa qabiyyee kan akka Bunaa, mi`eessituu, kudraa fi mudraa adda addaa, lafa jallisii fi kkf qaban, lafti isaanii daanga`ee dhaabbaticha wajjin walii galtee taasisanii mirgi ittti fayyadamuu akka argatanii fi erga daanga`ee booda warri seenan immoo yeroo bosonni irra deebiin daanga`u adda bahanii seeraan akka keessaa bahan qajeelfama Bosona mootummaa

dhaabbatni bosonaa fi bineensota bosonaa oromiyaa bulchu irra deebiin daangessuuf bara 2000 mootummaa naannoo Oromiyaatiin bahee amma illee hojii irra jiru ni ajaja.

Haata`u malee, kaayyoo kana galmaan ga`uuf yeroo bosonni irra deebiin daangefamaa ture haalli ragaan dhimma kanaaf barbaachisu itti sasabamaa ture damee irraa dameetti garaagarummaa kan qabu waan tureef akka qajeelfamni kun jedhutti hojjetanii murtee bosona keessa tursuu fi baasuu irra gahuun rakkoo guddaa ta`ee hanga ammaatti turuu danda`ee jira.

Hojii kana raawwachuufjecha erga gaafa qajeelfamichi bahee hojii irra oolee jalqabee hanga ammaattigama dhaabbatichaan yaalii cimaan taasifamaa turu illee, sababa sekteroonni dhimma kana hojii irra oolchuuf gahee qaban qindoomanii hojjechuu dhabbuu irraa kan ka`e tattaaffiin taasifamaa ture milkaa`uu hin dandeenye. Hojiin kun hojjetamee xumuramuu dhabuu isaatiin bosonni manca`e guddaa fi tilmaamuun rakkisaa ta`uu irra iyyuu namootiin kun haala kanaan utuu bosona keessa jiranii yeroo yerootti haaraa kan galaa jiran illee to`achuuf rakkoo guddaa ta`ee tureera, amma illee hiika hin arganne. Kanaafuu rakkoon kun atattamaan furmaata akka argatu taasisuun mancaatii bosonaa sababa kanaan qaqabaa jiru xiqqeessaa deemuun baay`ee murteessaa dha.

Kana waan ta`eef bal`ina qabiyyee qonnaan bultootaa bosona keessaa turuu qabanii fi bal`ina lafa bosonaa seeraan ala qabamee jiruu ragaan qabatamaan ibsu waan hin jirreef akka tilmaama ogeessota miseensa koree karoora kanaatti lafti bosonaa381,165.70 Ha.fi 215,898.13ha. lafa bosona uumamaa dhaabatichi bulchu keessaa 15% fi 10% kan ta`u walduraa duubaannamoota keessa turuu qabanii fi bahuu qabaniin qabamee jiraachuu danda`a jedhamee waan itti amanameef namootni kun haala kanaan dura turaniin itti fufuun mancaatii bosona kan kanaan durature caalaa hammeessaa deemuu waan danda`uuf hanga bara 2014 tti guutummaa guutuutti warra keessa turuu qabaniif lafti qabatan safaramee dhaabbata wajjin walii galtee akka uuman, akkasumas warri bahuu qaban akka bahan karoorfamee jira.

Hojii baayee ulfaataa kana yeroo jedhame keessatti raawwachuuf **tofti inni guddaan** akkaataa qajeelfamni bara 2000 bosona mootummaa irra deebiin daangessuuf bahee hojii irra jiru ajajutti bulchiisni aanaalee bosonni bosonni mootummaa sababa rakkoo kanaan manca`aa jiru keessatti argamu hundi abbumaatiin hojii kana fudhatanii qaamolee dhimmi ilaalu qindeessanii akka hojjechiisan yoo taasifame qofaa waan ta`eef mootummaan Naannoo Oromiyaa qajeelfamni kun humna godhatee hojii irra ooluun akka itti hojjetamu akka taasisuuf DhBBBO bara baajetaa

2013 kana irraa eegalee kaka`umsa guddaa fodhatee dhimma kana mootummaa biraan geessisuuf boqannaa tokko malee halkanii fi guyyaa hojjechuun irraa eegama.

**12.10.2.Lafa Bosonaa fi Bineensa bosonaa daanga'e Boordii Gorsitootaan mirkaneessuu fi sartifikeetii abbummaa akka argatu gochuu.**

Bu`ura qajeelfama bara 2000 "bosona irra deebiin daangessuuf" mootummaa naannoo Oromiyaa tiin bahee hojii irra jiruun bosonni DhBBBO tiin bulu hundi daangeffamee xumuramuun ni beekama. Haa ta`u malee Damee Baalee irraa kan hafe dameeleen biroo bosona daangessan baay`ee isaa sababa adda addaatiin boordii gorsitootaan mirkaneesisanii hanga ammaatti dhaabbataaf waan hin dhiyyeessineef qaama mootummaa dhimmi ilaalutti dhiyyeessuun dhabbatichi hanga ammaatti sartifikeetii abbummaa bosona fi bakkeewwan eegumsa bineensa bosonaa bulchaa jiruu fudhachuu hin dandeenye. Kanairraa kan ka`e abbumaan bosona dhaabbatichi bulchaa jiruu qaama seeraa bira yammuu gahu shakisiisaa ta`uuf dhimmoonni tokko tokko sababa dhabamuu raga abbummaa kanaan mana murtiitti dhaabbata irratti murtaa`uu irratti argamu.

Rakkoo dhimma kana wajjin wal qabatu atatamaan hiikuun dhaabbatichi bosona bulchaa jiru irratti abbummaa akka gonfatu taasisuuf bara karooraa (2013-2022) kana keessa bosona2,172,730.37 ha. hanga ammaatti boordii gorsitootaan utuu hin mirkanaa`iin dameelee adda addaa keessatti argamu bara 2013 keessa1,862,619.98 ha.fikan hafe bara 2014 keessa 310,110.39 ha. boordii gorsitootaan akka mirkana`ee xumuramu taasisuun, lafa bosonaa waliigala 3,612,890 ha. dhaabbatichi bulchaa jiru hanga bara baajetaa 2014 tti sartifikeetii abbumaa akka argatu taasisuuf xiyyeeffanaa addaan hojjechuuf karoorfamee jira.

Hojii lafa bosonaa daangaan xumurame mirkaneessuu fi sartifikeetii abbummaa argachuu kana yeroo kaa`ame kana keessatti raawwachuuf boordii gorsitootaa fi Biiroo Bulchiisa fi itti fayyadama lafaa Oromiyaa wajjin qindoominaan hojjechuun tofta filannoo biroo hin qabne ta`ee mul`ata. Kana waan ta`eef dhaabbatichi kana milkeessuuf nuffii malee halkanii fi guyyaa irratti hojjechuun baayee murteessaadha.

### 12.10.3. Hojii hirmaannaa Hawwaasaan Bosona Bulchuu (PFM)

Bosonni qabeenya bal`aa faca`ee hawwaasa naannoo bosonaa jiraatu gidduutti argamudha. Kana waan ta`eef qabeenya kana eeguu fi kunuunsuu, akkasumas qaama kam iyyuu caalaa mancaasuus kan danda`u hawwaasa naannoo sana jiraatu dha. Kaayyoon hundeeffama dhaabbata

kanaas inni guddaa fi olaanaan hirmaannaa hawwaasaan qabeenya kana eeguu, kunuunsuu fi hojii kana irratti waan hirmaateef hawwaasni naannoo bosonaa faayiida akka irraa argatu taasiisuuf ta`uun ni beekama. Haaluma kanaan DHBBBO bara hunda`e irraa eegalee waldaalee bulchiisa bosonaa dura qaama adda addaan hundaa`un jiran jajjabeessuu fi haaraa ijaaruun hojii eegumsa bosonaa hirmaannaa hawwaasaan hojjechaa jira. Ammas haaluma kanaanhawwaasa waldaan ijaaruun eegumsa bosonaa irratti hiriirsuun toftaalee eegumsa bosonaa kam irra iyyuu bu`aa qabeessa waan ta`eef itti fufinsaan hojii irra oolchuun barbaachisaadha.

Kana waan ta`eef lafa bosona uumamaa hanga ammaatti hawwaasni waldaatiin irratti ijaaramee bulchaa hin jirre1, 206,875.49 ha. Irratti bara karoora kanaa keessa bara 2013 irraa kaasee hanga bara karooraa 2016 tti waldaalee506 miseensota87,996 tti tilmaamamu qabuu irratti ijaaruun hirmaannaa hawwaasaa jala galee akka eegamu taasisuuf karoorfameera.

Hojii kana yeroo ka`ame kana keessatti xumuruun ulfaataa ta`u illee mancaatii bosonaa hammaataa qaqabuu danda`u hambisuuf jecha qindoomina sekteroota dhimmi ilaaluu kan yeroo kami irra caalaa jabeessuun, dhaabbilee miti mootummaa fi deegartoota adda addaa baajetaa fi muuxannoo gahaa hojii kana irratti qaban barbaaduun hirmaachisuu fi bakka bu`oota hawwaasa hojii kana irratti hirmaatanii bakka hojiin PFM kanaan dura milkaa`ina gaariin hojjetamaa jiru geessuun muuxannoo fi faayidaa irraa argamuu danda`u akka hubatan taasisuun hojii kana milkeessuuf akka dhaabbataatti hojjechuun baayee murteessaa dha.

muuxannoo hanga ammaatti jiruun, eegumsi bosonaa hirmaanaa waldaalee bulchisa bosonaan gaggeeffamaa jiru bosona waldaan irratti hin ijaaramne wajjin wal bira qabamee yammuu ilaalamu fooya`insa haa qabaatu iyyuu male mancaatiin bosonaa jiraachuun sakata`insa yeroo adda addaa gaggeefamaa tureen beekuun danda`amee jira.

Walumaa galatti hanqinaaleen rakkoo olitti ibsameef ka`umsa ta`an:-

a) waldaaleen bulchisa bosonaa karoora hojii waggaa haala idilaa`een qabaachuun bu`ura sanaan hojjechaa kan hin turree fi dhaabbatnis yeroo rakkoon mancaatii baosonaa qaqabuu odeeffannoo argatu qofa waldaalee qunnamuun rakkoo uumame hiikuuf yaalii taasisuu irraa kan darbe haala idilaa`een karoora waldaalee irratti hunda`uun hordoffii, deegarsaa fi gamaagama raawwii hojii waldaalee taasisee tarkaanfii barbaachisaa fudhachaa deemaakan hin turre ta`uu
b) Erga bosonni dhaabbatichaa hirmaannaa hawwaasaan akka bulu waldaalee bulchiisa bosonaaf kennamee kaase hanga ammatti sababa hirmaannaa hawwaasaan buluu isaattiin

jijjiramnibosona irratti dhufe sakata`amee beekamuu fi bu`aa sakata`insaa irratti hunda`uun tarkaanfii barbaachisaa ta`e fudhachuu dhabuu

c) Waldaaleen bulchiisa bosonaa tokko tokko akkataan itti ijaaraman hanqina waan qabuuf maqaan isaanii jiraachuu irra darbee hojii bu`aa qabeessa hojjechaa kan hin turre ta`uu fi gama dhaabbataanis kana sirreessuuf waan itti deemame kan hin turre ta`uudha.

Hanqinaaleen olitti ibsaman kun furmaata argatanii hojiin eegumsa bosonaa waldaalee bulchiisa bosonaan gaggeeffamu bu`aa qabeessa ta`ee mancaatiin bosonaa akka xiqqaatu taasiisuuf waldaalee buleeyiin karoora hojii waggaa qabachuun akka hojjetan, jijjirama bosona eegumsa waldaa jala jiru irratti dhufe yoo xiqqaate waggaa 3 keessatti al tokko waldoota irratti sakata`insa taasisuun tarkaanfii barbaachisu fudhachuu fi waldaalee dadhabanii jiran deebisanii ijaaruun bara karooraa kana keessatti hojiin mancaatii bosonaa xiqqeessuu bal`inaan ni hojjetama.

### 12.10.4. Sirna eegumsa bosona fooyya`e hojii irra oolchuu

Mancaatii bosonaa xiqqeessuuf sirna eegumsabosonaa hirmaachisaa fi bu`aa qabeessa ta`e qabaachuun baayee murteessaadha. Sirni eegumsaa bosonaa, keessumaa kan bosona nam-tolchee kanaan dura dhaabbatichi fayyadamaa ture waardiyaa qaxaruun bosona eegsisuu yammuu ta`u hawwaasni naannoo bosonaa jiraatuu fi caasaan gandaa qabeenya bosonaa ganda isaaniitti argamu eeguu fi eegsisuu keessatti gaheenhojii ifa ta`ee isaan hirmaachisu kan hin turre ta`uun ni yaadatama. Kana waan ta`eef qaamni baayee murteessaa ta`e kun dhimma eegumsa bosonaa fagoo dhaabbachuun ilaaluu fi rakkoo waardiyaan dhimma kanaaf qaxaramee hojjechaa jiru bosona eegaa jiru irratti uumaa ture balaaleffachuu irra darbee eegumsa bosonaa keessatti gumaacha akka qabaatan sirni affeeru hin turre.Waardiyyoonni baay`een bosona akka eegan imaanaa itti kenname gidduu galeessa godhachuun haala gahumsa qabuun eegaa hin turre. Kana irraa kan ka`e biqiltuun dhaabate Beelladaan cacabee fi namoota seeraan alaan buqa`ee manca`aa tureera.Bosonni omishaaf qaqabee jiru illee hatamaa fi samamaa tureera. Bakka tokko tokkotti immoo eeguu dhiisuun isaanii akkuma jirutti ta`ee waardiyoonni tokko tokko mataan isaani imaanaa mootummaan itti kenne dagachuun ofii isaanii utuu hin hafiin hannaa fi hachisiisuu keessa galanii akka jiran qorannoo dhaabbatichi dhimma mancaatii fi bulchiisa bosonaa ilaalchisee bara 2010, akkasumas rakkoo sirna eegumsaa fi gahumsa humna eegumsaa ilaalchisee bara 2011 gaggeesseen adda baasuu dande`ee jira. Maddi rakkoolee kanaa sirni eegumsa bosonaa dhaabbatichi diriirsee ittiin hojjechaa ture(gaurd system) rakkoo qabaachuu fi

waardiyaan eegumsaaf qaxaramee hojjechaa ture illee sababa adda addaatiin gahumsa waan hin qabneef ta`uun qorannoolee olitti ibsamaniin bira gahuun danda`ameera.

Bosona uumamaas ilaalchisee bakka hedduutti eegumsi isaa hirmaannaa waldaalee eegumsa bosona seeraan hunda`anii jiraniin haa raawwatu iyyuu male akkuma bosona nam-tolche irratti mul`ate hanqinni hirmaannaa caasaa fi hawwaasa ganda bosonichi keessaatti argamuu keessa jiraatuu waan tureef sirnichi hirmaachisaa haa fakkatu iyyuu male qaawwaa guddaa waan qabuuf bakka baay`eetti bosonni waldaalee bulchiisa bosonaan eegamaa jiraatu illee hanga barbaadame mancaatii irraa bilisa ture jechuun hin danda`amu. Rakkoo sirna eegumsaa fi gahumsa humna eegumsaa ilaalchisee qorannoo bara 2011 dhaabbatichi gaggeesseen dhimmi kun sirriitti adda bahee jira.

Akka walii galaatti dhaabbatichi sirna eegumsa bosonaa caasaa gandaa fi Hawwaasa naannoo bosonichaa jiraatu haala itti gaafatamummaa qabuun hirmaachise qabaachuu fi humni eegumsaa illee gahumsa cimaa haala qabachuu danda`uun akka ijaaramuu qabu bu`aan qorannoo kanaa agarsiisee jira.

Haaluma kanaan eegumsa bosona namaan misoomee qaama sadii (DHBBBO, Caasaa Ganddaa fi Hawwaasa naannoo bosonaa jiraatu) hirmaachisuu fi eegumsa bosona uumamaa qaama afur (DHBBBO, Waldaalee bulchiisa bosonaa, caasaa gandaa fi hawwaasa gandaa) hirmaachisee hojjechiisuu danda`u diraaftiin qajeelfama sirna eegumsa bosona fooya`aan qopha`ee Boordiitiin akka mirkana`u eegamaa jira.

Kana waan ta`eef qajeelfama sirna eegumsa bosonaa fooya`aa kana atatamaan boordii mirkaneesisuun hojii irra akka oolu taasisuun mancaatii bosonaa qaqabuu danda`u xiqqeessuuf tofta filatamaa waan ta`eef bara baajetaa 2013 irraa eegalee bara karooraa 2013-2022 kana keessa xiyyeeffannoo addaa kennuun kan irratti hojjetamu ta`a. Sirni kun haala qabatamaa ta`een lafa irra bu`ee hojii irra yoo oole toftaalee eegumsa bosonaa biroo wajjin qinda`uun mancaatii bosonaa xiqqeessuu keessatti gumaacha olaanaa ni qabaata jedhamee abdatama.

### 12.10.5. Hojii balaa Abidda bosonaa ittisuu fi to`achuu

Sababoota hedduu qabeenya bosona irra miidhaa geessisan keessaa balaan Abiddaa isaa tokkoo fi isa gurguddadha. Sababni ka’umsa balaa Abiddabosonaa hedduu yoo ta’aan achi keessaa warri gurguddaa fi muraasni: lafa bosonaa keessatti bosona gubuun qonnaa babal`isuu fi lafa qonnaa jiru qulquleessuu, nyaata beellaadaaf margi haala gaariin akka biqilu gochuuf, ilbisaa fi maxxantoota horii ittisuuf, Bosona keessaa Albuuda baasuu fi damma omishuu, bu’aa bosonaa

kan akka cilee, qoraan, xaawulaa omishuu, Abidda bosonaa gammoojii fi bakka ho`aa ta`ee ofiin ka`uu fik,k,f. dha. Balaa abiddaa haala kanaan akka salphaatti ka`u kana irraa kan ka`e qabeenyii bosonaa fi paarkootiin naannoo keenyaa fi biyyatiin qabduu fi hektaarota kumaatamatti lakka’amu haala gaddisisaa ta`eenakka salphaatti guyyota muraasa keessatti barbada’aa kan ture ta`uun beekamaadha. Kana hambisuuf bu’uura misoomaa fi human namaa guutuu irra darbee hirmaannaa hawaasa naannoo dabalatee qindoomina qaama hundaa ni gaafata.

Bu`ura kanaan dhaabbatichi bara karoora 2013-2022 tti bosona bulchaa jiru balaa abiddaa irraa eeguuf toora ittisa Abiddaaa (fire break) 634.02 km fi saqalaa eegumsa Abiddaa iddoo barbaachisaa ta’etti akka ijaaramu ni hojjetama.

Dabalataanis dhaabbatichi bara karooraa kana keessa qaamolee dhimmi ilaalu wajjin qindoomuun

a. Tuutni ittisa balaa Abiddaa (fire crew) leenjifame namoota naannoo bosona mootummaa jiraatan keessaa akka ijaaraman ni hojjeta.
b. Meeshaalee fi keemikaalootni Abidda dhaamsuuf gargaaraan biyya keessas ta’ee biyya alaatii bitamee akka dhiyyaatuu fi bakka balaan Abiddaa bosonaa sodachisu tti kuufamee faayidaa irra akka oolu gumaacha ni taasisa.
c. Balaan Abiddaa yoo ka’e dhaamsuuf kan gargaraan naannoo bosona mootummaa gurguddaatti haroon bishaan itti kuufamu akka hojjetamu hirmaannaa ni taasisa.
d. Bosona mootummaa naannoo Oromiyaa gurguddaa ta’an keessatti iddoo Heelii kopterii (xiyyari) itti qubatu akka qopha`u hojii hojjetamu keessatti gahee isaa ni baha.
e. Balaan Abiddaa ka’uu isaa kan mirkanneefate caasaan mootummaa kamiyyuu dhabbatoota mootummaa fi dhuunfaa akkasumas uummata naannoo qindeessuudhaan tarkaanfii Abiddaa dhaamsuuf barbaachisaa ta’e fudhaachuu akka danda`amu hubannoo uumuu keessatti hirmaannaa olaanaa ni taasisa.
f. Waldaaleen bulchiisa bosonaa hirmaachisaan (PFM)ijaaramanii bosona bulchaa jiran balaan Abiddaa ka`ee bosona eegaa jiran akka hin gubne ittisa isaa irratti cimsanii akka hojjetan hubannoo wal irraa hin cinne ni kenna.

***Bu’aa: mancaatii Bosonaa xiqqaate***

***Milka’ina: Qabeenya Bosonaa tursuu***

## 12.11. **Qulqullinaa dabaluu**

Qulqullinaa misoomaa, Omishaa fi tajajilaa dabaluun jechuun ademsa hojii misooma bosonaa keessatti sanyii qopheessuu irraa eegale hanga faayidaaf gahutti xiyyeeffaannoon misoomsuu fi kunuunsuu, omisha industirii haala fedhii maamilaa guutuu danda'uun istandardii eeguun omisha mudoo (defects) hin qabne omishuun, akkasumas tajaajila gahumsa qabu fi hawaasa biratti fudhatama qabaatee jaalatamaa ta'ee dhiyaatu dabaluu jechuudha.

Misooma bosonaa daangaa keessaa fi alaatti gaggeeffamu qulqullina isaa eegun guddisuudhaan omisha bu'aa bosonaa dheedhii fi dhumataa, akkasumas tajaajila gahumsa qabaatee dorgoomaa ta'ee fedhii mammilaa guutu gabaaf dhiyeessuun gurgurtaan Dhaabbatichaa dabalee galii fi bu'aa guddisuu keessatti murteessaa waan ta'eef qulqullina irratti xiyeeffannoon hojjachuun barbaachisaadha. Kanaafu, Dhaabbatichi galii isaa caalmaan guddisuu fi babbal'isuuf omisha fi tajaajila baayy'inaa fi qulqullina (*quantity and quality*)eeguudhaan maamilaaf dhiyeessuu irratti hojjachuun irraa eegama.

Galma gahiinsa kaayyoo kanaatiif Dhaabbatichi hojii misooma bosonaa sanyii filatmaa fayydamauun biqiltuu qulqullina qabu qopheessuu, omishaa bu'aa bosonaa sadarkaa isaa akka eegu gochuuf hojiiwwan kunuunsa bosonaa kan akka damee qoruu, haphisuu, latii haphisuu fi kkf raawwachuu, qulqullina omisha industirii dabaluuf warshaalee dulloomaan suphuu fi hammayya'aa ta'an galchuu, humna namaa yerodhaa yerotti cimsuu fi kkf raawwachuun qulqullinni omishaa fi tajaajilaa akka dabalu ni taasifama. Kana gochuudhaan amantaa maamilli Dhaabbaticha irraa qabu dabalee galii Dhaabbataa guddisuun ergama isaa galmaan gahuuf ni dandeessisa.

Omisha bosonaa kallattii hundaan qulqullina qabu argachuuf bosonni misoomuu gaafa biqiltuun dhaabatee irraa eegalee hanga omisha dhumaaf gahutti kunuunsa barbaachisaa ta`e argachuun murteessaadha. Haaluma kanaan hojiiwwan kunuunsa bosonaa qulqulina omisha bosonaaf gumaachan haala saayinsii fi maanuwwaalii hojiilee kanaaf qapha`ee ittiin hojjetamaa jiruun hojjetamee qulqulina misooma bosonaa bara 2012 tti 76 % irra ture bara dhuma karoora kanaa jechuun bara 2022 tti 94% irraan gahuuf ni hojjetama.

***Bu'aa: qulqullina dabale***

***Milka'ina: Itti quufiinsa maammiltootaa dabale/ Galii dabale***

## 12.12. **Omishaa fi Omishtummaa industirii bosonaa dabaluu**

Omishaa fi Omishtummaa industirii bosonaa dabaluu jechuun; mala adda addaa fayyadamuun humna warshaalee kallattii hundaan (Suphaa, Humna namaa gahuumsa qabu, dhiyeessii fi kkf) cimsuudhaan; hanga omisha warshaan tokko yeroo murtaa'e keessatti omishu qabu akka omishu taasisuun; omisha walii galaa industirii dabaluu jechuudha.

Carraa gabaa ball'aa biyyaa keessaa fi alaa jiru fayyadamuun Omisha bu'aa bosonaa dheedhii irratti duudhaa dabaluun (value addition) madda galii fi bu'aa Dhaabbatichaa cimsuu fi babbal'isuun barbaachisaa waan ta'eef omishaa fi omishtummaa Industirii guddisuu irratti xiyyeeffannoon hojjachuun barbaachisaadha.

Milka'ina kanaf teekinoloojii haaraa maddisiisuun, madaqsuun fi babal'isuun, akkasumas, mi'a dheedhii warshaaf oolu qulqullinaan dhiyeessuu, humna namaa gahumsa qabu horachuu, Meeshaalee jijjirraa yeroon dhiyeessuu, Suphaa barbachisaa ta'e yeroo fi qulqullinaan gaggeessuu, fi kkf guutuu fi kan humni isaa fooyya'uu hin dandeenye maqsuun omishaa fi omishtummaa industirii bosonaa dabaluuf hojjatmuu qaba.

Bara karooraa 2012 ti omisha industrii bosonaa 22,026.64 m3 waliigala warshaan omishame gabaaf kan dhiyaate ture yammu ta'u bara 2022 ti gara 113,708.19 $m^3$ ti guddisuun waggootii kurnan (2013-2022) dhufan keessa walii gala omisha 941,607.37 m3 omishuun gabaati dhiyyeessuuf karoorfamee jira

Bara karooraa 2012 ti omisha xaawulaa 21,762.45 m3 waliigala warshaan omishame gabaaf kan dhiyaate ture hojii omishtummaa warshaalee muka baqaqsaa dabalan kan akka warshaa haaraa dabaluu,maashiinota biro omishtummaa dabalan akka "edger fi trimer" dabaluun bara 2022 ti gara 51,280.00 $m^3$ ti guddisuun waggootii kurnan (2013-2022) dhufan keessa walii gala omisha 478,849.78 m3 warshaalee dhaabbataan omishuun gabaaf dhiyyeessuuf karoorfamee jira.

Omisha MDF naannoo Finfinneetti ni dhaabbata jedhame qorannoon isaa xumurame jiru ilaalchiiee Dhaabbannii qophii duraa omishaaf barbaachiisuu bara 2013-2014 tti xumuruun gara omishaatti bara 2015 ti ni jalqaba jedhame karoorfame jira. Haaluma kanaan bara 2015 irratti 25,457.14 m3 omishuun kan jalqabu ta'e omishtummaa isaa dabaluun bara 2022 gara 42,428.63 $m^3$ ti guddisuun waggootii kurnan dhufan keessa walii gala omisha 313,968.38 m3 omishuun gabaati dhiyyeessuuf karoorfamee jira.

Omiha Komparsaatoo ilaalchiisee bara karooraa 2012 ti omisha Komparsaatoo 264.19 m3 waliigala warshaan omishame gabaaf kan dhiyaate ture yammu ta'u warshaa komparsaatoo Jimmaan amma omishamaa jiru bara 2018ti haaromsuun fi warshaa Komparsaatoo haaraa tokko Magaalaa Assalaatti Dhaabbannii qophii duraa omishaaf barbaachiisuu bara 2013-2014 tti xumuruun bara 2015 ti gara hojiitti akka galuu taasisuun bara 2022 ti gara 20,000.00 $m^3$ ti guddisuun waggootii kurnan (2013-2022) dhufan keessa walii gala omisha 148,789.21 m3 omishuun gabaati dhiyyeessuuf karoorfamee jira.

Omiha Meeshaalee manaa fi Biroo ilaalchiisee bara karooraa 2012 ti qr.32,627,717.11 waliigala warshaalee Damee industrii Shaggar,Arsii fi Jimmaan omishame gabaaf kan dhiyaate galiin kan argame yammu ta'u warshaalee kan bifa ammayyaa'aa ta'een haala qorannoo taasifameen bara 2013-2015 haal-dureen barbaachiisu hunda xumuuruu bara 2016 ti gara hojiitti galchuun galii amma argamaa jiru gara qr.241,803,139.00 ol guddisuun kan raawwatamu ta'e bara 2022 ti gara qr.413,483,366.52 ti guddisuun waggootii kurnan (2013-2022) dhufan keessa walii gala omisha qr. 2,721,392,177.64 m3 omishuun gabaati dhiyyeessuuf karoorfamee jira.

Akka waligalaatti karoorri bara karooraa waggaa kudhan (2013-2022) ti kaayyoo omishaa fi omishtummaa industrii dabaluuf karoorfame jiru kun baayyee hixataa jijjiirrama bu'uuraa Dhaabbata irratti kan fidu waan ta'eef Dhaabbanni galma gahiinsa kanaaf xiyyeeffannoon itti cichee hojjeechuu kan qabu dha.

***Bu'aa-Omisha industrii bosonaa dabale***

***Milka'ina:-Galii dabale, bu'aa dabale***

### 12.13. **Qindoomina Seekteerootaa Fooyyeessuu**

Dhaabbatni Bosonaa fi Bineensa Bosonaa Oromiyaa hojii misooma bosonaa fi bineensa bosonaa gaggeessu galmaan gahuu irratti qaamolee adda addaa wajjiin qindoominaan hojjachuun isaa dhimma filannoo hin qabne dha. Kana jechuun, hojiileen misooma, Egumsaa fi kunuunsa Bosonaa fi Bineensa bosonaa kam iyyuu caalaa wal-xaxaa fi eegumsa addaa waan barbaaduuf qaamolee bulchiinsa naannoo fi nageenyaa ta'an hundaa waliin karoora baasuu, hojjachuu, hordofuu, akkasumas rawwii hojii xiinxaluu fi kkf irratti waliin hojjechuu jechuu dha.

Kunis kan raawwatamu hojiilee murteessaa ta'an kan akka: balaa ibiddaa ittisuu, qubannaa seeraan alaa hambisuu, sirna bulchiinsa bosonaa fi Bineensa Bosonaa hirmaachisaa ta'e diriirsuu, babaliina qonna seeraan alaa hambisuu, hojiilee misoomaa dhimmoota jijjiirama qilleensaa xiqqeessuu hojjataman cimsuu, hubannoo uummataa cimsuu, adamoo Seeraan alaa hambisuu fi

kkf irratti qaamolee/dhimmamtoota adda addaa (fkn: hawaasa naannoo bosonaa, qaamolee Seeraa fi Haqaa, Bulchiinsa sadarkaa adda addaa, Abbaa Taayitaa Eeggumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa, Biiroo Qonnaa, Biiroo bulchiinsaa fi ittifayyadama lafaa, Komishiinii ENBJQ Federaalaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Bineensa Bosonaa Federaalaa, dhaabbilee miti-mootummoota, fi kkf) wajjiin qindoomina cimsuun irratti hojjechuun ni ta'a.

Hojii kana bu'a qabeessa taasisuuf hojmaata fooyya'aa ta'e diriirsuu, midiyalee fayyadamuun, meeshaa wal-qunnamtii adda addaa kan akka websitii fi kkf fayyadamuun hubannoo uumuun fi kaayyoon kun xiyyeffannoo kennameef haala idilaa'een qaamni hundi akka hojjetu gochuun kan raawwatamu ni ta'a.

Bu`uruma kanaan bara karooraa 2013-2022 kana keessa hojiiwwan eegumsa bosonaa fi bineensota bosonaa kan akka hawwaasa waldaa PFM tiin gurmeessuu, qabiyyee qonnaan bulaa bosona keessaa jiru galmeessuu fi safaruu, namoota seeraan ala bosona keessa galanii jiran bosona keessaa baasuu, bakkeewwan eegumsa bineensa bosonaa daangessuu fi mirkaneessisuu, bosona daange`e qaama dhimmi ilaaluun mirakaneessuu fi sartifikeettii abbummaa akka argatu taasisuu fi KKF. Haaluma karoorfameen yeroo karoorfame keessatti gutummaa gutuuutti hojjechuun qindoomina sekterootaa bara 2012 tti 56% ture bara 2013 irraa eegalee 100% tti guddisuuf karoorfamee jira.

***Bu'aa: Qindoomina dabale***

***Milkaa'ina: Misooma fi Eegumsa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa fooyya'e***

### 12.14. **Hirmaannaa fi Fayyadamummaa hawwaasa dabaluu**

Hirmaannaa fi fayyadamummaa hawwaasa naannoo Bosonaa fi bakkeewwan eeggumsa bineensa bososnaa dabaluu jechuun hawaasni miira abbummaa horatee hojii misoomaa waliigalaa (misoomaa, Eegumsa fi itti fayyadama Bosonaa fi Bineesa Bosonaa) gaggeeffamu keessatti hirmaatanii bu'aa misoomaa argamu irraa fayyadamaa akka ta'an taasisuu jechuudha.

Qabeenya bosona fi bineensa bosonaa konseeshiini Dhaabbatichaa keessa jiru haala barbaachiisa ta'ee fi itti fufinsa qabuun misoomsuu, eeguu, kunuunsu fi ittii faayyadamuun kan dandaa'amu hawaasni naannoo qabeenya kanaa jiraatu hojii bulchiinsa bosonaa fi Bineensa bosonaa irratti akka hirmmaatu fi fayydamuu yoo taasifame qofadha. Waan kana ta'eef, haala gurmaa'ee fi qindaa'een hawaasa ijaaruudhaan misooma eegumsaa fi itti fayyadama isaa irratti haala itti fufiinsa qabuun hawaasa hiraamachisuun barbaachisaa ta'a.

Haaluma kanaan, Dhaabbatichi hojiiwwan misoomaa, eegumsaa fi itii fayydama Bosonaa fi bineesa bosonaa gaggeessu keessatti Bulchiinsa Bosonaa fi Bineensa Bosonaa sagantaa PFM fi

eeggumsa bineensa bosonaa irratti ball’inaan hirmaachisuun, hawaasa naannoo bosona kallattiidhaan hojii misoomaa, eegumsa fi itti fayydama irratti hirmaachisuu, misooma bosonaa babl’isuuf sagantaa ’Extension’ fi ’Out grower’ irratti hirmaachisuun,fi kkf keessatti qooda akka fudhatan taasisuudhaan, carraa hojii argamu irraa, bu’aa bosonaa mukaa fi muka hin taane (Buna, Damma, Leemmanaa, Ixaanaa fi kkf )irraa, qooda gurgurtaa oomisha bu’aa bosonaa, Bineensa bosonaa fi turizimi irraa, deeggarsa maallaqaa kilabii atileetiksii Dhaabbatichaa, deeggarsa akkakuu (Omisha mukaa, Sanyii, biqiltuu fi kkf) irraa kallattiidhaan akka fayydaman taasisuu fi omishaalee adda addaa isaan omishaniif walitti hidhamiinsa gabaa biyya keessaa fi alaa uummun omisha isaanii gatii fooyya’aan akka gurguratan taasisuun kaayyoon kun akka milkaa’u kan hojjatamu ta’a.

Haluma kanaan bara karoora 2013-2022 kana hawaasni kallatti adda addaan hojii Dhaabbatichi gaggeessuu keessatti hirmaachuun faayidaa qr.2, 123,303,196.33 akka argatan taasisuuf karoorfame jira.

***Bu’aa*: *Faayidaa Haawaasani misooma irraa argatu dabale***

***Milka’ina: Jiruuf jireenya haawaasaa fooyya’e***

## 12.15. **Omisha bu'aa bosonaa dabaluu**

DHBBBO akkuma dhaabbilee misooma mootummaa kan biroo galii omisha bu`aa bosonaa fi Bineensa Bosonaa irra dameelee 9 irraa sasaabuun of bulchuu irra darbee bu`aa argamu irraa 95% mootummaa naannoo Oromiyaaf galii taasisaa jira. Galiin kallattiin Bosona irraa argamu omisha dheedhii bu`aa bosonaa mukaa, Xaawulaa fi ferniichera, akkasumas potenshaala jiru waan sirriitti hin fayyadamneef xiqqoo haa ta`u male Bu`aa bosonaa muka hin taane (NTFP) irraati.

Haaluma kanaan bara karoora 2013-2022 kana keessa hojii omisha bu`aa bosonaamukaa fi NTFP dabaluu bal`inaan ni hojjeta

### 12.15.1.Hojii Omisha Bu'aa Bosonaa mukaa Omishuu

Dhaabbatichi omisha bu`aa bosonaa mukaa kan akka gudeelchaa mukoota biyya alaa fi baargamoo (warshaa fi gurgurtaaf), utubaa humna ibsaa, muka ijaarsaa fi qoraaniif oolan qopheessuu fi dhaabbiitti gabaaf ni dhiyyeessa.

Haluma kanaan bara karoora 2013-2022 kana keessa omisha mukaa dheedhii 283,661.740 m3 bara 2012 walii gala warshaa fi gabaaf dhiyyaatee ture bara 2022 gara 375,937.16 $m^3$ ti guddisuun waggootii kurnan dhufankeessa walii gala omisha 4,324,626.85m3 warshaalee dhaabbataa fi gabaaf dhiyyeessuuf karoorfamee jira.

Dhaabbatichi tofta isaa jijjirrachuun omisha dheedhiikanaan dura baayinaan gabaaf dhiyyaachaa ture xiqqeessuun Bara karooraa kana (2013-2022) keessa baayeen isaa industrii bosonaadhaabbatichaattigalee sonni (value add) dabalamee galii dhaabbatichaa fooyeessuu akka danda`utti karoorfamee jira.

Haala olitti ibsame kanaan Karoorri dhaabbaataa barichaa (2013-2022) yammuu ilaalamu omishni dheedhii 41,924.00 m3 bara 2012 omishame walii gala keessaa 15 (%) qofti warshaa dhaabbatichaaf dhiyyaatee ture bara 2022 tti kan warshaaf dhiyyaatu gara omisha 274,196.33m3 tti akka guddatu tasifamee kan omishame waliigala keessaa 73% warsha akka galu karoorfamee jira. walumaagalatti waggootii kurnan dhufan keessa omisha bu`aa bosonaa mukaa 2,227,885.46.m3 omisha walii gala 4,324,626.85m3 keessaa 52% kan ta`u industrii dhaabbatichaaf dhiyyaatee cee`umsa industrii kan deegaru ta`a.kana jechuun akka walii galaatti bara karooraa 2013-2022 tti omishni dheedhiin gurgurtaaf dhiyyaatu (48%) xiqqaachaa kan deemu yammuu ta`u omishni dheedhiin industrii bosonaa dhaabbatichaaf dhiyyaatu(52%)immoo dabalaa kan deemu ta`a jechuudha.

### 12.15.2. Hojii Omisha bu'aa Bosonaa muka hin taanee (NTFP) omishuu

Bosona dhaabbatni bulchaa jiru keessa omishni qabeenya bu`aa bosonaa muka hin taanee (NTFP) hedduun jiraachuun ni beekama.Haa ta`u malee omishni kun hangam, eessa akka jiru fi haalli itti omishamee gabaaf dhiyyaachuu qabu sirriitti qoratamee tofti itti faayidaa irra ooluu danda`u qopha`ee waan hin jirreef dhaabbatichis ta`e hawwaasni naannoo bosonaa jiraatu bu`aa bosonaa kana irraa fayyadamaa miti jechuun ni danda`ama. Itti fayyadama qabeenya kanaa ilaalchisee hanqinni olitti ibsame akkuma jirutti ta`ee bu`aa bosonaa mukaa (timber forest product) irra darbee dhaabbatichi omisha kanaaf xiyyeeffannaa kennee hojjechuu fi hojjechiisuu dhabuun itti fayyadamni bu`aa kanaa gad aanaa akka ta`u sababoota taasisan keessaa isa guddaadha.

Kana fooyyeessuuf dhaabbatichi bara karooraa 2013-2022 kana keessa omisha Dammaa fi Leemmanaa/shimalaa irraatti xiyyeeffannoon hojjetamee amma danda`ametti faayidaa irra oolchuuf kan karoorfame yammuu ta`u bu`aalee NTFP hafan kan akka Buna bosonaa, Ixaanaa/haphee fi mi`eessituu adda addaa ilaalchisee karaa bu`aa qabeessa ta`een haalli itti omishamanii gabaaf dhiyyaachuu danda`an qorannoon (feasibility study) gaggeeffamee tofti itti omishaman akka qopha`u taasisuuf ni hojjetama.

### 12.15.3. Omisha Dammaa qopheessuun Gabaa biyya keessaa fi alaaf dhiyyeessuu

Omisha Dammaa bara 2012 toonii tokko (1) ture ol guddisuun bara 2022 tti toonii 559.8 tiin gahuuf, akka walii galaatti waggootii kurnan dhufan kana keessa (2013-2022) toonii 2,203.60 qopheessuun bara 2013-2016 tti gabaa biyya keessaaf, bara 2017 irraa eegalee Damma qulqulluu sadarkaa isaa eeggate gabaa biyya alaatti dhiyyeessuuf karoorfamee jira.

Tofti karoorri kun itti milkaa`uu danda`us **Omisha Dammaa bituu fi sona dabaluun gabaaf dhiyyeessuun ta`a.**kunis kan raawwatu Dameeleen Dhaabbatichaa Damma omishuu irratti xiyyeeffachuu caalaa hawwaasni naannoo bosonaa jiraatuu fi waldaaleen Bulchiisa bosonaa hirmaachisaa (PFM) bosona dhaabbatichi bulchu keessaa Damma omishan qulqullinni isaa eegame dhaabbataaf akka dhiyyaatu taasisuuf hawwaasaaf hubannoo gahaa fi deegarsi oogummaa kennamee dhaabbatnis gatii foyya`aatiin irraa bituun karaa ammayyaa`een calaluu fi biraandii fudhatama qabu itti gochuun sona dabalanii yeroof jechuun bara 2013-2016 tti gabaa biyyaa keessaaf dhiyyeessuun, muxannoo achi irraa argamu fayyadamuun fuula duratti omishichi beekamaa yammuu dhufu bara 2017 irraa eegaleegabaa biyya alaatiif dhiyyeessuu dhaan kan raawwatu ta`a.

Kana dhugoomsuuf dameeleen qabeenya Dammaa bal`inaan qaban keessumaa Damee Baalee, Jimmaa fi IAB tiif bara baajetaa 2013, akkasumas Damee Arsii, Boranaa Gujii fi Wallaggaaf bara baajetaa 2014 irraa eegalee maashiniin damma 250 kg al tokkotti calaluu danda`u dhiyyaateefii hojii kana hojjechuun muuxannoo akka horatanii fi madda dhiyyeessii dammaa amansiisaa akka taasifatan ta`ee, bara baajetaa 2016 tti maashiniin guddaan damma istandardii “export” ti calalu waajjira olaanaa irratti bitamee dammi bara baajetaa 2017 ti Gabaa biyya alaaf dhiyyachuu malu akka qopha`u ni taasifama.Karoorri Dammaa hojii kanaaf barbaachisu waggaa waggaan mannii karoora waggootii 10 keessatti qabamee jira.

Hojii kana haala karoorfameen milkeessuuf dhaabbatichi bara baajetaa 2014 irraa eegalee yoo xiqqaate sadarkaa Dameelee fi waajjira Olaanaatti Ogeessa oogummaa dammaatiin leenji`ee fi muuxannoo gahaa qabu qabaachuun irraa eegama.

### 12.15.4. Hojii omisha leemmanaa/shimalaa dhiyyeessuu

Omishni leemmanaa/shimalaa bosona dhaabbatichaa keessa bal`inaa jiraatu illee gabaan argamee amma barbaadamu gurguramaa hin turre.Kana waan ta`eef bara karooraa kana keessa omisha NTFP gabaaf dhiyyeessuuf karoorfame keessaa inni tokko omisha leemmanaa/shimalaa bosona dhaabbatichi bulchu keessatti argamuudha.

Haaluma kanaan omisha leemmanaa/shimalaa toonii 375 bara baajetaa 2012 tti gabaaf dhiyyaatee ture ol guddisuun bara baajetaa 2022 tti toonii 57,683.00 akka walii galaatti waggootii kurnan dhufan keessatti toonii 344,792.00 gabaaf dhiyyeessuuf akka hojjetamu karoorfamee jira.

Kunis Dhaabbata “African Baamboo” dabalatee dhaabbilee omisha dheedhii qabeenya kanaa gara omisha industriitti jijjiraniif walii galttee dhiyyeessii uumuu fi gabaa naannootti argamuuf dhiyyeessuutiin kan raawwatu ta`a.

***Bu’aa: Omisha bu’a Bosonaa dabale***

***Milka’ina: galii dabale***

### 12.16. Kenna tajaajilaa fooyyessuu

Kenna tajaajilaa fooyyeessuun lammii tajaajila kami iyyuu Dhimma Bosonaa fi Bineensa Bosonaa ilaalchise Dhaabbaticha irraa barbaada haala Istandardii kaa’ameen gahumsaan, iftoominan, naamusaan fi qulqulinaan keessuumeessuudha.

Kenna tajaajilaa fooyyeessuun Dhaabbatichi maamiltoota omisha fi tajaajila adda addaa ayyadaman gammachiisuudhaan, maamiltoonni akka turanii fi haaraan akka horataman taasisuudhaan omisha fi tajaajila baayy’inaa gabaaf dhiyyeessuun gurguruudhaan galii fi bu’aan akka guddatu gochuuf barbaachisaadha. Dabalataaniis amantaa hawaasa ball’aa argachuudhaan ergama Dhaabbatichi hundaa’eef galmaan gahuuf ni dandeessisa. Kanaaf kenna tajaajilaa qulqulluu fi gahuumsa qabu haala ifa ta’een dhiyeessuu irratti hojjachuun murteessaadha.

Kaayyoo kan galmaan gahuun kan danda’amu sirna kenna tajaajilaa ifa fi teeknooloojiidhaan deeggarame sadarkaa hundatti diriirsuudhaan, Isandardii BPR tiin qoratamee jiru sirriitti hojii irra olchuudhaan, Seera fi qajeelfamoota hojii jiran harcaatii malee hojiitti jijjiruudhaan, sirni komiin ittiin dhiyaatu fi ilaalamu ifa ta’e diriirsuun, waltajjii  marii lammiilee (Maamiltoota, qooda fudhatootaa, hojjatoota Dhaabbatichaa fi kkf) qopheessuu fi yaada dhiyaatu xiinxaaluudhaan furmaata hatattamaa haal ittiin kennamu fi kkf diriirsuu fi qabaachuudhaan kenna tajaajilaa fooyya’aa kennuudhaan ta’a. Sirna kenna tajaajila diriiree yeroo yeroodhaan gamaggamuudhaan haqinaalee raawwii irratti qaban addaan baasuun itti fufiinsaan sirreessuu fi fooyyeessuun itti quufinsa lamiilee mirkaneessaa deemuu barabaachisa. Haala kanaan sirna diriiree jirutti fayydamuun tajaajila qulqqulinna fi si’ayina qabu loogii tokko malee lammiileedhaaf kennuutiin kaayyicha galmaan gahuun ni danda’ama.

***Bu'aa: Keenna tajajiila dabale***

***Milka'ina: itti quufiinsa maammiltoota fi galii dabale***

12.17. **Dhiyeessii Fooyyessuu**

Dhiyeessii fooyyeessuu jechuun, Dhaabbatichi kaayyaoo walii galaa galmaan gahuuf, hojiiwwan karoorfaman kan ittiin raawwatu qabeenya barbaachisaa ta'an hunda qulqullinaa fi yeroo isaa eeguun bakka barbaachisutti dhiyeessuu qaba..

Kanaafuu, hojiiwwan karoorfan haala gahuumsa qabuun raawwachuu fi dorgamaa ta'ee argamuuf horataalee dhaabbii fi galteewwan adda addaa hojiif barbaachisan ta'anbara karoora kanaa 2013-2022tti:

- Warshaa muka baqaqisan 2,
- Warshaa MDF-1,
- Warshaa komparsaatoo(ply wood)-2,
- Warshaa cuunfaa Maangoo fi Timaatimaa -1,
- Maashina Damma cuunfu-7
- Warshaa meeshaalee manaa fi waajjiraa (Modern furniture industry)-1,
- Maashinara 'Harvestor' gudeelcha qopheessu (medium)-1,
- Tiraaktaraa Forkliiftii waliin-3,
- Konkolaataa fe'umsaa -9
- Konkolaata dirree -33,
- Konkolaata Sarviisii- 3
- Motor saayikiloota-22,
- Finger Jioni-1,
- Meeshaalee omishitummaa warshaa dabalan Edger-15,Trimmer-17,Transformer-6, Generetor-8,Sawdoctor(Sharpener)-1, Bandsaw sharpener with welder-1, Sawdust extractor -3 Warshaa cuunfaa zayita baargamoo -1 meeshaalee jijjirraa, meeshalee waajjira, meeshaalee hojii misoomaa fi omishaa, meeshaalee ijaarsaa, fi akasumaas meeshaalee dhumataa karoora irratti hundaa'uun dhiyeessuuf karoorfame jira.

***Bu'aa: Dhiyeessii fooyya'e***

***Milkaa'ina: Raawwii hojii dabale/bu'a qabeessummaa dabale***

12.18. **Invastimantii Biziinasii Babal`isuu**

Invastimantii Bizinasii fooyyessuu yoo jennu, Dhaabbatichi maddaa galii isaa babbal'isuuf, investmentii industrii bosonaa, misooma bosonaa fi bineensa bosonaa (Bu'uura misoomaa fi 'facility' bakka Iko-turizimii), bittaa sheerii, ijaarsa gamoolee,bu'a qabeessummaan isaanii qorannoodhaan mirkanaa'ee irratti maallaqa dhangalaasuun Dhaabbatni hojiiwwan misoomaa

walii galaa gaggeessu caalmatti bu'a qabeessa taasisuun itti fufsiisaan maddawwan galii dabalataa Invetimentii irra argatu babbal'isuun humna misooma itti cimsatu umuuf karoorfame jira.

Haaluma kanaan,bara karoora kanaa keessatti Investimentii gurgurddoo gaggeessuuf karoorfamaniif haala dureewwan barbaachisan (Lafa qopheessuu, "Environmental Impact Assessement" gaggeessuu, hayyama Investimentti argachuu, Dhimmoota Ibsaa fi Bishaan hojii warshiitaatiif barbaachisan xummuruu, dhimmoota liqii xummuruu, Ispeesifikeeshinii bittaa (Machine, Trucks, & others) qopheessuun caalbaasii baasuun moo'ata adda baasuun waliigaltee mallatteesuun kaffaltii dursaa raawwachuu bara 2013 keessatti raawwachuun bara 2014tti Ijaarsaa isaa xummuruun akkasumas dhiyeessiin kaffaltiin duraa itti raawwatame akka dhiyaatu ta'ee maashinoota dhiyaatan "installation" isaa xummuruun bara 2015tti hojii omishaatti eegalsiisuuf karoorfamera.

Investimantootni kunis:Warshaa MDF qr. 209,858,153.00,Warshaa Komparsaatoo(Ply Wood) hundeessuu qr.175,060,736.00 fi Warshaa meeshaalee manaa fi waajjiraa(Modern Furniture industry) qr.344,983,396.01 barbaadu kan hammatuudha.

Pirojektoota Ijaarsaa adda addaa bu'aa lafa dhaabbatichi magaala Finfinnee keessa fi alaa qabu irratti human ofiitiin Gamoo mattuu-qr. 17,433,085.00,Shariikkummaan gamoo Gaadisaa,Boolee Araadaa,Abinet,fi Semen irratti shariikkummaan gaggeessuun sharikkuummaan abbootii qabeenyaa biyyaa fi alaa waliin ta'uun ijaarsa isaa gaggeesuun bara karoora kanaa keessatti galii qr.188,623,039.67 maddisuuf karoorfame jira.

Akkasumas bara 2013-2022tt qr.87, 545,909.40 Ijaarsa bu'uraalee misooma bakkeewwan bineensa bosonaafi Bu'uura misoomaa fi 'facility' bakka Iko-turizimiitti gaggeessuunmaddaa galii isaa babbal'isuuf karoorfamera.

***Bu'aa: Hojii invastimaantii fooyya'e***

***Milkaa'ina: Galii Investimentii dabale***

### 12.19. Eegumsa fi Misooma Bineensa Bosonaa Foyyeessuu

Eegumsa fi Misooma Bineensa Bosonaa Foyyeessuu jechuun tooftaalee eegumsaa adda addaa hojii irra oolchuun qabeenya Bineensa Bosonaa sababa adda addaa (fkn baballina lafa qonnaa fi

qubannaan, dhibee, adamoo seeran alaa fi kkf) tiin akka hin mancaane fi hin godaanne gochuudhaan qabeenyi kun misoomee Dhaabbatichaafis ta'ee biyyaaf faayidaa irraa eegamu akka keennu taasisuu jechuudha.

Akka biyyaattis ta'ee akka naannootti eegumsi fi misoomni qabeenya bineensa bosonaatiif taasifamaa ture laafaa waan tureef qabeenyi kun sababoota adda addaatiin maca'aa fi godaanaa tureera waan tureef Dhaabbatichi hanga barbaadamu Seektara kana irraa faayidaa argachaa hin turre. Kana waan ta'eef Dhaabbatichi qabeenya kana kunuunsanii tursiisuudhaan faayidaa irraa olchuun barbaachisaadha.

Haaluma kanaan, bakkeewwan eegumsa Bineensa Bosonaa; Paarkii, Dawoo, lafa Adamoo To'annaa fi banaa daangeessuu fi seera qabeessa taasisuun haala sayinsawaa ta'een karoorri bulchiinsaa qopha'eefii qabeenyi Bineensa Bosonaa akka eegamuu fi kunuunfamu qindoomina Dhaabbataa, Adamsistotaa fi waldaalee bulchiinsa Bineensa Bosonaa (PWM) kan hojjatamu ta'a. Dabalataaniis qorannoo irratti hundaa'uudhaan bakkeewwan eegumsa bineensa Bosonaa haaraa daangaa keessaa fi alaa hundeessuu fi bu'uraalee misoomaa bakkeewwan eegumsaa keessatti barbaachisan diriirsuudhaan, akkasumas hirmaanna fi fayyadamummaa hawaasaa mirkaneesuudhaan kaayyoo kana galmaan gahuuf ni hojjatama.

Haaluma kanaan faayidaa fi bu'aan misooma Bineensa Bosonaa irraa argame biyyoota ollaa kan akka Keeniya fi Taanzaniyaa waliin yoo madaallu hedduu xiqqaa ta'uun isaa kan hubatamu dha, Kanaaf Dhabbatichi xiyyeffannoo guddaa itti kennuun hojjatee seektara kana irraa galii fi beekkamtoo kan argatu ta'a.

***Bu'aa:  eegumsa Bineensa Bosonaa fooyya'e***

***Milka'ina: lakkoofsa Bineensa Bosonaa ijoo dabale, Galii dabale***

### 12.20. Itti fayyadama Bineensa Bosonaa guddisuu

Qabeenya Bineensa Bosonaa konseeshinii Dhaabbataa keessatti argamu adamsiisuu, lubbuun gurguruu, fi bu'aa isaa gabaaf dhiyeessuun galii guddisuu. Haalli itti raawwatamu bakkeewwan lafa adamoo jiranii fi haaraa hunda'an keessatti lakkoofsa bineessaa gageessuudhaan qajeelfama jiru bu'uureffachuudhaan qaama dhimmi ilaalu wajjiin kootaa bineensa adamfamuu murteessuun gabaaf dhiyeessuudha.

***Bu'aa:  Itti fayyadama Bineensa Bosonaa guddate***

***Milka'ina: Galii dabale***

### 12.21. **Iko-tuurizimii guddisuu**

Bakkeewwan hawwata tuurizimii qaban konseeshinii Dhaabbatichaa keessa jiran fi qabeenya bineensa Bosonaa misoomsuun tajaajila daawwannaa kennuun iko-turizimii guddisuu fi galii maddisiisuudha. Haalli itti rawwatamu, bakkeewwan dhaqabiinsa turizimii jiran fooyyeessuu fi haaraa hundeessudhaan akkasumas hojii promoshinii ball'inaan gageessuudhaan faayidaa irraa eeggamu akka kennu taasisudhaani.

***Bu'aa: Bakka iko-turiizimii guddate***

***Milka'ina: Galii dabale***

### 12.22. **Aadaa fi Naannoo hojii foyyeesuu.**

Kaka'uumsa fi naannoo hojii foyyesuu jechuun hojataan Dhaabbatichaa fedhii gahaa horatee hojii bu'a qabeessa ta'e raawwachuu akka danda'uf faasiliitiiwwan hojiif barbaachisan mijeessuu fi faayidaa hojjataaf malu fi dhimoota kakka'uumsa hojjataa keessatti dabaluu danda'an gahumsaan guutuun bu'a qabeessumaa hojjataa dabaluu jechuudha.

Milka'ina galma mana hojii tokkoof humnni namaa (human capital) dandeettii fi kaka'uumsa hojii qabu jiraachuun murteessa waan ta'eef, Dhaabbatichi haala naannoo hojii mijataa uumuu fi dhimoota fedhii hojii hojjataa dabalan guutuuf xiyyeeffannoo irratti hojjachuun barbaachisaadha.

Isa kana mana hojjichaa keessatti akka jiraatu fi akka dagaagu taasisuuf waantotaa hojjattoota walitti fiduu danda'an (socialize) kan akka waldaalee hojjatootaa cimsuu, kilabii addaa addaa dhaabuu, afooshaa hundeessuu, dawwannoo walitti dhufeenya hojjatootaa cimsuu qopheessuu, marii hojjattootaa sadarkaa hundatti gaggeessuu, waltajjii hojjataan yaadaa fi komii qabu irratti dhiyeeffatu haala idilaa'een uumuu. rakkoo hawasumma hojjataa mudatuu hiikuuf liqii yeroo dheeraa uumuu, Miidhama hojii irratti uumamuuf Inshuraansii hojjatootaa qabaachuu, Uffata seeraa yeroodhaan kennuu, waldhabiinsa hojjatootaa akkasumas hojjatootaa fi gaggeesitoota jidduutti uumamu yeroon furmaata kennuu, galmaa fi mul'ata mana hojichaa hojjataan hundinuu beekee galma gahiinsa hojichaatiif akka dhuunfaa fi gareetti akka hojjatamu gochu, milkaa'ina galmeeffameef onnachiiftuwwan adda addaatiin yeroon kennuu, walumaa galatti aadaa hojii guddisuun jijjiirama ilaalchaa mirkaneessuu, duudhaalee hojii uumuu, sirna hogansa hirmaachisaa ta'e mirkaneessuu, sirna qacarrii iftomina qabu diriirsuu, madaallii humna namaa madaallii bu'a qabeessa godhate hojirra oolchuun aadaan gareen hojjachuu akka dagaaguu taasisuun galma ga'iinsa kaayyootiif kan hojjatamu ta'a.

Akka mana hojiitti faasilitiwwan bulchinsa bosonaa ammayyaa ta'e diriirsuudhaan meeshaalee bosonni ittiin kunuunfamu, ittiin oomishamu, ittiin geejibamu fi calleeffamu (processing), waajira damee, distiriikitiiwwanii ijaaruu fi meeshaa isaanii guutuun, fi faasilitiwwan adda addaa hojiidhaaf murteessaa ta'an akka guutaman ni hojjatama.

Haaluma kanaan, Dhuma bara karooraa (2022) kanatti itti qufiinsa hojjeetaa % 95'n gahuuf, akkassumas gad-lakkisa hojjeetaa % 1.3 tti gadi buusuuf karoorfame jira.

***Bu'aa: Kaka'uumsa hojjataa hojiif dabale***

***Milka'ina: Raawwii hojii dabalee***

12.23. **Humnaa fi gahumsaa raawwachiisummaa dabaluu**

Dandeettii hogansaa fi hojjatootaa dabaluu jechuun humna namaa sadarakaa adda addaa irratti ramadamee jiru tooftaalee adda addaa fayyadamuun beekumsaa fi dandeettii isaanii gama hundaan cimsaa deemuu jechuudha.

Kaayyoo Dhaabbatichaa galman ga'uuf oggansaa fi hojjattoonni dandeettii fi gahumsa qabaachuun murteessaa waan ta'eef kallattii hundaan leenjii dandeettii gabbisuu danda'u itti fufiinsaan kennun barabaachisaadha.

Milka'ina kaayyoo mana hojichaatiif ogantootni fi hojjattoonni hanqina dandeettii raawwachiisuu fi raawwachuu qaban sakataa'uun dandeettii karoorsuu, raawwachuu fi gamaaggamuu akka horatan leenjii yeroo gabaaba fi dheeraa, sadarkaa baruumsaa fooyyeessuudhaan, gitoota hojii banaa jiran irratti humna namaa barbaachisu guutuudhaan, muuxannoo wal jijjiruudhaan, hordoffii fi deeggarsa gochuudhaan fi kkf gochuun kan raawwatu ta'a.

Haaluma kanaan, Bara karooraa kana keessatti hojjeetaa haaraa 1,367 qaxaruun ykn jijjiirraa alaa tiin dabaluu fi hojjeettoota 1,247 immoo guddina sadarkaa kennuun humna raawwachiistummaa mana hojiichaa cimsuuf karoorfame jiraa.Kana taasisuun raawwii mana hojiichaa bara 2022tti %96tti guddisuuf karoorfame jira.

***Bu'aa: Gahumsa dandeettii raawwachiisummaa fooyya'e Milkaa'ina:Raawwiihojiifooyya'e.***

***Milkaa'ina:Raawwiihojiifooyya'e.***

# 13. Karoora hojiilee gurguddoo (2013-2022)

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| I | Kallattii Faayinaansii | | | | | | | | | | | | | |
| 1 | Bu'aa guddisuu | qr | 11,908,893 | 1,699,499,149 | 79,348,115 | 91,517,622 | 106,911,929 | 128,003,285 | 153,039,802 | 179,588,262 | 198,848,040 | 221,033,144 | 245,448,564 | 295,760,387 |
| 2 | Galii dabaluu | qr | 447,075,886 | 12,835,072,264 | 743,681,716 | 764,223,591 | 837,026,270 | 1,077,500,606 | 1,243,612,099 | 1,386,680,387 | 1,492,788,719 | 1,633,284,385 | 1,752,647,263 | 1,903,627,228 |
| | 2.1. Galii Omisha Bosonaa argame | qr | 243,929,887 | 2,250,246,165 | 313,111,062 | 303,542,507 | 220,465,579 | 217,386,267 | 214,186,542 | 214,530,473 | 205,097,408 | 205,085,009 | 186,293,600 | 170,547,718 |
| | 2.2. Galii omisha (bu'aa) bosonaa muka hin taanee | qr | 21,016,314 | 407,150,073 | 26,122,747 | 7,432,151 | 10,180,433 | 14,774,513 | 22,522,757 | 32,092,371 | 44,471,038 | 60,579,135 | 80,589,851 | 108,385,075 |
| | 2.3. Galii Omisha Industirii | qr | 156,479,654 | 9,287,057,666 | 352,149,177 | 397,362,139 | 546,430,763 | 780,316,020 | 931,652,185 | 1,058,381,855 | 1,149,245,988 | 1,244,774,283 | 1,350,754,732 | 1,475,990,524 |
| | 2.4. Galii Bineensa Bosonaa | qr | 13,976,040 | 217,039,359 | 13,303,177 | 14,279,527 | 15,492,924 | 16,957,035 | 18,762,116 | 20,949,495 | 23,613,380 | 26,914,171 | 30,977,188 | 35,790,346 |
| | 2.5. Galii Kiraa | qr | 5,155,529 | 213,891,375 | 5,964,643 | 6,343,740 | 6,758,572 | 7,712,692 | 13,235,007 | 14,306,063 | 20,480,651 | 42,269,035 | 46,232,503 | 50,588,468 |
| | 2.6. Galii Dividendii | qr | 4,469,620 | 313,170,394 | 19,650,000 | 21,615,000 | 23,776,500 | 26,154,150 | 28,769,565 | 31,646,522 | 34,811,174 | 38,292,291 | 42,121,520 | 46,333,672 |
| | 2.7. Galii Maqsa meeshaalee fi biroo | qr | 2,048,842 | 146,517,231 | 13,380,910 | 13,648,528 | 13,921,499 | 14,199,929 | 14,483,927 | 14,773,606 | 15,069,078 | 15,370,460 | 15,677,869 | 15,991,426 |
| 3 | Bulchiinsa baajataa fi qabiinsa herreegaa fooyyessuu | % | | 98 | 93 | 94 | 95 | 96 | 97 | 98 | 98 | 98 | 98 | 98 |
| | 3.1. Baasii Bulchiinsaa fi Deeggarsaa xiqqaate | % | 42 | 22 | 23 | 20 | 23 | 24 | 22 | 21 | 21 | 22 | 22 | 22 |
| | 3.2. Baasii madalawaa xaawulaa/$M^3$ | qr | 4,494 | 4,048 | 4,760 | 4,047 | 3,954 | 3,957 | 3,956 | 4,061 | 4,053 | 4,048 | 4,048 | 4,048 |
| | 3.3. Bu'a qabeessumaa Workishooppii meeshaalee manaa fi Biiroo dabale | % | 26 | 55 | 48 | 50 | 52 | 55 | 55 | 55 | 55 | 55 | 55 | 55 |
| | 3.4. Bu'a qabeessumaa warshaalee dabale | % | | 52 | 40 | 45 | 50 | 52 | 52 | 52 | 52 | 52 | 52 | 52 |
| | 3.5. Baasii madalawaa biqiltuu dhaabuu/hek/yr | qr | 7,181 | 8,938 | 6,850 | 7,056 | 7,267 | 7,485 | 7,710 | 7,941 | 8,179 | 8,425 | 8,677 | 8,938 |
| | 3.6. Baasii Madaalawaa kunuunsa Bosonaa/hek/yr | qr | 787 | 1,576 | 1,319 | 1,345 | 1,372 | 1,400 | 1,428 | 1,456 | 1,485 | 1,515 | 1,545 | 1,576 |
| | 3.7. Qabiinsa heerregaa fooyya`ee | % | 75 | 98 | 93 | 94 | 95 | 96 | 97 | 98 | 98 | 98 | 98 | 98 |
| 4 | Itti Fayyadama Qabeenyaa Fooyyeessuu | % | | 95 | 92 | 93 | 94 | 95 | 95 | 95 | 95 | 95 | 95 | 95 |

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| | 4.1. Yeroo hojii Warshaa dabale | sa'ati/warsha | 866.4 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 | 1,600 |
| | 4.2. Yeroo hojii Maashinarootaa dabale | sa'aatii/maash | | 1,296 | 6,645 | 1,296 | 1,296 | 1,296 | 1,296 | 1,296 | 1,296 | 1,296 | 1,296 | 1,296 |
| | 4.3. Tajajila konkolaataa fe'uumsaa fi Tiraakteraa dabale | m3/konk | | 1,920 | 77,056 | 1,920 | 1,920 | 1,920 | 1,920 | 1,920 | 1,920 | 1,920 | 1,920 | 1,920 |
| | 4.4. Itti fayyadama gamoolee fi manneen dabale | % | 100.0 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 |
| | 4.5. Reetii Qisaasa Qabeenyaa hir'ate | % | 5.0 | 5 | 8 | 7 | 6 | 5 | 5 | 5 | 5 | 5 | 5 | 5 |
| II | Kallattii Maamilaa(Lammii) | | | | | | | | | | | | | |
| 5 | Amantaa Uummanni Dhaabbatichaa irratti qabu guddisuu | % | 83.0 | 92 | 83 | 84 | 85 | 86 | 87 | 88 | 89 | 90 | 91 | 92 |
| 6 | Itti quufiinsa maamila dabaluu | % | 88.0 | 100 | 92 | 93 | 94 | 95 | 96 | 97 | 98 | 99 | 100 | 100 |
| 7 | Maamila dabaluu | | | | | | | | | | | | | |
| | 7.1. Maamila ijo fi sadarkaa $1^{ffaa}$ turan | lak | 308.0 | 501 | 325 | 364 | 371 | 384 | 398 | 414 | 432 | 453 | 476 | 501 |
| | 7.2. Maamila ijo fi sadarkaa $1^{ffaa}$ haaraa dabale | lak | 64.0 | 285 | 45 | 15 | 20 | 22 | 24 | 26 | 30 | 32 | 35 | 37 |
| 8 | Gahee Gabaa Omishaa Bu`aa bosonaa Dabaluu | | | | | | | | | | | | | |
| | 8.1. Gahee gabaa industrii dabale(xaawulaa,MDF fi Plywood) | % | 7.0 | 20 | - | 12 | 14 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 20 | 20 |
| | 8.2 Omisha industrii bosonaa gabaaf dhiheessuu | M3 | 17,402.5 | 951,232 | 48,057 | 41,675 | 86,712 | 98,380 | 110,050 | 111,970 | 113,267 | 113,706 | 113,708 | 113,708 |
| | 8.3. Gahee gabaa oomisha bu'aa bosonaa mukaa (gudeelcha, utubaa, muka ijaarsa fi qoraan(haftee xaawulaa dabalata) dabale. | % | | 10 | - | 4 | 6 | 10 | 10 | 10 | 10 | 10 | 10 | 10 |
| | 8.4. Omisha bu'aa Bosona mukaa kan gabaaf dhiyaatu | m3 | 237,006.7 | 2,096,741 | 371,894 | 365,826 | 242,067 | 221,270 | 200,176 | 180,305 | 157,111 | 138,521 | 117,832 | 101,741 |
| | 8.5. Gurgurtaa Omisha bu'aa bosonaa muka hin taanee (NTFP) | ton | 462.0 | 350,219 | 633 | 765 | 4,760 | 17,665 | 36,350 | 55,629 | 58,352 | 58,514 | 58,678 | 58,874 |
| | 8.6. Meeshaalee Workishooppii gurgurame | qar | 38,328,821.0 | 2,720,722,151 | 43,772,667 | 53,331,233 | 66,664,041 | 241,803,139 | 324,305,231 | 382,854,969 | 390,512,068 | 398,169,168 | 405,826,267 | 413,483,367 |

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| III | Adeemsa Keessaa | | | | | | | | | | | | | |
| 9 | Misooma Bosonaa Fooyyesuu | | | | | | | | | | | | | |
| | 9.1. Biqiltuu dhaabbate | hek | 3,614.1 | 65,079 | 3,771 | 3,617 | 4,013 | 4,497 | 5,119 | 5,923 | 6,982 | 8,416 | 10,541 | 12,201 |
| | 9.1.1. Daangaa Dhaabbataa keessatti dhaabbate | hek | 1,458.9 | 13,618 | 1,620 | 1,251 | 1,291 | 1,313 | 1,330 | 1,338 | 1,343 | 1,367 | 1,378 | 1,388 |
| | 9.1.1.1. Dhaabbii Haaraa (afforestation) | hek | 569.7 | 4,951 | 452 | 461 | 470 | 480 | 489 | 499 | 509 | 519 | 530 | 540 |
| | 9.1.1.2. Deebisanii Dhaabuu (reforestation) | hek | 851.5 | 8,623 | 1,123 | 790 | 821 | 833 | 840 | 839 | 834 | 848 | 848 | 848 |
| | 9.1.2. Daangaa Dhaabbatichaatiin ala (dhuunfaan) | hek | 2,155.2 | 51,461 | 2,151 | 2,366 | 2,721 | 3,184 | 3,789 | 4,585 | 5,639 | 7,049 | 9,163 | 10,813 |
| | 9.2. Sanyii qophaaye | Kg | 13,570.2 | 358,952 | 14,000 | 20,160 | 22,579 | 25,514 | 29,342 | 34,036 | 40,163 | 47,794 | 58,308 | 67,055 |
| | 9.3. Biqiltuu qophaaye | Lakk | 13,490,879.0 | 540,568,851 | 15,145,344 | 27,033,860 | 30,692,373 | 35,377,256 | 41,471,877 | 49,451,347 | 60,009,085 | 74,171,995 | 95,346,458 | 111,869,256 |
| 10 | Eegumsa Bosonaa Fooyyeessuu | | | | | | | | | | | | | |
| | 10.1. Qabiyyee Lafa Q/B Daangaa Bosona keessa jiraachuu qabanii Daangessuu | hek | 2,980.0 | 381,166 | 169 | 380,997 | | | | | | | | |
| | 10.2. Lafa bosonaa Namoota Seeraa alaan qabamee ture hirate | hek | 1,726.5 | 215,898 | 1,876 | 214,023 | | | | | | | | |
| | 10.3. Namoota seeran ala bosonaa keessa qubate baasuu | lakk | 1,846.0 | 117,175 | 9,875 | 107,300 | | | | | | | | |
| | 10.4. Lafa Bosonaa fi Bineensa bosonaa daanga'e Boordii Gorsitootaan mirkaneessuu | hek | | 2,172,730 | 1,862,620 | 310,110 | | | | | | | | |
| | 10.5.Lafa Bosonaa fi Bineensa bosonaa daanga'e sartafikeeta abbummaa argate | hek | | 3,612,890 | 439,338 | 3,173,552 | | | | | | | | |
| | 10.6. Bosona hirmaannaa hawaasaatiin bule | hek | 40,940.7 | 1,206,875 | 364,516 | 395,909 | 320,096 | 126,354 | | | | | | |
| | 10.7. Ittisaa ibiddaa hojjatamee | km | 75.0 | 634 | 55 | 580 | 580 | 580 | 580 | 580 | 580 | 580 | 580 | 580 |
| 11 | Qulqullina Dabaluu | | | | | | | | | | | | | |
| | 11.1. Omisha Istandaardii isaa eeggatte omishame | % | 86.0 | 97 | 89 | 90 | 91 | 92 | 93 | 94 | 94 | 95 | 96 | 97 |
| | 11.2. Misooma Bosonaa Istanderdii eege | % | 76.0 | 94 | 86 | 87 | 88 | 89 | 89 | 90 | 91 | 92 | 93 | 94 |
| 12 | Oomishaa fi Oomishtummaa Industrii Dabaluu | | | | | | | | | | | | | |

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| | 12 omisha industrii bosonaa omishame dabale | $m^3$ | | | 38,432 | 41,675 | 86,712 | 98,380 | 110,050 | 111,970 | 113,267 | 113,706 | 113,708 | 113,708 |
| | 12.1. Omishaa Xaawwulaa fi Mooraalee omishame | $m^3$ | 21,762.5 | 478,850 | 38,168 | 41,411 | 46,991 | 48,437 | 49,621 | 49,541 | 50,841 | 51,280 | 51,280 | 51,280 |
| | 12.2. Omishtummaa Warshaalee mukaa baqaqsaa dabale | m3/hour | 0.7 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 | 1 |
| | 12.3. Omisha meeshaalee workshopii omishame | qr | 32,627,717.1 | 2,721,392,178 | 44,442,694 | 53,331,233 | 66,664,041 | 241,803,139 | 324,305,231 | 382,854,969 | 390,512,068 | 398,169,168 | 405,826,267 | 413,483,367 |
| | 12.4. Omisha "particle board" | $m^3$ | | | | | 25,457 | 33,943 | 42,429 | 42,429 | 42,427 | 42,427 | 42,428 | 42,429 |
| | 12.5. Omisha "ply wood"/Kompensaato | m3 | | | 264 | 264 | 14,264 | 16,000 | 18,000 | 20,000 | 19,999 | 19,999 | 20,000 | 20,000 |
| | 12..6.Omisha Zayita Baargamoo Omishame | Lt. | 2,832.0 | | 3,800 | 10,200 | 10,170 | 10,140 | 10,110 | 10,080 | 10,050 | 10,020 | 9,990 | 9,960 |
| | 12.7. Baayy`ina warshaalee(MDF,plywood,muka baqaqsaa,warshaa cuunfaa zayita baargamoo) fi workshopii dabale | lakk | 32.0 | 6 | 2 | 2 | - | - | 1 | - | 1 | - | - | - |
| 13 | Qindoomina sekterootaa Fooyyeessuu | | | | | | | | | | | | | |
| | 13.1.Raawwii giddugala hojii qindoominaan hojjatamu dabaluu | % | 56.0 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 |
| 14 | Hirmaannaa fi fayyadamummaa Hawwaasa dabaluu | | | | | | | | | | | | | |
| | 14.1. Baayy'ina Hawaasa Fayiidalee adda addaa argatan waliigalaa (14.1.1 +14.1.2 +14.1.3) | lakk | 92,491.0 | 291,436 | 187,834 | 237,843 | 262,542 | 273,847 | 276,459 | 279,191 | 282,049 | 285,038 | 288,165 | 291,436 |
| | 14.2. Maallaqa fayyadaman qooda hawaasaa dabalatee (14.1a+14.1.1a+14.1.2b+14.1.3a) | qr | 112,252,548.0 | 2,123,303,196 | 158,469,358 | 173,391,101 | 185,334,135 | 196,310,290 | 206,475,880 | 216,664,363 | 227,508,502 | 239,888,408 | 252,572,029 | 266,689,130 |
| | Hirmaanna dargaggoota | % | 61.0 | - | 46 | | | | | | | | | |
| | Hirmaanna Dubartoota | % | 36.0 | - | 32 | | | | | | | | | |
| | a. Qoodaa hawasaa gurgurtaa bu'aa bosonaa irraa argate. | qr | 20,987,828.0 | 214,861,374 | 22,942,605 | 24,141,633 | 24,477,462 | 25,528,261 | 26,534,678 | 26,672,678 | 26,445,708 | 26,575,867 | 25,636,468 | 24,849,202 |
| | 14.1.1. Baay'ina namoota Carraa hojii argatan (IMX dabalatee) | lakk | 40,543.0 | 60,327 | 38,758 | 40,832 | 42,874 | 45,017 | 47,268 | 49,632 | 52,113 | 54,719 | 57,455 | 60,327 |
| | a. Maallaqaan yeroo shallagamu | qar | 61,545,116.8 | 1,067,441,456 | 84,866,479 | 89,109,803 | 93,565,293 | 98,243,558 | 103,155,736 | 108,313,523 | 113,729,199 | 119,415,659 | 125,386,442 | 131,655,764 |

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| | 14.1.2. Baayyina Miseensa waldaa PFM (Bosonaa) | lak | 26,988.0 | 180,889 | 122,177 | 149,772 | 172,082 | 180,889 | 180,889 | 180,889 | 180,889 | 180,889 | 180,889 | 180,889 |
| | a. Bayy'ina waldaalee fayyadamanii | lakk | 183.0 | 1,040 | 703 | 862 | 990 | 1,040 | 1,040 | 1,040 | 1,040 | 1,040 | 1,040 | 1,040 |
| | b. Maallaqa PFM irraa argatan | qr | 14,750,782.3 | 301,430,603 | 21,540,906 | 26,400,300 | 30,329,163 | 31,880,033 | 31,880,033 | 31,880,033 | 31,880,033 | 31,880,033 | 31,880,033 | 31,880,033 |
| | 14.1.3. Baayyina Miseensa waldaa PWM/Fayyadamtoota hawaasa gandaa bineensa bosonaa | lak | 4,808.0 | 278,750 | 9,875 | 29,875 | 29,875 | 29,875 | 29,875 | 29,875 | 29,875 | 29,875 | 29,875 | 29,875 |
| | a. Bayy'ina waldaalee fayyadamanii | lakk | 32.0 | 560 | 56 | 56 | 56 | 56 | 56 | 56 | 56 | 56 | 56 | 56 |
| | b. Maallaqa PWM/Bineensa bosonaa irraa argatan | qr | 6,540,948.2 | 232,498,524 | 13,989,311 | 15,108,456 | 16,468,217 | 18,115,039 | 20,107,693 | 22,520,616 | 25,448,296 | 29,011,057 | 33,362,716 | 38,367,123 |
| | 14.1.4. Baayyina hawaasa deeggarsa argate | lakk | 9,303.0 | 186,408 | 17,024 | 17,364 | 17,712 | 18,066 | 18,427 | 18,796 | 19,172 | 19,555 | 19,946 | 20,345 |
| | a. Maallaqaan yeroo shallagamu | qar | 4,180,807.5 | 269,935,185 | 16,937,190 | 18,630,909 | 20,494,000 | 22,543,400 | 24,797,740 | 27,277,514 | 30,005,265 | 33,005,791 | 36,306,371 | 39,937,008 |
| 15 | Oomisha bu'aa bosonaa dabaluu | | | | | | | | | | | | | |
| | 15.1. Omisha Bu'aa Bosonaa Omishame | m3 | 283,661.7 | 4,324,627 | 447,123 | 449,245 | 444,148 | 455,454 | 466,535 | 451,024 | 430,424 | 412,711 | 392,027 | 375,937 |
| | 15.2. Omisha bu'aa Bosonaa muka hin taanee | ton | 406.8 | 350,219 | 633 | 765 | 4,760 | 17,665 | 36,350 | 55,629 | 58,352 | 58,514 | 58,678 | 58,874 |
| 16 | Kenna Tajaajila Fooyyesuu | % | 80.0 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 |
| | 16.1 Kenna Tajaajila Fooyya`ee | % | 80.0 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 | 100 |
| 17 | Investimentii Buzinasii babal`isuu | qr | | 587,221,943 | 587,221,943 | | | | | | | | | |
| | 17.1. Investimeentii buzinasii dabale | qar | 4,000,000.0 | 1,842,123,926 | 587,221,943 | 433,248,099 | 303,139,213 | 153,301,070 | 149,970,800 | 114,242,800 | 90,000,000 | - | - | - |
| | 17.1.5. Warshaa cuunfaa Maangoo fi timaatimaa | qar | | 118,692,285 | 118,692,285 | | | | | | | | | |
| | 17.1.6 Bittaa sheerii (share investiment) | qar | | 18,430,270 | 3,500,000 | 3,400,000 | 3,200,000 | 5,830,270 | 2,500,000 | | | | | |
| | 17.1.7. Investimentii ijaarsa gamoolee | qar | | 953,299,086 | 251,371,505 | 135,808,380 | 156,934,800 | 147,470,800 | 147,470,800 | 114,242,800 | - | - | - | - |
| | Gamoo Gaadisaa | | | 96,720,000 | 32,240,000 | 32,240,000 | 32,240,000 | | | | | | | |
| | Gamoo Mattuu | | 1,743,308.5 | 17,433,085 | 11,331,505 | 6,101,580 | | | | | | | | |
| | Gamoo Horro Guduruu | | 1,200,000.0 | 12,000,000 | 6,000,000 | 6,000,000 | | | | | | | | |
| | Gamoo Boolee | | 46,666,700.1 | 466,667,001 | 140,000,000 | 65,333,400 | 65,333,400 | 65,333,400 | 65,333,400 | 65,333,400 | | | | |
| | Gamoo Araadaa | | 18,666,700.0 | 186,667,000 | 56,000,000 | 26,133,400 | 26,133,400 | 26,133,400 | 26,133,400 | 26,133,400 | | | | |

| lak . | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| | Gamoo Jimmaa xumrsiisuu | | | 2,300,000 | 2,300,000 | | | | | | | | | |
| | Gamoo Abinnat | | | 101,434,000 | 1,750,000 | | 33,228,000 | 33,228,000 | 33,228,000 | | | | | |
| | Gamoo Sameen | | | 70,078,000 | 1,750,000 | | | 22,776,000 | 22,776,000 | 22,776,000 | | | | |
| | 17.1.8. Essential oil processing machine | qar | | 800,000 | 800,000 | | | | | | | | | |
| | 17.2. Bu`aa investimeentii buzinasii irraa argamu dabale | qar | 4,469,620.1 | 2,952,146,726 | 19,650,000 | 21,615,000 | 84,175,285 | 263,153,133 | 403,688,282 | 365,269,219 | 401,599,035 | 430,682,571 | 462,606,983 | 499,707,218 |
| | 17.3. Dizaayinii fi Ijaarsa Waajjiraalee Damee fi Distiriktii(Damee Arsii 2,Wallaggaa 3,IAB 2,B/Gujii 4,Jimmaa 3,Harargee 4,Baalee 4 , | qar | | 200,000,000 | 2,930,000 | 30,000,000 | 30,000,000 | | | 30,000,000 | 45,000,000 | 32,070,000 | 30,000,000 | |
| | Dhiyeessa Fooyyesuu | | | | | | | | | | | | | |
| | 18.1. Dhiheessii horataalee dhaabbii | qr | 13,372,974.3 | 194,919,062 | 37,486,712 | 43,181,280 | 29,351,070 | 13,600,000 | 21,400,000 | 11,900,000 | 21,000,000 | 8,300,000 | 8,700,000 | - |
| | 18.1.1. Bittaa konkolaataa fe'umsaa | qar | | 30,000,000 | 1,800,000 | 4,200,000 | 3,000,000 | 6,000,000 | | 7,000,000 | | 8,000,000 | | |
| | 18.1.2. Bittaa konkolaataa dirree | qar | | 85,900,000 | 10,830,000 | 13,370,000 | 20,000,000 | | 15,600,000 | | 17,400,000 | | 8,700,000 | |
| | 18.1.3. Bittaa Tiraaktaraa Forkliiftii waliin | qar | | 5,790,350 | 1,158,000 | 3,281,280 | 1,351,070 | | | | | | | |
| | 18.1.4. Konkoolaataa Sarviisii | qar | | 5,534,000 | 2,534,000 | | | 3,000,000 | | | | | | |
| | 18.1.5. Motor Saayikilii | qar | | 3,300,000 | 1,500,000 | | 1,800,000 | | | | | | | |
| | 18.1.6.Baajaj | qar | | 202,000 | 202,000 | | | | | | | | | |
| 18 | 18.1.7. Bittaa maashinara 'harvestor' gudeelcha qopheessu (medium) | qar | | 10,000,000 | 4,500,000 | 5,500,000 | | | | | | | | |
| | 18.1.8.Edger | qar | | 15,000,000 | 600,000 | 5,400,000 | 2,000,000 | 2,000,000 | 2,000,000 | 2,000,000 | 1,000,000 | - | - | - |
| | 18.1.9. Trimmer | qar | | 5,100,000 | 270,000 | 2,130,000 | 600,000 | 600,000 | 600,000 | 600,000 | 300,000 | - | - | - |
| | 18.1.10. Transformer | qar | | 3,600,000 | 1,200,000 | 1,200,000 | - | - | 1,200,000 | - | - | - | - | - |
| | 18.1.11. Jeneretor | qar | | 16,000,000 | 6,000,000 | 2,000,000 | - | 2,000,000 | 2,000,000 | 2,000,000 | 2,000,000 | - | - | - |
| | 18.1.12. Finger joint | qar | | 4,000,000 | - | 4,000,000 | - | - | - | - | - | - | - | - |
| | 18.1.13. Sawdoctor(Sharpener) | qar | | 800,000 | - | 800,000 | - | - | - | - | - | - | - | - |
| | 18.1.14. Bandsaw sharpener with welder | qar | | 700,000 | - | 700,000 | - | - | - | - | - | - | - | - |

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| | 18.1.15. Sawdust extractor | qar | | 900,000 | - | - | - | - | - | 300,000 | 300,000 | 300,000 | - | - |
| | 18.1.16. Bandsaw welding machine | qar | | 300,000 | 300,000 | | | | | | | | | |
| | 18.1.17. Bittaa maashina Damma cuunfu (kan Kg 250 yeroo tokkotti cuunfuu danda'u) | qar | | 1,800,000 | 600,000 | 600,000 | 600,000 | | | | | | | |
| | 18.1.18. Maashiinoota workishooppii(Combination machine,compressor,pressing machine & others) | qar | | 5,992,712 | 5,992,712 | | | | | | | | | |
| | 18.2. Dhiheessii horataalee Dhaabbii | Lakk. | 38.0 | 138 | 43 | 22 | 26 | 8 | 14 | 8 | 11 | 3 | 3 | - |
| | 18.2.1. Bittaa warshaa muka baqaqsaa | lakk | 32.0 | 2 | 1 | | | | 1 | | | | | |
| | 18.2.2. Bittaa warshaa MDF | lakk | | 1 | | 1 | | | | | | | | |
| | 18.2.3. Bittaa warshaa komparsaatoo(ply wood) | lakk | 1.0 | 2 | | 1 | | | | | 1 | | | |
| | 18.2.4.Bittaa warshaa meeshaalee manaa fi waajjiraa (Modern furniture industry) | lakk | 5.0 | 1 | | 1 | | | | | | | | |
| | 18.2.5 Bittaa warshaa cuunfaa Maangoo fi Timaatimaa | lakk | | 1 | 1 | | | | | | | | | |
| | 18.2.6. Bittaa maashina Damma cuunfu (kan Kg 250 yeroo tokkotti cuunfuu danda'u) | lakk | | 7 | 3 | 3 | 1 | | | | | | | |
| | 18.2.7. Bittaa konkolaataa fe'umsaa | lakk | | 9 | 2 | | 1 | 2 | | 2 | | 2 | | |
| | 18.2.8. Bittaa konkolaataa dirree | lakk | | 33 | 10 | | 8 | | 6 | | 6 | | 3 | |
| | konkoolaataa sarviisii | Lakk. | | 3 | 2 | | | 1 | | | | | | |
| | Motor saayikiilii | Lakk. | | 22 | 10 | | 12 | | | | | | | |
| | 18.2.9. Bittaa maashinara 'harvestor' gudeelcha (medium) qopheessu | lakk | | 1 | 1 | | | | | | | | | |
| | 18.2.10. Bittaa Tiraaktaraa Forkliiftii waliin | lakk | | 3 | 2 | 1 | | | | | | | | |
| | 18.2.11.Edger | lakk | | 15 | 2 | 4 | 2 | 2 | 2 | 2 | 1 | - | - | - |
| | 18.2.12. Trimmer | lakk | | 17 | 3 | 5 | 2 | 2 | 2 | 2 | 1 | - | - | - |
| | 18.2.13. Transformer | lakk | | 6 | 2 | 2 | - | - | 2 | - | - | - | - | - |

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| | 18.2.14. Generetor | lakk | | 8 | 3 | 1 | - | 1 | 1 | 1 | 1 | - | - | - |
| | 18.2.15. Finger joint | lakk | | 1 | - | 1 | - | - | - | - | - | - | - | - |
| | 18.2.16. Sawdoctor(Sharpener) | lakk | | 1 | - | 1 | - | - | - | - | - | - | - | - |
| | 18.2.17. Bandsaw sharpener with welder | lakk | | 1 | - | 1 | - | - | - | - | - | - | - | - |
| | 18.2.18. Sawdust extractor | lakk | | 3 | - | - | - | - | - | 1 | 1 | 1 | - | - |
| | 18.2.19 Warshaa cuunfaa zayita baargamoo | lakk | | | 1 | | | | | | | | | |
| | 18.3. Bittaa Meeshaalee fi Tajaajila | qar | 28,234,452.0 | 919,813,541 | 54,499,981 | 57,224,981 | 60,086,230 | 63,090,541 | 66,245,068 | 69,557,322 | 73,035,188 | 76,686,947 | 80,521,294 | 84,547,359 |
| | Misooma fi Eegumsaa BB fooyyessuu | | | - | | | | | | | | | | |
| | 19.1.1. Bakkewwan eeggumsa Bineensa Bosonaa dabale | lakk | | 1 | 1 | | | | | | | | | |
| | 19.1.2. Uwwisa bakkewwan eeggumsa Bineensa Bosonaa dabale | km² | | 269 | 269 | | | | | | | | | |
| 19 | 19.1.3.Lakkoofsa Bineensa Bosonaa Ijoo lafa eegumsa keessatti dabaluu | lakk | 104,111.0 | 119,127 | 108,923 | 110,012 | 111,112 | 112,223 | 113,346 | 114,479 | 115,624 | 116,780 | 117,948 | 119,127 |
| | 19.1.4. Lafa Eegumsa Bineensa Bosonaa seeraan ala qabame ture hir`ate | % | 21.0 | 1 | 18 | 16 | 14 | 12 | 10 | 8 | 6 | 4 | 2 | 1 |
| | 19.1.5. Karoora Bulchiinsa Paarkii qophaayee hojirra oole | Dok | | 3 | | 1 | 1 | 1 | | | | | | |
| | 19.1.6. Ijaarsa bu'uraalee misooma bakkeewwan bineensa bosonaa dabale | qr. | | 76,000,000 | 4,610,565 | | 800,000 | | 4,000,000 | | 22,196,478 | 22,196,478 | 22,196,478 | |
| | I/fayyadama Bineensa Bosonaa Dabale | | | | | | | | | | | | | |
| 20 | 20.1. Lakk.BB lafa Adaamoo keessatti gaggeessuun kootaa murteessuu | bakka | 6.0 | 25 | 9 | 10 | 6 | 9 | 10 | 6 | 9 | 10 | 6 | 9 |
| | 20.2. Baayyina Bineensa bosonaa adamfamu | lakk | 90.0 | 4,085 | 233 | 256 | 282 | 313 | 350 | 396 | 452 | 519 | 597 | 687 |
| | Itti fayyadama Iko- Turizimii Guddisuu | | | - | | | | | | | | | | |
| 21 | 21.1. Bakka Ikoo turizimii dabaluu | lakk | | 5 | - | 2 | | 1 | | 2 | | | | |
| | 21.2. Baayy`ina daawwattootaa dabaluu | lakk | 7,351.0 | 260,885 | 10,050 | 12,060 | 14,472 | 17,366 | 20,840 | 25,008 | 30,009 | 36,011 | 43,213 | 51,856 |

| lak. | Kaayyoolee fi Safartulee | Safartuu | Ka`umsa raawwii bara 2012 | Mannii (2013-2022) | Mannii 2013-2022 | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | 2013 | 2014 | 2015 | 2016 | 2017 | 2018 | 2019 | 2020 | 2021 | 2022 |
| | 21.3. Bu'uura misoomaa fi 'facility' bakka Iko-turizimii dabaluu | qar | | 11,545,909 | 1,545,909 | 3,500,000 | | 2,500,000 | | 4,000,000 | | | | |
| IV | Kallattii Ijaarsa Dandeettii | | | | | | | | | | | | | |
| 21 | Humnaa fi gahuumsaa hoggantoota fi hojjatoota guddisuu | | | | | | | | | | | | | |
| | 21.1. Raawwii mana hojii dabale | % | | 96 | 85 | 88 | 90 | 93 | 96 | 96 | 96 | 96 | 96 | 96 |
| | 21.2. Baayyina humna namaa dabale | lakk | 168.0 | 2,614 | 165 | 224 | 299 | 292 | 295 | 289 | 286 | 287 | 280 | 197 |
| | 21.2.1. Qacarrii/jijjiirraa alaa gaggeeffameen | lakk | 109.0 | 1,367 | 81 | 99 | 177 | 162 | 160 | 164 | 158 | 154 | 150 | 62 |
| | 21.2.2. Guddina sadarkaa gaggeeffame | lakk | 59.0 | 1,247 | 84 | 125 | 122 | 130 | 135 | 125 | 128 | 133 | 130 | 135 |
| | 21.3 Leenjii humna namaa gosa adda addaa | lakk | 243.0 | 8,483 | 1,027 | 455 | 826 | 1,062 | 862 | 712 | 1,248 | 623 | 739 | 929 |
| | 21.3.1 Leenjii yeroo gabaabaa humna namaa gosa adda addaa | lakk | 243.0 | 8,449 | 1,027 | 453 | 823 | 1,060 | 857 | 708 | 1,242 | 619 | 736 | 924 |
| | 21.3.2 Leenjii yeroo Dheeraa humna namaa gosa adda addaa | lakk | | 34 | | 2 | 3 | 2 | 5 | 4 | 6 | 4 | 3 | 5 |
| 23 | Aadaa fi naannoo Hojii Fooyyesuu | | | | | | | | | | | | | |
| | 23.1. Ittiqufina hojjataa dabale | % | 88.0 | 95 | 87 | 93 | 94 | 95 | 95 | 95 | 95 | 95 | 95 | 95 |
| | 23.2. Gadi lakkisa hojjataa xiqqate | % | 1.4 | 1.3 | 1.4 | 1.4 | 1.4 | 1.4 | 1.4 | 1.4 | 1.4 | 1.3 | 1.3 | 1.3 |